# XIINXALA DHIHANNAAFI GA'UMSA GAAFFILEE SEERLUGAA QORMAATA AFAAN OROMOO KUTAA 12^FFAA^ XUMURA SEEMISTEERAA BARA 2012FI 2013: XIYYEEFANOO MANA BARUMSA SAD.2^FFAA^ SOKORRUU

**MAHADII MAHAMMAD**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GUUTTACHUUF QOPHAAHEE YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMAATTI DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIF DHIYAATE**

**SADAASA, 2022**

**JIMMA, ITOOPHIYAA**

**Yuunivarsitii Jimmaa**

**Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Humaanititti**

**Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu**

# Xiinxala Dhihannaafi Ga'umsa Gaaffilee Seerlugaa Qormaata Afaan Oromoo Kutaa 12ffaa Xumura Seemisteeraa Bara 2012fi 2013: Xiyyeefanoo Mana Barumsa Sad.2ffaa Sokorruu

**Qorataan: Mahadii Mahammad**

**Gorsaan: Tashoomaa Balaayinaa (Phd)**

**Gorsaa Gargaaraa: Biraanuu Damee (K/Phd)**

**Sadaasa, 2022**

**Jimma, Itoophiyaa**

## Yuunivarsitii Jimmaa

## Sagantaa Digirii Lammaffaa

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbaruu Barsiisuutiin ittiin guuttachuuf Mahadii Mahammad, Mataduree: **"Xiinxala Dhihannaafi Ga'umsa Gaaffilee Seerlugaa Qormaata Afaan Oromoo Kutaa 12^ffaa^ Xumura Seemisteeraa Bara 2012fi 2013: Xiyyeefanoo Mana Barumsa Sad.2^ffaa^ Sokorruu"** jedhurratti qophaa'ee adeemsa barbaachisu guutee dhiyaatedha.

Maqaa qorataa: Mahadii Mahammad Mallattoo______________Guyyaa____________

## Koree Qormaataa

Gorsaa: Tashoomaa Balaayinaa (PhD) Mallattoo______________Guyyaa _______________

Gorsaa gargaaraa: Biraanuu Damee (KPhd) Mallattoo______________ Guyyaa___________

Qoraa Keessaa: Cimdii Waaqumaa (Assist.Prof.) Mallattoo ________ Guyyaa ___________

Qoraa Alaa: ____________________Mallattoo_____________ Guyyaa ________________

________________________________________________________________________

Itti Gaafatamaa Muummee yookiin Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa

# IBSA

Ani qorataan maqaafi mallattoon kiyya armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii kiyya ta'uufi kanaan duras Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyaanne ta'uusaa, akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: Mahaadii Mahammad Muusaa

Mallattoo ____________________

Guyyaa______________________

# GALATA

Hunda dura hojii qorannoo kana na jalqabsiisee na xumursiisee Rabbii guddaa hundaa ol ta’e galanni haa ta’uuf jedha. Itti aansee hojii qorannoo kanaa keessatti jalqabbii naaf ta’anii, hanga xumura qorannichaatti nuffii tokko malee nawaliin ta’uun gorsa ogummaa kan naaf kennan gorsaa koo Tashoomaa Balaaynaa (Phd) fi gorsaa gargaaraa Biraanuu Damee (KPhd) galanni koo guddaadha.

Dabalataanis, haadhawarraa koo Aadde Layilaa Zinaab Abbaa Maccaa gochi isheen ganamaa hanga galgalaa nasooruufi najajjabeessuun hamlee koo cimsuuf gochi isheen taasiftu yeroo kamuu natti yaadatamu, kanaafuu, kabaja guddaa haa argattu.

Kana malees, DBMB Sokorruu Sadarkaa $2^{ffaa}$ kan ta’an Obbo Mangistuu Mokonin, Barsiisaa Murteessaa Bakir akkasumas, hiriyoota koo kanneen kallattii adda addaan fiixaan ba’insa hojii qorannoo kanaaf gumaacha yaadaa, maallaqaafi meeshaa (Laaptooppii) deeggarsa naaf taasisan hundaaf gama kanaan galata guddaa argadhaa jechuun barbaada.

Dhumarratti, hayyoota Oromoo guddina Afaan Oromootiif gumaacha adda addaa taasisaa jiran guddaa haagalatooman.Akkasumas, kanneen guddina Afaan kanaaf ga’ee isaanii ba’aa turanii lubbuun aarsaa ta’aan qooda guddaa waan qabaniif, seenaan isaan haayaadatun jedha.

# AXAREERAA

*Kaayyoon qorannoo kanaa xiinxala dhihannaafi ga'umsa gaaffilee seerlugaa qabiyyee qormaata xumuraa Afaan Oromoo kutaa 12ffaa barsiisotaan qophaa'anii bara barnootaa 2012fi 2013tti Mana barumsa Sokorruu sad.2ffaatti kennaman irratti xiyyeefata.Galma ga'iinsa kaayyichaatiif madda ragaa sad.tokkoffaafi madda ragaa sad.lammaffaati.KB, QBfi qormaannii mala iddatteessuu akkaayyoo, barsiisonnii immoo mala iddatteessuu argamteetti fayyadamuun filatamaniiru. Iddattoolee kanneen irraa ragaa walitti qabuuf ammoo Meeshaalee fuunaansa ragaa afgaaffiifi sakatta'a ragaa gargaaramuun ragaalee KB, QBfi qorumsa seem. 1ffaafi 2ffaa Afaan Oromoo kutaa 12ffaa kan yeroon qorannoo irratti xiyyeeffataman sakatta'uun ragaaleen walitti qabamaniiru. Qorannichis, gosa qorannoo makaa kan dhiyaate ta'ee, saxaxa ibsaan kan ibsameedha.Haalakanaan ragaawwan hammamtaa tooftaa istaatiksii fayyadamuun xinxalameera. Ragaalee sakatta'a KB, QBfi qorumsaawwan irraa argaman gara hammangeetti jijjiiruun hariiroo qorumsawwaniifi kitaaba barnootaa kutaa 12ffaa gidduu jiru mala koofsheentii sadarkaa walitti dhufeenyaa ispiirsmaaniidhaan fayyadamuun qaaccefamee firiin argame P = 0.541 yammuu ta'u, hangi firoominaa qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba barnootaa kutaa 12ffaafi gaaffilee seerlugaa qabiyyeewwan qormaata xiyyeefatamoo gidduu jiruu giddugaleessaa (Moderate) ta'uu isaa agarsiisa. Ibsi kunis, sadarkaa firoomina sirrii ta'een gadi akka ta'e hubachuun barbaachisaadha.Kun immoo qorumsawwan BAO kunniin sadarkaan ga'umsa qabiyyee isaanii giddugaleessa akka ta'e agarsiisa.Akkasumas, qorumsawwan kana keessatti qabiyyeewwan seerlugaa guutummaan guututti ta'uu baatuus harka caalaa kan ta'an hammatamuu isaanii mirkanaa'eera. Qormaata xumuraa BAO bara 2012 seem.1ffaafi 2ffaa keessatti qabiyyeewwan dhamjecha, hennaa, ciroo, walqabsiiftootafi Sirna tuqaalee Akkasumas, bara 2013 seem.1ffaafi 2ffaa keessatti immoo hennaa, ciroo, walqabsiiftootafi sirna tuqaalee qabyyeewwan qormaata keessatti akka hinhammatamne mirkanaa'eera.Qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataatiin qormaannii xiyyeefatamoon ciminna kan qaban yoo taa'an iyyuu hanqinoota baay'ee akka qaban bira gahameera. Argnnoon kunis, deebiin barsiisonnii qormaata qopheessan kennaniis kanuma kan cimsu akka ta'e ilaalameera.Dhumarrattis, hanqinoota gaaffilee qabiyyeewwan seerlugaa irratti mul'atan qormaata gara fuulduraa qopha'an irratti akka hinuumamneefi ofeeggannoo taasifamuu qaburratti yaannii ka'ameera.*

## IBSA GABAAJEWWANII

Gabaajeewwan armaan gaditti tarreeffaman kanneen qorannoo kana keessa bakka adda addaa galanii waan jiraniif, namoota qorannoo kan dubbisanii akka salphatti hubatanii itti faayyadamuu danda'an ni taasisa.

- AO-------------------------------------------------Afaan Oromoo
- BAO-----------------------------------------------Barnoota Afaan Oromoo
- DBMB---------------------------------------------Dura Bu'aa Mana Barumsaa
- FKN------------------------------------------------Fakkeenya
- IGW------------------------------------------------Itti Gaafatamaa Waajjiraa
- KB--------------------------------------------------Kitaaba Barataa
- KBAO---------------------------------------------Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo
- Lakk.----------------------------------------------Lakkoofsa
- MBAO---------------------------------------------Meeshaalee Barnoota Afaan Oromoo
- QB--------------------------------------------------Qajeelcha barsiisaa
- Sad.------------------------------------------------Sadarkaa
- Seem.---------------------------------------------Seemistera
- SBAO----------------------------------------------Silabasii Barnoota Afaan Oromoo
- WKF-----------------------------------------------Waa Kana Fakkaatan
- Ykn-------------------------------------------------Yookaan

# BAAFATA


MATADUREE FUULA

GALATA ... iii

AXAREERAA ... iv

IBSA GABAAJEWWANII ... v

BAAFATA ... vi

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ... 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ... 1

1.2. Ka’umsaQorannichaa ... 4

1.3. KaayyooQorannichaa ... 6

1.3.1. Kaayyoo Gooroo ... 6

1.3.2. Kaayyoo Gooree ... 6

1.4. FaayidaaQorannichaa ... 6

1.5. DaangaaQorannichaa ... 7

1.6. HanqinaQorannichaa ... 8

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ... 9

2.1. Maalummaa Qormaataa ... 9

2.2. Qormaata Afaanii ... 9

2.3. Kaayyoo Qormaata Afaanii ... 10

2.4. Qormaata Dandeettii Safaru ... 11

2.4.1. Hariiroo Qormaata Dandeettii Safarufi Meeshaa BAO Kutaa 12[ffa] ... 12

2.4.2. Akkaataa Qabiyyeewwan Qormaata Dandeettii Safaru Ittifilatamu ... 13

2.4.3. Tooftaa Dhihannaa Qormaata Dandeettii Safaru ... 13

2.5. Amaloota Qormaata Gaarii ... 14

2.5.1. Qabatamummaa ... 14

2.5.2. Dhugoomina ... 15

2.5.3. Mirkana’ummaa ... 15

2.5.4. Duubdeebii ... 16

2.5.5. Sirrummaa ... 16

2.5.5.1. Sirruummaa Qabiyyee ... 17

2.5.5.2. Sirummaa Ulaagaa ... 18

2.5.5.3. Sirruummaa Gama Qoramaa ... 18

2.6. Wantoota Sirrummaa Hir'isan ... 18

2.7. Maalummaa Seerluga ........ 19
2.7.1. Gosoota Seerlugaa ........ 20
2.7.2. Seerluga Maaliif Barsiifna? ........ 20
2.7.3. Seerluga Maaliif Qorra? ........ 21
2.7.4. Haala Dhihannaa Gaaffiilee Seerlugaa ........ 21
2.8. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii ........ 23
BOQONNAASADII: MALLEEN QORANNICHAA ........ 28
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 28
3.2. Irraawwatama Qorannichaa ........ 28
3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu Qorannichaa ........ 29
3.4. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaanaman ........ 29
3.4.1. Sakatta'a Dookumantii ........ 29
3.4.2. Afgaaffii Barsiisotaa ........ 30
3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 31
BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE ........ 33
4.1. Qaaccessa ragaalee sakatta'a dookimantii irraa argaman ........ 33
4.1.1. Qabiyyeewwan Seerlugaa Qormaata Keessatti Hammataman. ........ 33
4.1.2. Uwwisa Qabiyyeewwan Seerlugaa Qormaata xiyyeeffatamoo Keessatti. ........ 35
4.1.3. Hariiroo Qabiyyeewwan Qormaata Seerlugaafi Kitaaba BAO ........ 39
4.1.4. Qajeeltoowwan Dhihannaa Qormaataatiin Hanqinaafi Cimina Gaaffilee Seerlugaa ........ 54
4.1.4.1. Qajeeltoowwan Haala Dhihannaa Qormaataatiin Cimina Gaaffilee Seerlugaa ........ 54
4.2. Ragaalee Afgaaffiirraa Argaman ........ 66
4.3. Ibsa Bu'aawwanii ........ 69
BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA ........ 76
5.1. Gudunfaa ........ 76
5.2. Argannoo ........ 78
5.3. Yaada Furmaataa ........ 79
WABIILEE ........ 80
DABALEE-A ........ 85
DABALEE-B ........ 86
DABALEE-C ........ 90
DABALEE-D ........ 93
DABALEE-E ........ 96
DABALEE-F ........ 100

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Qormaannii seenaa barnoota Afaanii keessatti jabana dheeraadhaaf qaama adeemsa bruufi barsiisuu ta’ee kan tajaajilaa jiru yammuu ta’u, beekumsaafi dandeettii barataan tokko barnoota Afaanii irratti qabu, cimnaafi haanqina, fooyyaa’iinsa guyyuun agarsiisu madaaluun murtoo dabarsuufi tarkanfii fuulduraa fudhachuuf kan nudandeessisu ta’ee meeshaa odeefannoo ittiinguurrudha (Ur, 1996, Hughes, 1989).

Brown (2004:261) Madaalliin barnoota Afaanii yeroo ammaa kana tooftaa walquunnamtiin Afaan barsiisuufi qoruun fudhatama argachaa dhufuusaaniitiin dura sadarkaawwan guddina adda addaa sadi dabarfachuun of fooyyeessaa dhufuusaa niibsu. Sadarkaawwan kanneen keessaa innii jalqabaa saayinsawaa dura (PreScintific stage 1913-1945) kan kennamaa turedha.Akka Baker (1989:29) ibsuutti, tooftaa qormaata kanaa mala jijjiiraa seerlugaa wajjiin hariiroo akka qabu niibsa. Malli kun yeroo dheeraadhaaf kan tajaajilaa tureefi hanga waraana adduniyaa lamaffatti bal'inaan tooftaa hojiirra oolaa turedha. Tooftaan kun barsiisotaan kan qophaa'u ta'ee tooftaawwan qormaata ittiqoran adda addaa kan fayyadamu miti. Haalli dhihannaa qormaataa barreeffamaan kan deebifaman sirrummaafi amanamummaa kan hinqabne, fedhii dhuunfaa barsiisotaa waliin bal'inaan kan walaqabatiinsa qabuufi biyyoonnii garaagaraa kaayyoo adda ta'eef ofiisaaniitiif kan ittifayyadamaa turanidha. Kaayyoofi galmii ijoon qormaata kanaa dandeettiiwwan barreessuufi jijjiirraa irratti kan xiyyeeffatudha.Yeroo sanatti akkaataa barreessuudhaan deebisuu karaa ittidanda'amu akka hojiirra oolu taasisuuf ture.

Tooftaan qormaata Afaanii sadarkaa lammaffaarratti dhufe, mala qormaata Afaanii xiinsammuu caaseessitootaa (Psychometric Language Testing 1945-1960) kan jedhamudha. Akka hayyuun Spolsky (1978; f.23) ibsuutti, naannoo baroota 1945-1960 keessatti fudhatama olaanaa kan argataa ture tooftaa qormaata Afaanii xiinsammuu caaseessitootaa akka ta'e niibsa. Malli kun caacculee Afaanii adda addaan baasuun kan qoru yammuu ta'u, tooftaa kanarraa malleen qormaata cufaafi amanamaa ta'an maddaniiru.Kana jechuun, gaaffiilee qabiyyeewwan gooree qaban haala dhihannaa gaaffiilee filannootiin dhiyaataa turan.Bara kana keessatti ogeessonni qormaataafi xinsammuu ittigaafatamummaa olaanaa qabu. Kanarraa kan ka'e barri kun yeroo jalqabaatiif qormaannii Afaanii tooftaa saayinsaawwaa ta'e

kan hordofuu jalqabeefi haallii qophiin qormaata Afaanii barsiisaarraa gara ogeessota Afaaniifi xiinsammuu leenjii fudhataniitti yeroo itticeehe ture.

Tooftaan qormaata Afaanii innii sadafaan immoo malleen qindaawaa xinqooqa hawaasummaa (Integrate Language Testing 1975-1984) sadarkaa jiru ilaallata.Akka hayyuun Oller (1979:37) ibsuutti, tooftaan qindaawaa qormaata Afaanii xiinsammuu, xiinqooqaa, xiinqooqa hawaasummaa jedhamuudhaan beekamu.Dhimmoota walxaxoo afaan keessa jiran baraataan hangam takka akka beeke hubachuuf haaladandeessisuun qormaatichaan madaalama. Malleen Afaan qoruu sadan armaan oliirratti ibsamaniin booda mallii Afaan qoruu fudhatama olaanaa argachaa kan dhufe tooftaa qorumsa walquunnamtiidha. Tooftaan kun malleen walquunnamtiin Afaan barsiisuu waliin walqabatee guddachaa kan dhufedha. Shoorrii xiinsammuu, xiinqooqaa, xiinqooqa hawaasummaa adeemsa qophii qormaata qabatamaa xiyyeeffannoo argachaa kan dhufan yeroo kanattidha.

Baker (1989, 3) akka ibsuutti, adeemsa baruufi barsiisuu keessatti madaalliin dhimma murteessaafi ittifufiinsa kan qabu ta’ee, sirna barnootaan kan hogganamuufi kaayyoo barnootaa irratti hundaa’uun barattoonnii maal baratan? maal hinbaranne?Maal beekan?Maal hinbeekne? Jechuun kan gaafatuufi kanuma kan mirkaneessudha.

Qormaanni Afaanii barattoonnii dandeettiiwwan Afaanii gurguddoo (dandeettii dhaggeefachuu, dubachuu, dubbisuufi barreessuu)fi xixiqqoo (seerlugaa, jechootaafi ogbarruu) akkasumas, dandeettiiwwan ittifayyadama Afaanii madaaluuf tooftaa dandeessisudha. Kanaafuu bakka adeemsa baruufi barsiisuu jiru keessatti qormaannii dhimma ijoo akka ta'e niibsama. Barsiisonnii dandeettiifi ga’umsa barattoota isaanii kan ittiinmadaalan, qabiyyeewwan barnootaa barattoota bira hangam akka gahe kan ittiin mirkaneessan, bu'aa qabeessummaa barnootichaa kan ittiinmadaalaniifi sakatta'anidha.

Qormaata seerlugaa ilaalchisee Heaton (1975) akka ibsuutti, qormaannii seerlugaa barattoonni dandeettii haala ittifayyadama Afaanii seera isaa eeggateen ittifayyadamuu isaanii kan ittiin sakattaanudha. Akkasumas, gahumsa barattoonnii unkaafi caasaa afaanii seeluga sirrii qabu isa sirrii hintaanerraa dandeettii adda baafachuu isaanii kan ittiin madaalludha.

Akkasumas, qormaannii seerlugaa madaallii Afaanii keessatti iddoo olaanaa qaba. Kunis, barattoonnii Afaan sanaan yammuu dubbatanis ta'ee barreessan seera Afaanichaa eeganii

ittifayyadamuu isaanii mirkaneessuuf qormaata seerlugaa qoruun dirqama ta'a. Kanafuu, haala itti fayyadma Afaanii beekuuf barattoota qoruu kan qabnu hiika osoo hinta'iin sirnaafi haala galumsaa ykn ittifayyadama afaaniiti (Kitao and Kitao, 1996).

Qormaata seerlugaa ilaalchisee hayyuun Palmer (1984:87) akka ibsuutti, barnoota Afanii keessatti qormaannii qabiyyeewwan seerlugaa yammuu qopha'an qormaaticha keessatti ijaramnii jechaa, gaaleewwaniifi himootaa akkasumas, haallii galumsaafi hiikaa adeemsa bu'a qabeessummaa kan hordofan ta'uu qabu. Galmi barnoota seerlugaa kunis, dandeettii ijaarsa afaan kaayyeeffame sana kan goonfate gochuu, barttoonnii Afaan sanarraa danddeettii fooyya'aa akka qabaataniifi beekumsa horatan sanaan akka waliigaluu danda'aan kan taasisan ta'uu qabu.

Gama biraatiin immoo qormaannii Afaanii yammuu qopha'an sirrummaafi dhugoomina kan goonfatan gochuun barbaachisaadha. Yaada kana ilaalchisee akka hayyuun Henning (1987:80) ibsuutti, qormaannii tokko sirrummaa kan qabaatu waan madaaluudhaaf karoorfame sana yoo madaaluu danda'edha. Sirrummaa qormaataa yammuu jedhamu, qormaatichii adeemsa qophii qormaataa sirnaawaa ta'e hordofuun barattoota biraan gahee bu'aa barbaachisaa ta'e akka galmeessisan gochuu kan ilaallatudha. Qormaata Afaanii kan qopheessinu dandeettiiwwan Afaanii gurguddoofi xixiqqoo ittiin madaaluufi sakatta'uudhaaf, sirrummaa qormaata tokkoo mirkaneessuudhaaf barnoota Afanii keessatti dursa haala ittifayyadama Afaanii sirrii ta'eefi kaayyoo barnootichaa murteessuu.Ittiaansuudhaan qormaatichii dandeettiifi beekumsa akka gaafatu sakatta'uu. Xumura irratti qormaatichii walittidhufeenya kaayyoowwanifi qabiyyeewwan barnootichaa gidduu jiru sakatta'uun barbaachisaadha.

Walumaagalatti qormaata Afaanii keessatti gaaffiileen qabiyyeewwan seerlugaa hammataman dandeettiifi beekumsa barattoonnii seerluga irratti qaban madaaluufi odeeffannoowwan barbaachisaa ta'an sassaabuuf gargaaru.Kanaafuu, gaaffileen seerlugaa qormata kana keessatti hammatamanii jiran hanga barbaadamuun dandeettii barattoonnii seerlugarratti qaban madaaluufi madaaluu dhabuusaanii akkasumas, meeshaa madaallii ga'umsa qabu ta'uufi dhiisuusaanii mirkaneessuuf qormaata Afaanii irratti qorannoowwan adda addaa gaggeessuun barbaachisaadha. Xiyyeefannaan qorannoo kanaas, akka Naannoo Oromiyyaa Godina Jimmaa Aanaa Sokorruu Mana barumsa Sokorruu sadarkaa 2$^{ffaa}$tti, qormaata xumura seemisteraa BAO kutaa 12$^{ffaa}$ bara 2012fi 2013tti barsiisotaan qophaa'anii

kennamaa turan keessatti haala dhihannaafi ga’umsa gaaffilee seerlugaa maal akka fakkaatan xiinxalameera.

## 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Sababoota qorataa mata duree kana irratti qorannoo akka gaggeessu isa kakaasan sadii yammuu ta’an, Inni jalqabaa, Kaayyoon qormaata barnoota Afaanii keessaa inni ijjoon barattoonii beekumsa barnoota Afaanii qaban sakatta’uu, madaaluudhaan odeefannoowwan barbaachisaa ta’anfi murtiiwwan tokkorra akka geenyu kan nutaasianidha. Waankanata’eef qormaanni tokko kaayyoo yaadame akka galmaan gahaniif gaaffileen qormaata keessatti hammataman ofeegannoon kan qophaa’uu qabaniifi ga’umsii isaanii yeroo yeroon sakatta’amuu waan qabuuf qorataaniis mataduree kanarratti akka xiyyeefatu isa kakaaseera.

Sababiin lammaffaan, qorataan adeemsa muuxannoo hojii barsiisummaa keessatti qormaata xumuraa BAO kutaa 12[ffaa] yeroo adda addaatti kennamaa turan keessatti qabiiyyeewwan seerlugaa tokko tokkoo qormaatacha keessatti hammatamuu dhabuu isaanii waan taajjaberraa ka’uun akkasumas, qorannoowwan kanaan dura hojjataman ka’umsa godhachuudhaani. Kunis, (Muluu: 2009, Siyyum: 2012) sakatta’a dhihannaafi ga’umsa gaaffiilee seerlugaa qabiyyeewwan qormaata keessaatti maal akka fakkaatan sakatta’a gaggeessaniin qabiyyeewwan seerlugaa kallattii afuriin (Kallattii xiinsagaatiin, xiinlatiitiin, xiinhiika, xiinhima) qoofa irratti xiyyeefatanii ilaaluun qabiyyeewwan kaan kana keesatti baqsanii dhiheessuun bakka bu'iinsa isaan qaban agarsiisaniiru.

Haata'umlee, qabiyyeewwan seerlugaa kanneen kallattii afur qofaan walitti baqsanii qormaata madaluun dimshaasha ykn gooroo waanta'eef tokkoon tokkoo qabiyyeewwan seerlugaa xixiqaa (gooree) ta'an sadarkaa irra jiran haala ifa ta'een kan agarsiisu miti. Kana jechuun akka ibsa yaada hayyoota armaan gadiitiin yoo ta'e qabiyyeewwan seerlugaa bakka afuritti ykn shaniitti qoodanii ilaaluun sirrummaa hinqabaatu. Addunyaa (2010:24) hayyuu O’Grady (1996) wabeeffachuun yammuu ibsu, “Caaslugni seera caasaa Afaan tokkoo (Caasaa dhamsagaa, birsagaa, jechaa, gaalee, himaafi kkf) kan to’atuudha” jedha.Haaluma walfakkaatuun Baayyee (1987) Seerlugnii saayinsii sirna Afaan tokkoo sadarkaa sagaleetii kaasee hanga ijaarsa gaaleetti jiran kan agarsiisuudha. Kanaafuu yaadrimeen seerluga jedhu kan ibsu, Afaan tokko keessatti qindaa'ina sagaleelee, jechootaafi gaaleewwan jiran kan ilaallatudha. Sirni kun immoo dubbatoonnii afaan sanaa kan beekaniifi adeemsa ittifayyadama keessatti sirrii ykn dogoggora jechuuf kan isaan dandeessisudha.Dabalataaniis,

Ur (1996:176-177) maalummaa seerlugaa yammuu ibsu, seerlugnii haala waliigalaan seera Afaan tokkoo jechuunis, qindaa’ina sagaleelee, birsagaa, jechootaa, ijaarsaafi qindaa’ina himootaa yaadrimee jedhu ofkeessaa qaba.

Bu’uuruma kanaan qorattoonnii armaan olii qabiyyeewwan seerlugaa haala dimshaasha ta’een kallattii afuriin xiinxalanii jiru. Qorannoon kun immoo qaawwa kana duuchuuf yaada hayyootaa bu’uureefachuun qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba barnoota keessa jiran mara addaan baasanii agarsiisuun gaaffilee seerlugaa qormaata xumuraa BAO kutaa $12^{ffaa}$ keessaatti hammatamaniifi hinhaammatamne adda baasuun agarsiisuu.Akkasumas, qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataa eeganii qophaa’uufi dhiisuu isaanii, walsimannaa qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba barnootaa waliin qaban adda baasuun kallattii furmaata eeruufi uwwisnii kennameef ifatti beekamuunsaanii barbaachisaadha jadhee waanamanuuf mataduree kana irratti akkan xiyyeeffadhu nakakaasee jira.

Sababiin innii sadaffaan immoo qorannoowwan kanaan dura mata duree kanaan kallattiin walfakkaatu hojiirra oole amman sakattaatetti hinargine. Haata’umalee, guutumaan guutuutti hinjiru jechuu miti. Qorannoo kaan irraa qorannoo kana kan adda godhu, Qabiyyeewwan qormaata Afan Oromoo Kutaa $12^{ffaa}$ bara 2012fi 2013tti barsiisotaan qopha’anii kennaman keessatti haala dhihannaafi ga'umsa gaaffiilee seerlugaa irratti xiyyeeffachuu isaati. Akkasumas, mataduree kana irratti xiyyeeffachuun qornnoofi qo'annoo gaggeessuun ciminaafi hanqina akkamii akka qaban beekuun faayidaan isaa olaanaa akka ta'e hubachuun gaaffiilee seerlugaa iddatteeffaman haallii dhihannaafi ga'umsa isaanii maal akka fakkaatan skatta'uuf kaka'eera.

Walumaagalatti qorannoon kun haala dhihannaafi ga’umsa gaaffiilee seerlugaa qabiyyee qormaata BAO barsiisotaan qopha’eefi kutaa $12^{ffaa}$ irratti gaggeefame, Kitaaba barnoota kutaa $12^{ffaa}$ irratti xiyyeefachuun Mana barumsa sad. $2^{ffaa}$ Sokorruuttii kan adeemsifamedha. Haaluma kanaan qorannoon kun gaaffilee kanaa gadiitti dhiyaataniif deebii barbaaduudha.

1. Qormaata xumuraa BAO kutaa $12^{ffaa}$ bara 2012fi 2013 barsiisotaan qophaa'anii Mana barumsa Sokorruu sad.$2^{ffaa}$tti kennamaa turan keessatti qabiyyeewwan seerlugaa maal maal fa'atu hammatamanii jiru?
2. Qormaata xumuraa BAO kutaa $12^{ffaa}$ bara 2012fi 2013 barsiisotaan qophaa'anii Mana barumsa Sokorruu sad.$2^{ffaa}$tti kennamaa turan keessatti qabiyyeewwan seerlugaaf uwwisnii kenname hammam ta'a?

3. Qabiyyeewwan seerlugaa qormaata xumuraa BAO kutaa $12^{\text{ffaa}}$ barsiisotaan bara 2012fi 2013tti qopha’anii kennamaa turan hariiroon isaan qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti hammataman waliin qaban maal fakkaata?
4. Qormaata xumuraa BAO kutaa $12^{\text{ffaa}}$ bara 2012fi 2013 barsiisotaan qophaa'anii Mana barumsa Sokorruu sad.$2^{\text{ffaa}}$tti kennamaa turan keessatti gaaffiileen seerlugaa hammataman qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataatiin ciminaafi hanqina akkamiitu irraa mula'ata?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoo tokko kaayyoo irratti xiyyeeffatee gaggeeffamu qaba.Qorannoon kun kaayyoo gooroofi gooree kanaa gadii irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffamedha.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Xiinxala dhihannaafi ga’umsa gaaffilee seerlugaa qormaata xumuraa seemisteera $1^{\text{ffaa}}$fi $2^{\text{ffaa}}$ BAO kutaa $12^{\text{ffaa}}$ barsiisota Mana barumsa Sokorruu sad.$2^{\text{ffaa}}$tiin qopha’anii bara 2012fi 2013tti kennamaa turan madaaluu.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa:

1. Qormaata xumura seem.$1^{\text{ffaa}}$fi $2^{\text{ffaa}}$ BAO kutaa $12^{\text{ffaa}}$ barsiisotaan bara 2012fi 2013tti qophaa'anii kennamaa turan keessatti qabiyyeewwan seerlugaa maal maal fa'a akka hammataman adda baasuu.
2. Qormaata xumura seem.$1^{\text{ffaa}}$fi $2^{\text{ffaa}}$ BAO kutaa $12^{\text{ffaa}}$ barsiisotaan bara 2012fi 2013tti qophaa'anii kennaman keessatti qabiyyeewwan seerlugaaf uwwisa kenname madaluu.
3. Hariiroo qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa BAO kutaa $12^{\text{ffaa}}$fi gaaffilee seerlugaa qormaata xumura seem.$1^{\text{ffaa}}$fi $2^{\text{ffaa}}$ BAO kutaa $12^{\text{ffaa}}$ barsiisotaan bara 2012fi 2013tti qophaa'anii kennamaa turan gidduu jiru adda baasuu.
4. Qormaata xumuraa BAO kutaa $12^{\text{ffaa}}$ bara 2012fi 2013 barsiisotaan qophaa'anii Mana barumsa Sokorruu sad.$2^{\text{ffaa}}$tti kennaman keessatti gaaffiileen seerlugaa dhiyaatan qajeeltoowwan dhihannaa qormaataatiin ciminaafi hanqina isaaniirraa mul’atan ibsuu.

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun faayidawwaa armaan gadii niqabaata jedhamee yaadama. Isaanis:

- Qopheessitoota Qormaataaf: Qormaata Afaanii keessaa qabiyyewwan seerlugaa yammuu filatan tooftaa ittifilataniifi qabiyyeewwan hammatamuu qaban akeekuun, ofeegannoo dursaa akka taasisan kallattii niagarsiisa.
- Barsiisotaaf: Bu'aawwan qorannoo gaggeeffame kana ilaaluun mala baruufi barsiisuu, meeshaalee deeggarsa barnoota ittigargaarman, tooftaalee gaaffilee qormaataa ittiqopheessan ilaaluun hojii isaanii gara fulduraa akka madaalan; sakatta'an nitaasisa.
- Qorattootaaf: Qorattoota gara fulduraatti dhimmoota mat-duree kanaan walqabatan gaggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti kan xurree saaquufi akka qajeelchaattillee kan fayyadu jedhamee ilaalamuu nidanda'a.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Akkuma beekamu qormaannii xumuraa BAO kutaa 12ffaa barsiisotaan qophaa'ee kennama.Haaluma kanaan qornnoowwan sirrummaa qabiyyee, dhugoomina, qabatamummaa, amanamummaa qabiyyeewwan qormaataafi kkf irratti qorannoon osoo yeroo yeroon gaggeefame faayidaan isaa olaanaa akka ta'e kan haalamumiti. Haata'u malee, qoratichii hanqina humnaa, baajataafi yeroo qaburraan kan ka'e qabiyyeewwan hunda ilaaluun rakkisaa waanta'uuf qorannichii iddoo tokko irratti akka daangeefamu ta'eera.Bu'uuruma kanaan xiyyeefannoon qorannoo kanaa bara 2012fi 2013 akka Naannoo Oromiyaa Godina Jimmaa Aanaa Sokorruu Mana Barumsa Sokorruu sad. 2ffaatti qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa baarsiisotaan qopha'ee kennamerratti yammuu ta'u, qajeeltoowwan haal dhihannaa qormaataa irratti hundaa'uun dhihannaafi ga'umsa gaaffilee qabiiyyeewwan qormaata dhiyaate keessaa seerluga qofarratti kan xiyyeeffatedha.

Sababoonni qabiyyeewwan seerlugaa qoftii filatameef qabiyyee dandeettiiwwan Afaanii hunda qorannocha keessatti akka hammatamu gochuun qorannochii akka baay'ee bal'atuufi keessaa bahuun rakkisaa taasisuu isaarra darbee waannuffisiisaa ta'eefidha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun sirrummaafi amanamummaa akka qabaatuuf carraaqqiin barbaachisaa ta’e taasifameera.Haaluma kanaan odeeffanoo barbaachisaa deebii gaaffilee qorannochaatiif ta’an maddoota ragaa garaagaraa irraa sakatta’uunfi tooftaalee ragaan ittisassaabaman qopheessuufi filachuu.Akkaasumas, meeshaaalee ragaan ittisassaabuuf qopha’an ogeessotaafi gorsaan madaalchisuu.Malleen ragaaleen ittiinxiinxalaman filachuu, gaaffiilee bu'uuraa qorannochaarratti hundaa'uun xinxalaafi ibsa gahaa gochuun, guduunfaa, argannoofi yaada furmaataa dhiheessuun danda'ameera.

Haata'umalee qorannochii hanqinoota garaa garaa irraa bilisa jechuun hindanda'amu. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti gaaffilee qabiyeewwan seerlugaa qormaata BAO kutaa 12[ffaa] bara xiyyeefatamoo keessatti dhiyaatan xiqaachuu isaaniirraa kan ka’e kallattii garaa garaatiin xiinxalanii ibsa gahaa ta’e kennuurratti qaawwatu mul’ata.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

## 2.1. Maalummaa Qormaataa

Qormaannii dhimma waantokko irratti namoota beekumsaaf dandeettii qaban sakatta’uuf akkasumas, fedhiifi ilaalcha isaanii beekuuf kan gargaarudha. Kanaafuu, qormaata jechuun gaaffilee muraasa qopheessuun beekumsaa, dandeettiifi jijjiirama yaad-qalbii barattoonni agarsiisan ilaalchisee odeefannoo argachuuf meeshaa nudandeessisudha (Bachmaan, 1990).Haaluma walfakkaatuun hayyuun Harrison (1983) gama isaatiin akka ibsuutti, gochoota gurguddoon adeemsa baruu barsiisuu keessatti raawataman keessaa qormaannii isa tokko yammuu ta’u ittifufiinsa kan qabuufi murtoowwan adda addaa fudhachuuf kan nugargaaran ragaawwan adda addaa argachuuf meeshaa nudandeessisu waan ta’eef adeemsa baruu barsiisuu irraa adda baasanii ilaaluun akka hindanda’amnee niibsa.

Hayyuun Alderson (1995) akka ibsuutti, qormaannii akkaataa kaayyoo ittikennamuunfi gosa odeefannoo barbaadamuun garaagarummaa qabu.Akka fakkeenyaati sagantaa barnoota idileerratti qormaannii kennamu qormaata sagantaa barnoota idileen alaatti kennamuun irraa gahee olaanaa fudhatu.Sababiin isaas qormaannii gaheen isaan milkaa’ina qulqullina barnootaaf qaban olaanaa waanta’eef adeemsa baruufi barsiisuurraa adda bahanii kan hinilaalamnedha. Qormaannii adeemsa baruu brsiisuu gidduu keessattiifi dhuma barnootaarratti irra daddeebi’amuun kan kennamaniidha. Qormaata barnoota idileen alatti kennaman yammuu ilaallu ittifufiinsa kan hinqabneefi altokkoon ol irra deebi’amuun kan hinkennamnedha. Fakkeenyaaf: waajjiraalee adda addaa keessattii hojjattoota waldorgomsiisanii qacaruuf qormaanni kennamu kaayyoo barbaadamuuf erga kennamanii booda irra deebi’amuun hinkennaman.

Walumaagalatti qormaannii namni tokko beekumsaafi dandeetti qabu mirkaneeffachuuf akkasumas, ragaa argachuuf meeshaa dandeessisu ta’ee; gosaafi sadarkaa kenniinsa isaaniitiin garaagarumma kan qaban yoo ta’an iyyuu sagantaa barnoota idileetiinis ta’ee idileen alaatti hojiirra kan oolaniifi murtoo tokko dabarsuuf akka madda ragaatti kan tajaajilaniidha.

## 2.2. Qormaata Afaanii

Hayyuun Baker (1989:106) waa’ee qormaata Afaanii akka ibsuutti, qormaannii Afaanii mala baruufi barsiisuu keessaa tokko ta'e, barattoonnii barnoota barataniin gahumsii isaanii kan

ittiinmadaalamu, ciminaafi hanqina isaanii kan ittiinsakatta'amudha. Kanaafuu, qormaannii brnoota Afaanii keessatti furtuudha.Barsiisoonnis ta'ee ogeessoonnii barnootaa akkasumas, qaamoonnii dhimmi kun ilaalu martuu dhimma barnootaa ilaalchisee odeeffannoowwan kan argatan qabxiiwwan barattoonnii galmeessisan irraa ka'uudhaani. Kanaafuu adeemsa baruufi barsiisuu cinaatti qormaata Afaanii qoruun barbaachisaadha.Haaluma walfakkaatuun hayyuun kun yaada isaa ittifufuun akka ibsuutti, qormaannii Afaanii amala dhuunfaa barataa, dandeettii, beekumsafi kkf karaa ittiadda baasaniidha.Akkasumas, yaadaafi ilaalcha barattoota lama gidduu jiru walbira qabuunifi waldorgomsiisuun dursnii eeruuf tooftaa dandeessisudha.

Meharens, W. A.and Lehman, I .J. (1974:3) Qormaannii Afaanii qabiyyeewwan kitaaba barnootaa wajjiin walqabataniifi ittifuufiinsa qaban barattootaa dhiheessuun barattoonnii gaaffiilee dhiyaataniif deebii isaan kennan irraa ka'uun haala waliigalaa amala barattootaafi kitaaba barnootaa madaaluuf meeshaa dandeessisudha.Akkasumas, hayyuun Wair (2001:6) akka ibsuutti, adeemsa baruufi barsiisuu Afaanii keessatti qormaannii murtiiwwan adda addaa baarattoota barnoota Afaaniirratti dabarsuufi ragaawwan dandeettii Afaanii wajjin walqabatan argchuuf tooftaa dandeessisudha. Kanaafuu, qormaannii meeshaa dandeettiiwwan Afaanii barattoonnii qaban sakatta'uun, ciminaafi hanqina jiran beekuuf kan dandeessisudha. Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu qormaannii Afaanii jijjirama amalaafi beekuumsa dhawaataan barattoota irratti mul'atan tooftaa ittiin madaalludha.

Walumaagalatti qormaannii Afaanii ciminaafi hanqina mala baruubarsiisuu, akkaataa ittifayyadama meeshaalee deeggarsa barnootaafi gochoota adeemsa baruubarsiisuu keessatti raawwataman kan ittiin madaalan ta'uu qabu. Dabalataaniis, gara fuulduraatti maaltu hojjatamuufi fooyyaa'uu akka qabu kallattii kan agarsiisan ta'anii argamuu qabu.

## 2.3. Kaayyoo Qormaata Afaanii

Kaayyoon qormaata Afaanii akkuma gosoota qorumsichaa adda adda ta’uu nidanda’a. Akka Madson (1983:7) ibsuutti, kaayyoon qormaata Afaanii akkaataa gosa qoramtootaatiin garaagarummaa qabu. Qormannii tokko kan qophaa'uuf kaayyoowwan adda addaa akka milkeessan yaadamee yammuu ta'u, gosaafi tooftaan dhihannaa isaanii kan walfakkaatu ta’uu hindanda'an. Akkasumas, tokkoon tokkoo gosoota qormaataa kaayyoo mataasanii qabu. Fakkeenyaaf: Qorumsi sadarkaa agarsiisuu barataa tokko sadarkaa kutaa isaatiin ramaduuf gargaarudha. Qorumsi sakatta’a rakkoo hanqinaafi cimina jiru adda baasuun fooyya'iinsa

barbaachisu taasisuu, onnachiisuufi deeggaruun kaayyoo gosa qormaata kanaati. Kaayyoon qormaata dandeettii safaruu immoo brattoonnii qabiyyeewwan barnoota Afaanii hangam akka hubatan kan agarsiisudha. Baratаan tokko dandeettii Afaanii isa kam irratti dandeettii gaarii akka horate, beekkumsa maalii akka argate adda baafachuuf kan hojiirra ooludha. Akkasumas, qorumsi gahumsaa qormaata waliigalaa jedhamuun beekama. Qorumsa ga'umsaa ilaalchisee Harrison (1983) yommuu ibsu, kaayyoon qorumsa ga'umsa safaruu dandeettii barataan waanbarate tokko hojiirra oolchuu danda'uu isaa madaaluudha.Akkasumas, barattoonnii gahumsa waliigala hojii tokkorratti bobbaasuuf kan isaan dandeessisu ta'uufi dhiisuu isaa kan agarsiisudha.

Bachman (1990:45), Hughes, A (1989: 6) akka ibsanitti, kaayyoon qormaata afaanii barattoonnii foyyaa'insa barnoota Afaniirratti agarsiisaaran madaaluu, dandeettiiwwan afaanii isa kam irratti dadhabina akka qaban agarsiisuu, dameewwan barnootaa isa kam irratti fooyyaa'iinsa akka barbaadu eeruu, barattoonnii daran akka hojjatan kakaasuu, agarsiisuudha. Akkasumas, bu'aa qabeessuummaa haala dhihannaa barnootaa barsiisonnii dhiheessan firiiwwan barattootaarratti hundaa'uun madaaluun akka ta'e, barruu isaanii keessatti ibsaniiru.

Dabalataaniis, barnoota Afaanii keessatti qormannii dandeettiifi jijjiirama barattoonnii agarsiisan, qabxiilee hubatamuu dadhaban adda baasuuf, jajjabeessuuf, iddoo barbaachisaa ta'etti ramaduufi ga'umsa isaanii beekuuf akka geggeeffamu lafa kaa'u. Kana jechuun kaayyoon ijoo qormaannii Afaanii kennamuuf waa'ee barattootaa odeeffannoowwan waliigalaa ta'an argachuuf akka ta'e beekuun barbaachisaadha.

## 2.4. Qormaata Dandeettii Safaru

Qormaannii daandeettii safaru qorannoo kana keessatti gosa qormaataa bal'inaan ilaalaman yammuu ta'u, maalummaa isaa yaada hayyootaatiin deeggaruun akka armaan gadiitti ibsuuf yaalameera.

Sisaay (2007) Heaton (1975:153) wabefachuun akka ibseetti, qormaannii dandeettii safaru kan jedhamu manneeen barnootaa xumura waggaarratti jechuuniis qabiiyyeewwan barnootaa erga xumuramee booda qormaata barattootaaf qophaa'udha. Akkasumas, sagantaan barnootaa xumuramuusaa hordofuun qormaata biyyooleessaa, moodeelaafi xumura seemsteeraafi waggaatti kennaman gosa qormaata dandeettii safaran keessaatti ramadamu. Hughes (1989:10) akka ibsuutti, qormaannii dandeettii safaru kaayyoofi qabiyyeewwan barnoota Afaanii irratti hundaa'uun barattoonnii qabiyyeewwan barnoota dhiyaateef hangam

hubataniiru kan jedhuf kaayyoo madaaluu kan qabu gosa qormaataa keessaa isa tokkodha. Kanumaan walqabatee, qormaannii sadarkaa safaru kaayyoowwan gooree barnooticha keessatti karoorfaman tokkoon tokkoo barattoota biratti hangam hojiirra ooleera kan jedhu mirkaneessuudha.Qormaannii dandeettii safaru qoramaan yeroo murtaa'ef barnoota barteen booda kan dhiyaatudha.Haalumakanaan barataan dhuma barnoota booda gahumsa agarsiise nimadaalama.

Dabalataanis, Dubin, F. (1986) waa’ee qormaata dandeettii safaru yammuu ibsu, qormaanni dandeettii safaru dhimmoota gurguddoo sadi qabaachuu qabu. Isaaniis, Mallii qormaatichaa haala dhiheenya baruubarsiisuu kan calaqisiisuu ta’uu qaba. Qormaannii dhiyaate qabiyyeewwan barnootichaa kan cimsu ta'uu qaba.Qormaatichii yammuu qophaa'u barattoonnii sagantaa barnoota baratan irratti xiyyeeffachuu qaba.

Kanaafuu, yaada hayyootaa armaan oliitti ibsame bu'uura taasifachuun xiyyeeffannoo qorannoo kanaa qormaata dandeettii safaru keessaa tokko kan ta'e qormaata xumuraa irratti kan xiyyeeffatudha. Qormaannii kun bu'aa qabeessummaa barnootichaa kan madaalu ta'uu ykn ta'uu dhabuusaa, qabiyyeewwan daree barnoota keessatti dhiyaatan kan bakka bu'an ta'uufi ta'uu dhabuusaanii, gaaffiileen qormaata xiyyeeffatamoo keessatti hammataman seerluga sirrii ta'e kan hordofaniifi dogoggora seerlugaarraa bilisa ta'uufi ta'uu dhabuusaanii xiinxala gaggeeffamedha.

### 2.4.1. Hariiroo Qormaata Dandeettii Safarufi Meeshaa BAO Kutaa 12ffa

Madson (1983:36-37) akka ibsuutti, qormaannii xumuraa meeshaalee barnootaa bu'uura taaasifachuun yammuu qophaa'an bakka bu'ummaan (Representative Sampling) isaanii akka mul'atuuf qabiyyeewwan kitaaba barnootaa keessatti facaatii qaban sakatta'uun barbaachisaadha.Qormaannii xumuraa gochoota yeroo dheeraaf daree barnoota keessatti raawwatamaniin kan ibsaman waan ta'aniif kitaaba barnootaa kan calaqisiisan ta'uu qabu.Kanaafuu, dhimmoota kanneen hojiirra oolchuuf wixinee kaayyoofi qabiiyyeewwan barnootaa agarsiisu (Tabel of Specification) osoo jiraate bu'aawwan qormaatichaa sirroomina akka qabaatu nitaasisa.Gama biraatiin immoo qormaannii tokko kitaaba barnootaa bu'uura taasifachuun qophaa'uun isaanii qabiyyeewwan kitaaba barnootaa keessatti dhiyaatan qormaata keessatti bakka bu'iinsa akka argatan gochuurra darbee beekumsa eeggamu madaaluuf tumsa nitaasisa.

### 2.4.2. Akkaataa Qabiyyeewwan Qormaata Dandeettii Safaru Ittifilatamu

Madson (1983:34)fi Hughes (1989:141) akka ibsaniitti, iddattoowwan qormaataa yammuu filannu, kitaaba barnootaa keessatti xiyyeeffannoo dandeettiiwwan Afaaniif kenname tilmaama keessa galchuun nurra jiraata. Kana jechuunis, qormaannii yammuu qophaa'u qabiyyeewwan sadarkaa barnootaa barataarratti xiyyeefannoo madaalawaa bifa qabuun ta'uu qaba. Sababiinsaas, qormaannii qopha'aan qabiyyeewwan barattoonni baratan bifa madaalawaa ta'een iddattoowwan bakka bu'an akka qabaatan nigargaara waan ta'eefidha. Harrison, A. (1989:63) Qormaata dandeettii madaalu keessatti akkaataan iddattoowwan ittifudhatamu ofeeggannoo cimaa dhimma barbaadudha.

Qabiyyeewwan barnootaa hunda qormaataaf dhiheessuun waan hindanda'amneef hanga danda'amuun gaaffiiwwan baay'ina qaban dhiheessuun barbaachisaadha. Qabiyyeewwan barnootaa akkaataa sadarkaa xiyyeeffannoo isaaniitiin iddattoowwan bakka bu'uu danda'an akka qabaatan gochuun barbaachisaadha.Kanaafuu, karoorrii qormaataa qabiyyeewwaniif xiyyeeffannoowwan kennaman haalaan kan ibsu qopheessuun faayiidaa guddaa qaba.

Karoora qormaataa yammuu jedhamu qormaatichii qophaa'uun dura qormaatichii maal maal fa'a hammachuu qaba? Gaaffii jedhu kan deebisudha. Anderson and et.al (1995) akka ibsaniitti, karoorrii qormaataa kaayyoon qormaataa maali? Umriin barattootaa, sadarkaa barnootaafi bilchinniisaanii maalfakkaata? Qabiyyeewwan qormaata keessatti hammatamaniifi isaan jalatti baayyinnii gaaffiilee jiran hangam ta'u? Qabiyyeewwan barnoota kam fa'a qormaata keessatti hammatamu? Tokkoon tokkoo qabiyyeewwanii gaaffiilee meeqaan bakka haabu'an? Gaaffiilee jedhan kan qabudha. Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu qopheessaan qormaata tokkoo karoora qormaataa dursee qophaa'e osoo qabaate qormaata keessatti qabiyyeewwan bakka bu'an (Representative Sampling) akka qabaatan nitaasisa.

### 2.4.3. Tooftaa Dhihannaa Qormaata Dandeettii Safaru

Qormaannii tokko akkaataa kaayyoo ittiqopha'aniin gaaffilee gosa garaagaraa ofkeessatti hammachuu danda'u.Yaada kana ilaalchisee Callhan, J. F. and Clark, L. H. (1988: 102) akka ibsaniitti, gaaffiileen qormaata dandeettii safaru keessatti hammataman irra jireessa isaanii filannoo (objectives)fi seeneessaa (subjective) jechuun bakka lamatti qoodamu.

| Tooftaa Dhihannaa Gaaffiilee Qormaataa Xumuraa | |
|---|---|
| **Gaaffiilee Seenessaa (Supply test)/ (subjective)** | **Gaaffiilee Filannoo kennuu (Selection type) (objectives)** |
| a. Deebii Gabaabaa kennu (Short answer) | a. Firoomsuu (Matching) |
| b. Barreessi (Essay) | b. Filannoo (Multiple choice) |
| | c. Dhugaa ykn soba (True & False) |

Haala Dhihannaa Gaaffilee Qormaata Dandeettii Safaru

Bu'uuruma kanaan gaaffiilee qormaata BAO qopheessuuf yammuu yaalamu fakkeenya kana irratti osoo hunda'ame filatamaadha (Callhan, J. F. and Clark, L. H. 1988: 102)

## 2.5. Amaloota Qormaata Gaarii

Qormaannii Afaanii tokko gaariidha kan jedhamu ulaagaalee qormaata Afaanii madaaluuf dhiyaatan guutee argamuu yoo danda'aniidha.Kanaafuu, qormaannii ulaagaalee qormaataa guutee argame kaayyoofi galma barnoota Afaanii qabatee ka'e fiixaan gahuusaarra darbee hanqina odeefannoowwan qaamoota adda addaa muudachuu danda'an furuu danda'a jadhamee amanama. Amaloota qormaata gaarii ilaalchisee akka hayyuun Heaton (1975:150-153) ibsuutti, qormaannii tokko gaariidha jedhamuuf ulaagaalee madaallii armaan gadii guutee argamuu qaba.Isaaniis: Qabatamummaa, Dhugoomina, Raawwatamummaa, Duubdeebiifi Sirrummaa kanneen jedhaman akka ulaagaatti kan fudhatamaniidha.

### 2.5.1. Qabatamummaa

Qabatamummaan amaloota qormaata gaarii keessaa tokko ta’ee, qormaanni tokko akkamitti hojiirra akka oolu irratti kan xiyyeeffatudha.Innis, humna namaa, meeshaalee qormaataaf barbaachisaniifi yeroodha. Yaada kana ilaalchisee Harrison (1983)fi Brown (1994) yemmuu ibsan, qabatamummaan qormaanni tokko meeshaalee barbaachisu, yeroo ta’insaafi baasii akkasumas, adeemsa qormaataarratti kenninsi qabxiifi qoratamtoonni waytii qoramanitti haalota bulchinsaa jiran ilaalcha keessa kan galche ta’uutu irra jira jedhaniiru. Walumaagalatti qabatamummaa yemmu jedhamu qophii qormaataa irraa jalqabee qormaatichi barattootaaf dhiyaatee hanga kennamuutti erga kenname booda illee soroorsuufi waytii kenniinsa qabxii haala jiru hunda kan ilaallatudha.

### 2.5.2. Dhugoomina

Qormaannii tokko Sirrummaa madaalawaa ta'uu ykn ta'uu dhabuusaa karaan ittiin mirkaneessinu dhugoomina jedhama.Yaalaw (1998:196) Dhugoomina ilaalchisee ibsa kenneen, Dhugoominnii amala ykn waan tokko safartuu tokkoon irradaddeebi'uun safaruun walfakkeenya bu'aawwan argamanii, walfakkeenyummaa, dhaabbataafi jijjiiramuu dhabuusaanii kan ilaallatudha. Kana jechuun waan tokko safartuu tokkoon yeroo lamaafi isaa ol yammuu safaramu bu'aan hanga safartuurraa argamu kan walfakkaatu yoo ta'e safartichii dhugoomina qaba jechuun nidanda'ama.

Haaluma walfakkaatuun Brown, (2004:20) yammuu ibsu, “Reliable test constisent and dependable. If you give the same test to the same student or matches students on two different occations, the test should yield similar results,” jedha. Ibsa armaan oliirraa akka hubatamuun danda’amutti, qormaanni tokko dhugoomina qaba kan jedhamu, qormaata barataa walfakkaatuuf yeroo garaa garaa lama keessatti qormaatuma walfakkaataan kennameef, qabxiin walfakkaataan yoo galmeeffame qormaanni sun dhugoomina qaba jechuun akka danda’amudha. Dabalataanis, Bachman, (1996:19) yammuu ibsu, “Reliability is often defined as consistency of measurment, Areliable test scores will be consistent acros different characterstics of the testing situation,” jedha.Ibsa kanarraa akkuma hubatamu, dhugoomina qormaataa jechuun, madaallii fudhatamummaa qabu akka ta’edha.Qabxiin barattootaa qormaata haala adda addaa keessatti kennamu yoo walfakkaataa ta’ee argame dhugummaa qabaachuu qormaataa agarsiisa.

Waluumaagalatti qormaannii tokkoo yeroo kamiyyuu yoo kenname, barataanumti tokko yeroo lama osoo qorame, namni adda addaa osoo sororse, firiin isaa kan walfakkaatu yoo ta’e dhugoomina qaba jechuu dandeenya.

### 2.5.3. Mirkana’ummaa

Hughes (1989:152) & Weir (1989:21) akka ibsanitti, mirkanaa'ummaan ulaagaalee qormaata gaarii keessaa isa tokko yammuu ta'u, qormaanni tokko kan ittiinmadaalamu isaan ijoon humna namaa qormaatichaaf ramadame, leeccalloowwan qormaatichaaf dhiyaatan,yeroo qormaatichaaf ramadameefi dhimmoonnii qormaata ilaalchisee rakkoo tokko malee yoo raawwatamuu danda'an qormaatichii amala mirkanaa'ummaa guutee jira jechuun nidanda'ama.

Dabalataanis, Bachman (1996:22) akka ibsuutti, qormaanni tokko mirkanaa'ummaaan isaa kan eegamedha kan jedhamu, jechoonni inni ittiin barreeffame kan dhugaa jiruun ala hinbane; kana jechuun, gaaffiileen dhiyaatan haala naannoofi dandeettii barattootaa waliin kan deeemu yoo ta'e, addunyaa dhugaa kan bu'uureeffate yoo ta'e akkasumas, mata-dureewwaniifi haalli dhiyeenya isaanii kan gammachiisu, kan bashannansiisu yoo ta'e, qormaatichii mirkanaa'ummaa qaba jedhamuu danda'a.

## 2.5.4. Duubdeebii

Qormaanni baruu barsiisuu keessatti duub deebiif akka fayyadu; dhiibbaa qormaanni barachuufi barsiisuurraan ga'u duub-deebii jedhama. Anderson (1995) maalummaa duubdeebii yammuu ibsu, duubdeebii yaanni jedhu dhiibbaa qormaannii adeemsa baruu barsiisuurratti uumudha. Haaluma walfakkaatuun akka hayyuun Brown (2004:28) ibsuutti, duubdeebiin qormaannii adeemsa baruu barsiisuu irratti brattoonnii qormaataaf akkamitti qophaa'uu akka qaban dhiibbaawwan uuman kan ilaallatudha.

Kanaafuu qormaanni tokko duubdeebiidhaaf nitajaajila kan jedhamu, gumaachi qormaataa mala baruufi barsiisuuf qabu ilaallata, kun yoo ciminaafi hanqina agarsiisuu danda'e dha.Duubdeebiin kaka'umsa, ofitti amanamummaa, ofdanda'anii hojjachuuf gumaacha taasisa. Akkasumas, barsiisaan maal gochuu qaba? Deebii qormaataa irratti yaada bal'aafi ifa ta'e kennuun deebii tokkoon tokko isaatiif gadifageenyaan sororsuu, waan argateef badhaasa argatuuf eeruu, dadhabbina karaa cimsuu danda'uun qeequufi kkf hojirra oolchuu baannaan akkauma faayidaa qabu dhiibbaas akka qabu beekuun keenya barbaachisaadha.

## 2.5.5. Sirrummaa

Sirruummaa qormaataa ilaalchisee beektoonnii addaaddaa ibsa garaagaraa kennaniiru.Yaadoota ka'an keessaa akka hayyuun Heaton (1975:160-161) ibseetti, adeemsa baruufi barsiisuu ittifufa qabuun daree barnootaa keessatti gochootaafi qabiyyeewwan barnoota barataman hordofee qormaannii dhiyaatu sirrummaa qaba jedhamee amanama.Kana jechuun gaaffiileen qopha'aan martuu qabiyyeewwan barnootaa bakka bu'uu danda'anifi bakka bu'ummaan isaanii immoo waytii adeemsa baruufi barsiisuu daree keessatti barnootacha xumuruuf yeroo kenname yaada keessa galchuun kan qopha'an ta'uu qabu.Qabiyyeewwan barnootaa naannoo booqannaa tokko qofa keessaa baasuun amanamummaa, sirrummaa qabiyyee dhabamsiisa.Kanaafuu, qabiyyeewwan barnootaa hunda haala giddugaleeffateen qophaa'uu qabu. Haaluma walfakkatuun hayyuun Harrison

(1983:11) akka ibsuutti, qormaanni tokko sirrummaa qaba kan jedhamu, qabiyyeewwan qormaata keessatti hammataman maal maal fa'a gaaffii jedhu dandeettii deebisuu yoo qabaatedha jechuun niibsa.Kanaafuu, qormaannii tokko yammuu qophaa'u baay'inaafi dheerina waytii barnoota barattoonnii baratan irratti hunda'anii dhiyaachuu qabu.

Gama biraatiin immoo akka Yaalaw (1998) ibsuuttii, Sirrummaan ragaawwan kallattii garaagaraa irraa sassaabaman, dhugaawwan raawwatamanifi yaadiddamoota amanamoo bu'uura taasifachuun xumura irra gahamuu barbaadameefi gochoota raawwatamuuf karoorfaman hangam karaa sirrummaafi ga'umsa qabuun deeggaramuu akka danda'an kan agarsiisu madaallii adeemsa qidoomina qabudha jechuun niibsu.Sirrummaa qormaata tokkoo mirkaneessuuf jalqabarratti ittifayyadama afaanii sirrii ta'eefi kaayyoowwan barnoota Afaanii murteessuu.Ittiaansuun, qormaatichii dandeettiifi beekumsa akka gaafatu sakatta'uu.Dhumarratti, hariiroo qormaatichaa kaayyoofi qabiyyeewwan barnootichaa waliin qabu sakatta'uun barbaachisaadha.

Walumaagalatti sirruumaan qormaataa kan mirkanaa'u, waan qoruu barbaanne tokko yoo qoruu danda'e, qabiyyeefi kaayyoo barnootichaa waliin kan walsimu ta'ee barattoonni qoraman qormaata sirriidha jedhanii kan fudhatanifi kan itti gamadan yoo ta'e qormaatichi sirrummaa qaba jedhamuu danda'a.

### 2.5.5.1. Sirruummaa Qabiyyee

Qormaanni tokkoo qabiyyeen isaa sirridha kan jedhamu yoo waanqoruu barbaanne tokko qoruu yoo danda'eedha.Yaada kana ilaalchisee akka beektoonnii Hopkin & Agnes (1989:16) ibsaniitti, qabiyyeewwan barnoota daree keessatti dhiyaatan akkaataa xiyyeefannoo isaaniitiin bakka bu'uu (iddatteefamuu) yoo danda'aniifi gatii madaalawaa qabu yammuu kennamuuf, qabiyyeen sun sirrummaa qaba jedhamuu danda'a.Sirrummaa qabiyyee eeguuf qormaannii tokko dirqama baay'ina gaaffilee hanga kanaa qabaachuu qaba jadhamee murteessuun rakkisaa ta'uus, qormaatichii gaaffilee muraasa qabaachuurra gaaffilee baay'ina qaban osoo qabaate filatamaadha.

Brown (1996:22-23) akka ibsuutti, qormaannii tokko qabiyyeewwan hunda, matadureewwanfi kkf kan hammate yoo ta'eefi qormaaticha keessatti qoramaan waanbarbaadu amala ittiin madaalamu sana kan deebisu ta'ee yoo qophaa'e, akkasumas, gochoota adeemsa baruufi barsiisuu daree barnootaa keessatti raawwataman bakka bu'u yoo ta'e, qormaatichii sirrummaa qabiyyee qaba jechuun nidanda'ama. Kanaafuu, qabiyyeewwan

filatamaniif baay’ina gaaffilee murteessuuf dhimmoota sadirratti xiyeeffachuu qabna. Isaanis: Baay’ina waytii qabiyyecha barsiisuuf fudhate, Baay’ina gaaffilee qabiyyeewwan keessaa qormaata keessatti akka hammatamu murteeffame. Baay’ina waytii waliigalaa qabiyyeewwan filataman haguuguuf ramadamedha. Kanaafuu:

$$\text{Gaaffiileen qabiyyee tokko irraa qophaa'u} = \frac{\text{waytii barsiisuuf fudhate x Gaaffiilee qormaataa}}{\text{Waliigala qabiyyecha uffisuuf waytii fudhate}}$$

jechuun baay’ina gaaffilee murteessuun barbaachisaadha. Bu'uuruma kanaan qorannoo kana keessatti qormaata xumuraa waggaa lamaa (2012fi 2013)f dhiyaatan sirrummaa qabiyyee meeshaalee barnoota Afaan Oromoo irratti hundaa'uun xiinxalameera.

#### 2.5.5.2. Sirummaa Ulaagaa

Akka Yaalaw (1998) ibseetti, Sirrummaa ulaagaarratti xiyyeeffate kan jedhamu qormaannii BA tokko barataa dandeettii Afaanii sirrii ta'e qabu adda baasuuf nidanda'aa? Jedhu kan ibsuudha. Dabalataaniis, qormaanni tokko qabiyyee yeroodhaaf qoruu barbaanne barataaf qabxii kennine tokko yeroo biraas dandeettii barataa sanaa kan agarsisu yoo ta’e siirrummaa qaba jechuun nidanda’ama (Hughes, 1989).

#### 2.5.5.3. Sirruummaa Gama Qoramaa

Sirruummaan gama qoramaa barsiisonnii, barattoonniifi qaamoonnii dhimmi kun ilaallatu martuu waa'ee qormaataa irratti yaada kennan kan ilaallatudha. Kanaafuu, qormaannii tokko sirrummaa gama qoramaa qaba kan jedhamu qormaatichii qaamoota kanneen biratti sirrummaa qabaatee kan mul'atu yoo ta'edha. Sirruummaan gama qoramaa qormaannii tokko fudhatamummaa hawaasa biratti qabu kan agarsiisudha (Alderson and etal, 1995).

Brown (1980:25) Qormaanni tokko yammuu qophaa'u yaadiddama barachuu, qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataa kan hordofe ta'uusaa ykn ta'uu dhabuusaa kan ittiin mirkaneessinudha.Kunis, iftoomina qajeelfamaa, Sadarkaan ulfaatina isaa sirrii yoo ta’e, waan hineegamne tokko yoo qabaachuu baate, yeroon ramadame beekamuufi ifa ta'uu, ulfaatiina qabxii qabatu ifa ta'uufi kkfdha. Walumaagalatti akkaataan qophii barreeffama qormaataa sirruummaa kan irraa mul'atu ta’uu qaba.

### 2.6. Wantoota Sirrummaa Hir'isan

Wantoonnii sirrummaa qormaata tokkoo hir'isan keessaa kanneen armaan gadii kan eeramaniidha. Iftoomina dhabuu qajeelfama/ajaja qormaataa, qormaatichii jechootaafi

himoota sadarkaa dandeettii barattootaatiin ol ta'aniin kan qopha'an yoo ta'an, qormmatichii baay’ee cimaa (dandeettii barataatiin ol) ykn baay’ee laafaa (dandeettii barataatiin gadi) yoo ta'e, haala salphaa ta'een tilmaamuun kan danda'amufi jechoota eeruu kennan kan ittifayyadamnu yoo ta'e, kan walfalmisiisan, qormaatichii yammuu qophaa'u maal madaaluufi? dandeettii barattootaa madaaluudhaaf barbaanne sana haalaan kan madaalu yoo hintaane, gaaffiileen qormaatichaa baay’ee gabaabaa ykn dheeraa yoo ta'e, haallii qormaatichi ittiqophaa'e duraaduuba isaa kan hineegganne yoo ta'e (salphaarraa gara cimaatti) dhugaa ykn soba, firoomsuu, bakka duwwaa guutuu, filannoofi ibsii yoo hintaaneefi deebiin gaaffiilee haala salphaa ta'een kan beekamu yoota'e hanga sirroominasaa nihir'isa.

## 2.7. Maalummaa Seerluga

Hayyoonnii garaagaraa seerlugnii sirna Afaanii kan ilaallatu ta'uusaa niibsu (Brinton, 2000:8, Baayyee, 1987:8). Akkaataa uumama sagaleewwanii, jechootaa, gaaleewwanifi himootaa tokkoon tokkoo Afaanii sirna mataasaanii kan qabanu ta’ee, sagaleelee ka’umsa afaaniirraa kaasee hanga qo'annaa Afaanii sadarkaa olaanaarra jiran kan ilaallatudha. Sirni kun immoo dubbattoonnii Afaan sanaa kan beekaniifi yammuu ittifayyadaman sirriidha ykn dogoggora jechuuf kan isaan dandeessisudha. Dabalataaniis, hayyoonni kun yaada isaa ittifufuun akka ibsanitti barnoota Afaanii ilaalchisee waan tokko shakkii malee dubbachuun nidanda'ama. Kunis, akkaataa ittifayyadama afaanii barataa beekurra ittfayyadama isaa kana jechuuniis, dandeettiiwwan sirna isaa waliin barataan hubate dandeettii fooyya'aafi beekumsa xiinqooqaa kan qabu ta'uusaa agarsiisa. Akkaataa ittifayyadama afaanii sirna isaa waliin namni beeku tokko akka nama akkaataa konkolaataa ittikonkolaachisaniifi qaama konkolaataa hojjechuu (suphuu) beeku shofeera makanikaatti lakka'ama (Baayyee, 1987:25).

Geetaahun (1990:4) Maalummaa seerlugaa ilaalchisee akka armaan gadiitti niibsa.Yeroo ammaa kana yaadrimeen seerluga jedhu hiikkaawwan walfalmisiisan (walmorkisiisu) lama qabatee argama.Hiiknii jalqabaa beekumsa afaanii dhalli namaa ittifayyadamuufi dandeettii sammuusaa keessa jirudha.Kallattii kanaan yammuu ilaalamu seerlugnii yaada xiinsamuuti jechuun nidanda'ama.Hiiknii inni lammataa immoo hayyoonnii Afaanii ibsa waa'ee caasaafi sirna Afaan tokko irratti kennan kan agarsiisudha. Hiiknii kun kan agarsiisu sirna qo'annaa Afaan tokkoo kan agarsiisu waan ta'eef hiika jalqabarratti kennamerraa dhiphoodha jechuun, maalummaa seerlugaa niibsu.

Walumaagalatti, hayyoonnii adda addaa ibsa kennan irraa ka'uun hiikaan seerlugaa ibsa dandeettii xinqooqa afaaniiti. Akkasumas, tuuta seerota Afaaniiti. Seeronni Afaanii immoo kan lakkoofsaan beekaman ta'ullee, walirraa maddisiisuun kan lakkoofsaan hindaagofne godhamuu danda'a. "Walduraa duuba dhufaatiin jechootaa, gaaleewwaniifi ciroowwanii haala dubbatama afaanichaatti walfaanomuun yommuu dubbataman ykn barreeffaman seera Afaaniin walsimuu barbaachisa. Tuutni seerota Afaanii kun ammoo, seerluga jedhama" jedha (Ur, 1996).

## 2.7.1. Gosoota Seerlugaa

Crystal (1987:258), Bygate,et.al (1994:22)fi Greenbaum (1986) akka ibsaniitti, Seerlugnii qabiyyeewwan xixxiqqoo addaddaatti akka qoodamu akka armaan gadiitti ibsaniiru.Isaaniis; Seerluga addeessaa, Seerluga xiinbarnootaa, Seerluga ajajaa, Seerluga yaadiddamaafi Seerluga durii jechuudhaan niibsu.

Nunan (1991:165-179) akka ibsuutti, Seerluga xinbarnootaa silabasii barnoota Afaanii, kitaaba barnootaa, kitaabilee deeggarsaa kanneen biroo barsiisotaafis ta'ee barattootaaf mijeessee kan dhiheessudha. Gosoota seerlugaa armaan oliitti ibsaman keessaa xiyyeeffanaan qorannoo kanaa kan ta'e seerluga xiinbarnootaa irrattidha. Seerlugani xiinbarnootaa ilaalchisee Littlewood (1981) akka ibsuutti, gochoota adeemsa baruufi barsiisuu bu'uura taasifatee kan qophaa'u, yaadrimee xiinsammuufi xiinqooqaa hubachuudhaan haalaafi amala barattootaa ilaalcha keessa galchuudhaan kan dhiyaatu, qabiyyeewwan barnoota seerlugaa sadarkaa sadarkaa isaniitiin kan addeessu, barattoonnii seerluga Afaan sanarratti akka xiyyeeffatanii baratan waantaasisuuf, gosoota seerlugaa filataman keessaa kallattii qabiyyeewwan seerlugaa filataman irratti hundaa'uun gosa seerlugaa kanaa ilaalameera.

## 2.7.2. Seerluga Maaliif Barsiifna?

Larsen Ferman (1997:18-19) Caasaa barnoota Afaan tokkoo qindeessuufis ta'ee ijaaruuf Afaanicha gadifageenyaan hubachuuf barbaachisummaan barnoota seerlugaa olaanaadha.Akkasumas, faayidaa barnoota seerlugaa ilaalchisee, Harmer (1991) akka ibsuutti, fayyadamtoota Afaanii ciccimoo ta'aniif beekumsi caasaa bu'uura akka ta'eefi beekumsichi barattootaafis barbaachisaa ta'uusaa kan agarsiisu akka ta'e ibseera. Dabalataanis, Ur, (1988:4) yoo cimsu "There is no doubt that knowledge explicit or emplicit of structure rules is essential for the mastery of a language: you can't use words unless how

they should be put together "jechuun ibsa. Waraabbii kanarraa kan hubatamu beekumsi caasaa dandeettii afaanitti haalaan fayyadamuu gonfachuuf barbaachisaafi bu'uura ta'uusaati.

Walumaagalatti hayyoonni garaagaraa seerlugnii barnoota Afaanii keessatti bakka guddaa qabaachuusaa ibsuun waliigaltee bu'aa qabeessa ta'e taasisuu keessatti beekumsi seerlugaa barbaachisaa ta'uusaa agarsiisaniiru.Kanaafuu, Afaan tokko beekuufi ittiin tajaajilamuuf adeemsa sirna Afaanichaa beekuun barbaachisaadha.Dhimmoonni kunniin immoo barnoota seerlugaa akka barsiifnu dhiibbaa uumuun isaanii kan oolumiti.Bu'uruma kanaan qorannoo kana keessatti gaaffiileen seerlugaa qopha'an hariiroon isaan kitaaba barnootaa waliin walsimannaa qaban ballinaan ilaalameera**.**

## 2.7.3. Seerluga Maaliif Qorra?

Parmer (1984:87) akka ibsuutti, dhimmii ijoon qormaata seerlugaa barattoonnii caasaa ijaarsa Afaan baratan sana akka beekan gochuufi seerluga afaanichaa ilaalchisee beekumsa fooyya'aa akka gabbifataniifi beekumsa hortan sanaan yeroofi bakka kamittuu akka waliigalaniifi ofiisanii kan ofsakatta'anii ykn karaa ittimadaalaniidha. Galmii ijoon qormaata seerlugaa barattoonnii galma caasaafi ijaarsa Afaan baratan irratti hundaa'uun haalaan hojiirra oolchuufi dhiisuusaanii madaaluuf kan qophaa'u ta'uu qaba.Kanaafuu, barattoonnii gaaffiilee qabiyyeewwan seerlugaa qormaata keessatti dogoggoraan (haala sirrii hintaaneen) dhiyaatan akkaataa seera Afaan sanarratti hundaa'uun sirreessuufi dhisuusaanii madaaluudhaaf gaaffiileen qopha'aan raawwatamuu isaanii tooftaan ittimadaallu qormaata jedhama.

Akkasumas, Heaton (1988:9) akka ibsuutti, qormaannii seerlugaa akkaataa dandeettii ittifayyadama unkaafi caasaa Afaanii sirrii ta'e tooftaa ittimadaallu akka ta'e niibsu.Kaayyoon qormaata seerlugaa beekumsa barattoonnii caaslugarratti qaban madaaluu yammuu ta'u, xiyyeeffannoon isaas kaayyoo barnoota Afaaniirratti hundaa'uun gaaffiilee qabiyyeewwan seerlugaa qabanitti fayyadamuun barattoonnii Afaan baratan sana hangam akka hubatan, dandeettiifi beekumsa seerlugaarratti qaban sadarkaa maaliirra akka jiru tooftaa ittiin madaaluudha.

## 2.7.4. Haala Dhihannaa Gaaffiilee Seerlugaa

Brown (1980:48)fi Heaton (1975:30) akka ibsaniitti, barattoonnii beeekumsa waliigalaa seerlugarratti qaban madaaluuf jecha qormaannii qopha'aan tooftaawwaan haala dhihannaa gaaffiilee addaaddaa hordofu.Tooftaaleen haala dhihannaa gaaffiilee qormaataa kanneen

jedhaman filannoo, dhugaa/soba, firoomsuu, bakka duwwaa guutuu, gaaffiilee deebii gabaabaa barbaadanfi barreessii ofkeessatti hammata. Brown (1996:51), Hughes (1989:143) akka ibsaniitti, tooftaan haala dhihannaa filannoo dhimmoota garaagaraa lama akka ofkeessaa qabu niibsu.Inni jalqabaa: qaama dursaa yammuu ta'u, inni lammataa immoo qaama deebiiwwan filannoo bakka argamaniidha. Qaama dursaa kan jedhamu gaaffii isa bu'uuraati. Deebiiwwan filannoof dhiyaatan keessaa innii tokko deebii isa sirrii yammuu ta'u warri kaan immoo dogoggorsiitoota. Dogoggorsitoota kanneen jedhaman filannoo isa deebii sirrii waliin dhimmoota garaagaraatiin walitti dhiheenyafi firoomina kan qabaniidha. Qoramaan tokko deebii sirrii ta'e kan beeku yoo ta'e deebisuuf kan isa rakkisu hinta'u.

Tooftaawwan haala dhihannaa qormaataa armaan oliitti caqasaman keessaa xiyyeeffannoo qorannoo kanaa qormaata haala dhihannaa filannoo kennuutiin dhiyaatan qofarratti xiyyeeffata.Sababoonnii tooftaa kanarratti xiyyeeffateef immoo qorannochii kan irratti xiyyeeffatu gaaffileen qormaata xumuraa kan inni dhiyaate tooftaa dhiheessa fillannoo kennuurratti waanta'eefidha.

Dabalataaniis, tooftaan dhihannaa gaaffiilee filannoo yammuu jennu; qaamoonnii gaaffiilee qormaataa tooftaa filannootiin yammuu qopheessan qabxiiwwan irratti bu'uureeffatan kan ilaallatudha. Yaada kana irratti hayyoonnii adda addaa qajeeltoowwan graagaraa akka jiran niibsu. Fakkeenyaaf: Brown (1996) akka ibsuutti, gaaffiileen qormaataa tooftaa filannootiin qopheessuuf, qajeeltoowwan xiyyeefannoo ittikennamuudhaa qabu akka armaan gadiitti ibsamanii jiru. Isaaniis:

- Dogoggorsitoonnii filannoo keessatti dhiyaatan dandeettii dogoggorsuu kan qaban ta'uu qabu.
- Gaaffiileen dhiyaatan iftoominaafi hawwataa ta'uu isaanii
- Yaadoota hinbarbaachifne gara deebiitti akeekan fayyadamuurraa ofqusachuu.
- Yaadoota irra daddeebii hinbarbaachifne dhabamsiisuu.
- Gaaffiilee yaadoota dhuunfaa calaqqisiisan fayyadamuu irraa ofqusachuu.
- Filannoowwan kanneen akka hunduu deebiidha, AfiB deebiidhafi deebii hinqabu jedhu fayyadamuu dhiisuu.
- Gaaffilee walqabatiinsa qaban walitti aansanii dhiheessuu irraa ofqusachuu.
- Gaaffiileen dhiyaatan salphaa irraa gara cimaatti akka deeman gochuu,
- Tokkoon tokkoo gaaffiilee dhiyaatanii deebii tokko qofa qabaachuu qabu.
- Gaaffiilee maloota gara biraatiin dhiyaachuu malan gaafachuu dhabuutiin,

- Gaaffiilee seerlugaa sadarkaa barnootaa hinmadaalle dhiheessuu irraa ofqusachuu qajeeltoowwan jedhandha.

Haata'umalee, argannoo qorannoowwan kanaan dura dalagaman akka agarsiisaniitti qopheessiitoonnii qormaataa adda addaa beekumsaanis haata'u osoo hinbeekiin yeroo baayyee qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataa armaan oliirratti ibsaman irratti hundaa'anii yammuu qopheessan hinmullatu.Kun immoo qormaatichii iftoomina, sirruummaafi hawwattummaa isaanii hir'isuun kaayyoo yaadame akka galmaan hingeenye nitaasisa.Kanaafuu, rakkoowwan kanneen to'achuuf qormaannii haala filannoo kennuutiin qopha'an kamuu qajeeltoowwan qormaataa kanaa oliitti caqasamanfi kanneen biroo irratti hundaa'anii qophaa'uu qabu.

## 2.8. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Mata-duree kana jalatti qorannoowwan kanaan dura hojjetamanii qorannoo kanaa waliin walsimatan iddoo itti sakatta'amanidha.Bu'uruma Kanaan qorannoon kun qorannoowwan kanaan dura hojjataman waliin dhimmoota isaan walfakkeessuufi wantoota adda isaan taasisan kaa'uun qaawwa duuchuuf yaalame akka armaan gadiitti ibsameera.Haaluma kanaan qorannoowwan hojjetaman haala armaan gadiin dhiyaataniiru.

Xibabuu Roorroo, (2008). Yuunivarsiitii Finfinneetti Mata-duree''Qaaccessa Qabiyyee Qormaata Moodeelaa''kutaa 10ffaa bara 2007 jedhurratti qorannoo gaggeesseera. Kaayyoon qorannoo isaa Moodeela qormaata AO kutaa 10 bara 2007 hojiirra oole ga'umsa qabiyyee qabaachuu ykn qabaachuu dhabuu isaa addaan baafachuudha. Malli qorannoo inni ittigargaarame mala qorannoo ammamtaafi mala ga'umsa qabiyyee qormaatittiin madaalamu mala walsimannaati (alignment method)dha. Kaayyoon qorannoo kanaa qaacceessa dhihannaafi ga'umsa gaaffilee seerlugaa qabiyyee qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa bara 2012fi 2013tti barsiisotaan qophaa'anii kennamanirratti xiyyeefata.Qorannoo kana keessatti gosa qorannoo makaa saxaxa ibsaa waliin walitti firoomsuun kan hojiirra ooledha.

Qorannoo Xibabuu keessatti qabiyyeewwan qormaataa hundarratti xiyyeeffatamee kan xiinxalame yammuu ta'u, Qorannoo kana keessatti immoo qabyyeewwan qormaataa keessaa gaaffiilee seerlugaa qofarratti xiyyeeffatamee kan xiinxalamamedha. Akkasumas, qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataatiin gaaffileen dhiyaatan ciminaafi hanqina isaanirraa mul'atu adda baasuun kan ibsamedha.Kanaafuu, qorannoo kanaa wajjiin

garaagarummaa baayyee yoo qabaataniis wantoonnii isaan walfakkeessuus akka jiran beekuun barbaachisaadha.

Amaloota qorannoowwan kanneen walfakkeessu keessaa muraasnii: Qorannoowwan lammaan kunniin gosoota qormaataa dandeettii safarurratti xiyyeeffachuu isaanii, Amaloota qormaata gaariirratti xiyyeeffachuu isaanii, kan isaan walfakkeessudha. Argannoon Xibabuu moodeelli qormaata AO kutaa 10 bara 2007tti kennaman ga’umsi qabiyyee xiqqaa akka qabu ibseera. Qorannoo koo keessatti immoo qormaannii xiyyeefatamoon kitaaba barnootaa wajjiin walbira qabuun yammuu ilaalamu qabiyyeewwan dhiyaatan bakka bu'iinsa walhinginne qabanii akka argaman, akkasumas, qormaannii xiyyeefatamoon kun qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataatiin cimini isaanii madaala kan kaasu yoo taa'an iyyuu hanqinoota muraasa akka qaban bira gahameera.

Dirribaa Oliiqaa, (2011). Mata duree, “Sakatta’a Firoommii Qabiyyee Qormaata Moodeelaafi Biyyolesaa Kutaa $10^{ffaa}$fi KB: xiyyeeffannoo bara 2010,” jedhurratti qorannoo gaggeesseera. Kaayyoon qorannoo isaa, Sakatta’a Firoommii Qabiyyee Qormaata Moodeelaafi Biyyolesaa kan bara 2010 Kutaa $10^{ffaa}$fi KB irratti xiyyeeffachuun sakatta’udha.Kaayyoon qorannoo kootii immoo qaacceessa dhihannaafi ga’umsa gaaffilee seerlugaa qabiyyee qormaata xumuraa BAO kutaa $12^{ffaa}$ barsiisotaan qophaa’anii bara 2012fi 2013tti kennaman irratti xiyyeefata. Dirribaan ragaawwan qorannoosaaf barbaachisan meeshaaleen ragaan ittiin sassaabamu keessaa sakatta’a dookimantii, afgaaffiifi bargaaffiitti dhimma kan ittibahe yammuu ta’u, Qorannoo kana keessatti ragaawwan sassaabbachuuf sakatta'a sanadaafi afgaaffiin hojiirra ooleera.

Argannoon isaa qabiyyeen KB kutaa $9^{ffaa}$fi $10^{ffaa}$ qormaata moodeelaafi biyyolessaa wajjin firoommii isaan qaban gaarii ta’uu isaa adda baheera.Haata’umalee, gaaffileen qormaata biyyolessaaf qophaa’an altokko tokko qabiyyee kitaaba barnootaa ala ta’uu, kitaaba dhiisanii qormaata bara baraan ba’an bu’uura godhachuun hanqina ta’uu danda’a jechuun ibseera.Argannoon qorannoo kanaa hangi firoominaa qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba barnootaa kutaa $12^{ffaa}$fi gaaffilee seerlugaa qabiyyeewwan qormaata xiyyeefatamoo gidduu jiruu giddugaleessaa ta'uu isaa mirkaneesseera.Malleen qaacceessa ragaa Dirribaan dhimma ittibahe mala makaa (hammamtaafi akkamtaan) hojirra oolchuunfi ragaalee gabateen dhiyeessuun dhibbeentaafi lakkoofsaan tarreeffamaniiru.Akkasumas, mala sakatta’a addeessaatti fayyadamera.

Qorannoo koo keessatti malleen qaacceessa raga tooftaa qorannoo makaatiin fayyadamuunfi ragaalee gabateen dhiyeessuun dhibbeentaafi lakkoofsaan tarreeffamaniiru. Akkasumas, hariiroo qorumsawwaniifi kitaaba barnootaa kutaa 12ffaa gidduu jiru mala koofsheentii sadarkaa walitti dhufeenyaa ispiirsmaaniidhaan fayyadamuun qaacceeffameera.Kunis, Shallagamee firiin argame P = 0.541 yammuu ta'u, lakkofsi kun immoo akka ispirsmaan jedhutti hariroo giddugaleessaa agarsiisa.Kanaafuu, hangi firoomina qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba barnootaa BAO kutaa 12ffaafi qabiyyee qormaata xiyyeefatamoo gidduu jiruu giddugaleessaa (Moderate) ta'uu isaa agarsiisa.

Aamaloota qorannoo lamman wantii isaan walfakkeessu: Qorannoo lammaanuu kaayyoo qorannoo isaanii fiixaan baasuuf gosa qorannoo akkamtaafi ammamtaa (makaa) gargaaramuu isaanii. gosa iddateessuu miti carraa keessaa iddateessuu kaayyefamaatti dhimma bahuu isaanii, akkasumas, gosa qormata dandeettii safaruufi amaloota qormaataa gaarii irratti xiyyeeffachuun isaanii wal isaan fakkeessa.

Gammachuu Hinsarmuu, (2011).Mata duree, "Xiinxala Qulqullina Qormaata Xumuraa AO Kutaa 9ffaa Manneen Barnootaa Sadarkaa 2ffaa Aanaa Gommaa" jedhurratti qorannoo geggeesseera. Kaaayyoon gooroo qorannoo isaa, qulqullina qormaata xumuraa Seemisteera 1ffaafi 2ffaa bara 2010fi seemisteera 1ffaa 2011 AO kutaa 9ffaa akka Manneen barnootaa Aanaa Gommaa sadarkaa 2ffaatti hojiirra oolan xiinxaluudha. Kaayyoon qorannoo koo immoo qaacceessa dhihannaafi ga'umsa gaaffilee seerlugaa qabiyyee qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa barsiisotaan qophaa'anii bara 2012fi 2013tti kennamaa turan irratti xiyyeefata. Saxaxni qorannoo dhimma ittibahe akaakuu qorannoo hammangeefi qulqulleeffataa yammuu ta'u, qorannoo kana keessatti immoo gosa qorannoo makaa saxaxa ibsaa waliin walitti firoomsuun kan hojiirra ooledha. Gammachuun qorannoo isaatiif maddoota raga kan filataman iddattoo MB kan filataman mala carraa tasaan, qormaannii xumuraa mala kaayyeffataan, barsiisota AO mala kompirensiiviin kan filataman yammuu ta'u, Qorannoo koo keessatti garuu waraqaan qormaataa mala iddattoo kaayyeeffataatiin (akkayoo)tiin, brsiisonnii immoo mala iddattoo argameetti fayyadamuun filatamaniiru.

Gammachuun qorannoo isaa gaaffiilee qormaataa dandeettiiwwan Afaanii hundarratti xiyyeefachuun xiinxala kan gaggeesse yammuu ta'u, Qorannoo koo keessatti garuu qabiyyeewwan qormaataa keessaa gaaffiilee seerluga qofarratti xinxallii kan adeemsifamedha. Gammachuun qorannoo isaa malleen qaacceessa ragaa mala x2 (chi-

square)tti fayyadamuun kan qaacceeffamee yammuu ta’u, Qorannoo koo keessatti garuu mala koofisheentii sadarkaa walittidhufeenyaa ispiirsmaaniidhaan fayyadamuun qaacceefameera.Kanaafuu, qorannoo kanaa wajjiin garaagarummaa baayyee yoo qabaataniis wantoonnii isaan walfakkeessuus nijira.

Amaloota isaan walfakkeessu: Qorannoon lammanuu gosoota qormaataa dandeettii safarurratti xiyyeeffachuu isaanii, amaloota qormaata gaariirratti, akaakuu qorannoo hammamtaafi akkamtaati dhimma bahuun isaanii, qorannoowwan lamman isaaniyyuu ragaawwan sassaabbachuuf sakatta'a sanadaafi af-gaaffiin dhimma ittibahuun isaanii, Argannoon isaanii akka agarsiisuutti qormaannii xiyyeefatamoon kitaaba barnootaa wajjiin walbira qabuun yammuu ilaalamu qabiyyeewwan dhiyaatan walgitiinsa madaalawaa kan hinqabne ta'anii argmuun isaanii qabxiiwwan isaan walfakkeessuudha.

Akkasumas, qorannoowwan Afaan Amaaraan gaggeeffaman keessaa Mulu, (2009) baroota 2005-2008 qormaata kutaa 9ffaafi 10ffaa sadarkaa Mana barumsaatti kennaman keessatti ga’umsa gaaffilee seerlugaa kan madaalte yammuu ta’u, malli qorannoo ittigargaaramte mala qorannoo qulqulleefataatti kan dhimmabaatedha. Dabalataaniis, Sisaay, (2007). Baroota 2001-2006tti qorumsa biyyooleessaa barnoota Afaan Amaaraa kutaa 10ffaaf qophaa’ee kenname keessatti dhihannaafi ga’umsa gaaffilee seerlugaa kan madaale yammuu ta’u, malli qorannoo dhimma ittibahe mala qorannoo qulqulleefataati. Qabiyyeewwan qormaata keessa jiran maal maal fa’a akka ta’an, walsimannaan isaan qabiyyeewwan MB waliin qaban maal akka fakkaatu, ulaagaa qormaataatiin ciminaafi hanqina gaaffilee kanneenii maal akka fakkaatu gadifageenyaan kan sakatta’eedha.

Kaayyoon qorannoo kanaa immoo qaacceessa dhihannaafi ga’umsa gaaffilee seerlugaa qabiyyee qormaata xumuraa AO kutaa 12ffaa barsiisotaan qophaa’anii bara 2012fi 2013tti kennamaa turan irratti xiyyeefata.Akkasumas, gosa qorannoo makaa saxaxa ibsaa waliin walitti firoomsuun kan hojiirra oole yammuu ta'u, qabiyyeewwan seerlugaa yaada hayyootaa irraa ka'uun haala dhihannaafi ga’umsa qabiyyeetiin gadifageenyaafi bal'inaan kan madaalamedha.

Qorannoo kana qorannoowwan armaan oliirratti gaggeeffaman waliin akkuma graagarummaa qaban amaloota isaan walfakkeessuus akka jiru hubchuun barbaachisaadha.Kunis, qorannoo kana qorannoo Muluu waliin kan isaan walfakkeessu mataduree seerlugaa irratti xiyyeeffachuu, gosoota qormaataa dandeettii safarurratti xiyyeeffachuu isaanii, amaloota

qormaata gaariirratti, xiyyeeffachuu isaanii qabxiiwwan isaan walfakkeessuudha. Akkasumas, qorannoo qorataa Sisaay waliinis qorannoo koo kan isaan walfakkeessu matadureen qorannoo dhihannaafi ga’umsa qabiyyeewwan seerlugaa irratti xiyyeeffachuu isaanii, gosoota qormaataa dandeettii safarurratti xiyyeeffachuu isaanii, amaloota qormaata gaariirratti xiyyeeffachuun isaanii qabxiiwwan isaan walfakkeessuudha.

Walumaagalatti qorannoo kana qorannoowwan armaan oliirratti ibsaman irraa wantii adda isa taasisu xiinxala dhihannaafi ga’umsa gaaffiilee seerlugaa qormaata xumuraa BAO kutaa $12^{ffaa}$ bara barnootaa 2012fi 2013tti barsiisota Mana barumsa Sokorruu sadarkaa $2^{ffaa}$tiin qopha’anii kennamaa turan irratti xiyyeeffachuun dhihannaafi ga’umsa qabiyyeewwan seerlugaa yaada hayyootaarratti hundaa'uun gaaffiileen dhiyaatan haala madaalawaa ta'een sakatta'ameera. Tooftaafi qajeelttoowwan haala dhihannaa qormaataa gosa qorannoo makaan saxaxa ibsaa fayyadamuun gaaffiileen seerlugaa qormaata keessa jiran madaalamaniiiru.Akkasumas, dhihannaafi ga’umsa qormaataa qofa irratti kan xiyyeeffatame yammuu ta'u, sirrummaa qabiyyeewwan qormaataafi tooftaa dhihannaa isaanii sakatta'ameera.Haaluma kanaan gaaffiiwwan bu'uuraa ka'umsa qorannoo kanaa jadhamanii dhihaatan martuu qorannoo kana keessatti deebiin kennmeefii jira.

# BOQONNAASADII: MALLEEN QORANNICHAA

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo kaayyoowwan qorannichaa bu’uura godhachuun dhihaata.Yaada kana ilaalchisuun Addunyaa, (2011:63) hayyoota Cohen, Manion and Morrison (2005:75) wabeeffachuun yoo ibsu, “Research design is governed by the purpose.The purpose of research determine the methodology and design of research,” jedha. Yaada kanarra kan hubatamu, saxaxni qorannoo tokkoo kaayyoowwan qorannichaan kan murtaa’u ta’uusaa agarsiisa. Qorannoo kana keessatti saxaxa qorannoo ibsaa gosa qorannoo akkamtaafi hammamtaa (wal makaa) waliin walitti firoomsee hojiirra oolchuun kaayyoo qorannoo kanaa kan ta’e dhihannaafi ga’umsa gaaffiilee seerlugaa qabiyyeewwan qormaata xumuraa seem.$1^{\text{ffaa}}$fi $2^{\text{ffaa}}$ BAO kutaa $12^{\text{ffaa}}$ barsiisotaan qopha’aanii bara 2012fi 2013tti kennamaa turan sakata’ameera.

Sababiin saxaxnii qorannoo kun filatameefis saxaxnii qorannoo amala isaatiin saxaxa baaqqee, saxaxa firoomsaafi saxaxa waldorgomsiisaa waliin qindaa'uun waan tajaajiluuf yammuu ta'u, Sababni malli kun filatameef immoo, odeeffannoowwan walitti qabaman mala lakkoofsaafi ibsaan hiikuun waan barbaachiseefidha. Kunis kan ta’eef, ragaalee bifa bilchina qabuun funaanaman qaaccessuuf barbaadameeti. Kun immoo mala tokkotti fayyadamuu caalaa rakkinacha gadifageenyaan akka hubatan gargaara (Creswell, 2009).Kanarraa wanti hubatamu malli makaan odeeffannoo walitti qabuuf, qaaccessuufi odeeffannoo ammamtaafi akkamtaa qorannoo qeenxee keessatti walitti makuun adeemsawwan raawwataman kan ilaallatu ta’uu isaati.

## 3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo qaama ykn wanta qorannoon tokko irratti gaggeffamu yoo ta’u, qorannoon kuni xiinxala dhihannaafi ga’umsa gaaffilee seerlugaa qabiyyee qormaata xumura seem.$1^{\text{ffaa}}$fi $2^{\text{ffaa}}$ BAO kutaa $12^{\text{ffaa}}$ barsiisotaan bara 2012fi 2013tti qopha’anii kennaman irratti waangaggeefameef, irraawatamnii qorannichaas qormaata xumura seem.$1^{\text{ffaa}}$fi $2^{\text{ffaa}}$ BAO kutaa $12^{\text{ffaa}}$, kitaaba barnootaafi qajeelchii barsiisaa irraa argaman madda odeeffaannoo sadarkaa tokkoffaa jedhamu. Maddi raga lammaffaan immoo barsiisota Afaan Oromoo kutaa $12^{\text{ffaa}}$ barsiisaniidha. Barsiisota Mana Barnoota Sokorruu sad. $2^{\text{ffaa}}$ kutaa $12^{\text{ffaa}}$ BAO barsiisan afran (4) isaanii akka iddattootti fudhachuudhaan waa’ee qormaata seem.$1^{\text{ffaa}}$fi $2^{\text{ffaa}}$ BAO bara 2012fi 2013tti qopha'anii kennaman irratti odeeffannoon irraa fudhatameera.

## 3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu Qorannichaa

Mallii iddatteessuu qorannoo kana gaggessuu keessatti dhimma itti bahame tooftaa iddatteessuu kaayyeeffataa (Purposive sampling)dha. Haaluma kanaan filannoo Mana barumsaa tooftaa iddatteessuu kaayyeefataatti gargaaramuun Manneen barnootaa sadarkaa $2^{ffaa}$ Aanaa Sokorruu keessatti argaman keessaa Manni barumsa Sokorruu sad.$2^{ffaa}$ filatameera. Sababni Manni barumsaa kun filatameefis, Aanacha keessatti Manni barumsa Sad. $2^{ffaa}$ jaha jiran keessaa kutaa $11^{ffaa}$fi $12^{ffaa}$ kan jiru Magaalaa Sokorruu keessatti qofa waanargamuufidha. Akkasumas, qorataan bakki jireenya isaa naannoo sana waanta'eef odeeffannoo gahaa ta'e argachuu nandanda'a amantaa jedhuuni.

Barsiisota Mana barumsa kana keessaa filachuuf immoo tooftaa iddatteessuu argamteetti dhimma bahuun barsiisota BAO kutaa $12^{ffaa}$ barsiisan hundi filatamaniiru.Sababni tooftaa kanatti fayyadameef, barsiisonni Afaan Oromoo kutaa $12^{ffaa}$ barsiisan aantee waan qabaniif, dhimma qoratamu irratti muuxannoo gahaa ta'e qabaachuusaanii waanbeekamuuf odeeffannoon gahaa ni'argama jedhamee waanyaadameef akkasumas, barsiisonni Afaan Oromoo kutaa $12^{ffaa}$ barsiisan afur yammuu ta'an afran isaaniiyyuu carraa tokko malee iddatteeffadheera.

Akkasumas, qormaata xumura seem. $1^{ffaa}$fi $2^{ffaa}$ BAO kutaa $12^{ffaa}$ bara 2012fi 2013tti barsiisotaan qopha'anii kennamaa turan tooftaa iddatteessuu kaayyeeffataadhan filatameera.Sababni tooftaa kanatti fayyadameef, kaayyoo qornnochii qabatee ka'e galma gahuu danda'u jadhee waanamanuufi tooftaan kun amala isaatiin barbaachisaa ta'ee waanargameefi sababoota ka'umsa qorannochaa keessaa qormaannii xiyyeefatamoon isa tokko waanta'eefidha. Kanaafuu, qormaannii xiyyeeffatamoon kun tooftaa iddatteessuu kaayyeeffataadhaan filatamuun isaanii galma gahiinsa kaayyoo qorannoo kanaaf shoorri isaan qaban olaanaadha.

## 3.4. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaanaman

Qorannoon tokko yemmuu adeemsifamu tooftaa garagaraa fayyadamuudhaan odeeffannoo funaannachuun dirqamata'a. Haaluma kanaan qorataan kunis, tooftaalee funaansa ragaalee jiran keessaa tooftaa sakatta'a dookumantiifi af-gaaffiitti dhimma ittibaheera.

### 3.4.1. Sakatta'a Dookumantii

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu qorataan akkuma amalaafi gosa qorannoosaatti ragaa funannaachuuf meeshaalee barbaachisaa ta'an filachuunsaa murteessaadha.Haaluma kanaan

qorataan kunis, tooftaalee funaansa ragaalee jiran keessaa tooftaa sakatta’a dookumantiitti fayyadameera.Waa’ee sakatta’a dookimantii ilaalchisee Dastaa (2013:131) yemmuu ibsu, “barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootitti nama fayyadan hedduutu jiru.Isaan keessaa kanneen akka kitaabotaa, xalayootaa, gaazexaa, barruulee addaddaa, waraqaa ragaa, nagahee, ajandaa, qaboo yaa’ii, barreeffama mana murtii, yaadannoofi kkf yammuu ta’an, ragaawwan kunniin mana kitaabaatti ykn namoota harkatti argamuu danda’u.” jedha.

Bu’uuruma kanaan qorataan meeshaa fuunaansa ragaalee kanatti gargaaramuun ragaalee kanneen akka qormaata xumura seem.$1^{ffaa}$fi $2^{ffaa}$ BAO kutaa $12^{ffaa}$ barsiisotaan bara 2012fi 2013tti qopha'anii kennamaa turan keessatti gaaffiileen seerlugaa hammataman walsimannaan isaan kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa waliin qabaniifi qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataatiin qophaa'uufi dhiisuu isaanii sakatta'uuf yaaliin taasifameera. Kanaafuu, waraqaa qormaataa waggaa lamaa (2012fi 2013), kitaaba barnootaafi qajeelcha barsiisaa kutaa $12^{ffaa}$ sakata’uun qaacceffameera

### 3.4.2. Afgaaffii Barsiisotaa

Meeshaaleen odeeffannoon ittiinfunaaname kan biraan afgaaffii barsiisotaaf dhiyaateedha.Gaffileen afaaniin gaafachuuf mijatoo ta’an jaha haala banaafi ifa ta’een qophaa’ee barsiisota Mana Barumsaa Sokorruu Sad.$2^{ffaa}$ BAO barsiisaniif dhiyaachuun gaafatamaniiru. Baayinni barsiisotaa afur yammuu ta’an, afran isaaniiyyuu kutaa $12^{ffaa}$ kan barsiisan dhiira 3 Dubara 1dha. Afgaaffiin dhiyaate kun barsiisonni haala dhihaannaafi ga’umsa gaaffiilee seerlugaa qabiyyee qormaata xiyyeeffatamoon maal akka fakkaatan yaadasaanii akka jechaan ibsaniif karoorfamee kan dhiyaateedha. Afgaaffiin barsiisotaa kunis, kan gaafatame Mana barumsaa keessatti yammuu ta’u, Caamsaa kudhalamaa hanga Caamsaa kudhajahaatti (12-16/07/2014) dha.

Akka Dastaan (2013:111) ibsutti, “Afgaaffiin gosoota odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta’ee kan qorataafi odeef-kennaan fuulleetti wal arganii odeeffannoo walii kennanidha.Odeeffannoon afgaaffiidhaan funaanamu wanti gaarii taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf odeef-kennaan gaafachuu danda’uu isaati.” jedha.Kanaafuu, qoratichii yaada kana bu’uureffachuun meeshaalee odeeffannoo ittifunaanan keessaa tokko kan ta’e afgaaffiitti dhimma baheera.

## 3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee

Ragaaleen karaa meeshaalee odeeffannoowwan ittisassaabaman armaan oliitti caqasamaniin walitti qabaman mala qorannoo makaatiin fayyadamuun xinxalameera. Haaluma kanaan kaayyoolee gooree qorannooo kanaa 1$^{ffaa}$fi 2$^{ffaa}$ deebisuuf ragaawwan walitti qabaman tooftaa addeessaatiinifi istaatiksii ibsaatiin fayyadamuun sadarkaa kennuu, qabxii giddugaleessaa kaa'uun garaagrummaa isaanii lakkoofsaafi dhibbeentaan xinxalameera.

Akkasumas, ragaalee sakatta'a KB, QB BAO kutaa 12$^{ffaa}$ fi qormaata xumura seem.1$^{ffaa}$fi 2$^{ffaa}$ BAO kutaa 12$^{ffaa}$ barsiisotaan bara 2012fi 2013tti qopha'anii kennamaa turan irraa argaman gara hammamtaatti jijjiiruun hariiroo isaan gidduu jiru beekuuf mala koofsheentii sadarkaa walitti dhufeenyaa ispiirsmaaniidhaan /Spearman's rank correlation coefficient/ fayyadamuun qaacceeffameera.Yaada kana ilaalchisee akka Yaalaw (1998) ibsuutti, hariiroo jijjiiramtoota garaa garaa gidduu jiru beekuuf kan nudandeessisu safartuuwwan hanga firoominaa gosoota adda addaa akka jiran niibsa. Haaluma kanaan safartuuwwan hariiroo jijjiiramtoota lama jidduu firoomina jiru ykn hanga walitti dhufeenyaafi kallattii isaanii murteessuuf kan gargaaru ta'uu isaa nihubachiisa. Haaluma kanaan qaaccessi kun kaayyoo lakkoofsa sadaffaarra jiruuf deebii kenne. Odeeffannoowwan kanneen qaaccessuuf formulaan hojiirra oole: $P = 1 - \frac{6x\sum D^2}{N(N^2-1)}$

- P = Spearman's rank-order correlation coefficient (Koofsheentii sadarkaa walitti dhufeenyaa ispiirsmaanii)
- D= Difference between Ranks of Corresponding Pairs of X&Y (Garaagarummaa sadarkaa qabiyyeewwan lammaanii (XfiY) )
- N = No of observation (Baayyina qabiyyeewwan sakatta'amanii (Baayyina Tuutaa))
- $\sum$ = sum = Bu'aa (Ida'ama)
- 6 = constant = Dhaabbataa

Bu'uuruma kanaan bu'aan ida'ama kanaa ykn P = 1.00 yoo ta'e firoomina sirrii akka jiru agarsiisa. Bu'aan ida'ama kanaa ykn P= 0.00 yoo ta'e immoo firoominnii tasumaa akka hinjirre agarsiisa. Akkasumas, bu'aan ida'ama kanaa ykn P= -1.00 yoo ta'e firoomina sirrii hintaane akka jiru agarsiisa.

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa isa dhumaa deebisuuf ragaawwan walitti qabaman mala akkamtaatti dhimma bahuun odeeffannoowwan afgaaffii barsiisota irraa argaman akkasumas,

ragaawwan sakatta'a dookimantiin walittiqabaman irratti hundaa’uun qormaannii xiyyeeffatamoon qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataatiin maal akka fakkaatan mala ibsaatiin xiinxalamuun dhiyaataniiru.

# BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE

Kaayyoon qorannoo kanaa haala dhihannaafi ga’umsa gaffiilee seerlugaa qabiyyee qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa bara 2012fi 2013tti barsiisota Mana barumsa Sokorruu sad. 2ffaatiin qopha’anii kennamaa turan xiinxaluudha.Haaluma kanaan kaayyoo qorannachaa irratti hundaa'uun ragaawwan sakatta'a kitaaba barnootaa, qajeelcha barsiisaafi qormaata xumuraa BAO bara 2012fi 2013tti barsiisotaan qophaa'anii kennamaa turaniifi ragaalee afgaaffiin funaanaman yaada hayyootaa sakattaa barruu keessatti ibsaman bu'uura taasifachuun xiinxalameera.

## 4.1. Qaaccessa ragaalee sakatta’a dookimantii irraa argaman

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa bara 2012fi 2013tti Mana barumsa Sokorruu sad.2ffaatti qormaata xumura seem.1ffaafi 2ffaa BAO kutaa 12ffaa barsiisotaan qophaa'anii kennamaa turan keessatti gaffiilee seerlugaa hammataman haala dhihannaafi ga’umsa qabiyyeewwanii madaaluudha. Ragaawwan sakatta'a dookimantiifi af-gaaffiin sassaabaman akkaataa gaaffilee bu'uuraa qorannoochaarratti hundaa'uun akka armaan gadiitti duraaduuba isaaniitiin xiinxalamuun dhiyaataniiru.

### 4.1.1. Qabiyyeewwan Seerlugaa Qormaata Keessatti Hammataman.

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa innii jalqabaa "Qormaata xumura seem.1ffaafi 2ffaa BAO kutaa 12ffaa barsiisotaan bara 2012fi 2013tti qopha'anii kennamaa turan keessatti qabiyyeewwan seerlugaa gurguddoofi xixiqqoon maal maal fa'atu hammatamanii argamu?" kan jedhudha. Qabiyyeewwan seerlugaa gurguddoon qabiyyeewwan xixiqqoo garaagaraa ofkeessatti hammatanii argamu. Qabiyyeewwan seerlugaa kanneen adda baasuun beekuun qormaata kennamaa turan keessatti qabiyyeewwan seerlugaa dhihaataniifi hindhiyaanne adda baasuuf gargaara.

Akkasumas, ga’umsa qabiyyeewwan qormaataa sakatta'uuf waannudandeessisuuf maalummaa seerlugaa ilaalchisee yaada hayyootaa adda addaa boqannaa lama keessatti ibsaman bu'uura taasifachuun qormaata xiyyeefatamoo kana keessatti qabiyyeewwan seerlugaa hammataman maal fa'a akka ta’an sakatta’a taasisuun gabatee armaan gadii keessatti qaaceessuun dhiyaateera.

**Gabatee 1: Qabiyyeewwan Seerlugaa Gurguddoofi Xixiqqoo Qormaata Xumuraa BAO Kutaa 12ffaa Bara 2012fi 2013tti Barsiisotaan Qopha'annii Dhiyaataa Turan.**

| Lakk | Qabiyyeewwan seerlugaa | |
|---|---|---|
| | **Qabiyyeewwan** | **Qabiyyeewwan seerlugaa gooree** |
| 1 | Afaan | Maalummaa Afaanii Amaloota Afaanii |
| 2 | Dhamsaga | Bakka uumama, haala uumamafi amala dhamsagoota dubbifamaafi dubbachiiftuu, ulaagaa faca'iinsaa dhamsagaa, firsaga |
| | | Maalummaa, gosoota Birsagaa, Caasaa Birsagaa, qaama birsagoota dhiyaatan caasaan agarsiisi. |
| 3 | Dhamjecha | Maalummaa dhamjecha, Garaagarummaa dhamjechaafi jechaa, akaakuu dhamjechaa dhamjecha hirkataa, Walaba, hundee, tajaajila fufii fufii horteefi uumamtee horteen hundee jechaarratti dabalamuun horsiisuuf gargaaru fkn baay'ina, koorniyaa, matima, ramaddiifi haala raawwii agarsiisu. Maalummaafi faayidaa dhamjecha uumamtee (yaasaa) bakka ittigalan irratti hundaa'uun gosoota Fufiilee, duree duubeefi naannee. |
| 4 | Garee jechootaa | Maqaafi gosoota isaa, maqaalee uumamteefi maqaalee haadhoo, Maqibsaafi gosota isaanii, maqibsoota bu'uuraafi uumamtee, maalummaa tajaajilafi gosoota durduubee, maalummaa, tajaajilafi akaakuu gochima, gochimoota darbeeyyii, faaldarbeeyyi, gochima Walqabsiituu, gochima ta'umsaa, gochima gocha agarsiisu. |
| | | Bamaqaafi akaakuu bamaqaa bamaqaa matayyaa, bamaqaa iyyaafannoo, bamaqaa ufnaa, bamaqaa waliyyoo, bamaqaa eertoofi bamaqaa waliingaa, Gochibsootaafi gosoota gochibsaa, Ibsa gochimoota yeroo, Ibsa gochimoota iddoo, Ibsa gochimoota akkaataa, Ibsa gochimoota meeshaa |
| 5 | Jechoota haaraa uumuu | Jechoota diigalaan uumaman, Jechoota waliin deeman |
| 6 | Hennaa | Maalummaa hennaafi gosoota isaa hennaa ammaa, Hennaa darbe , Hennaa dhufu Raawwima Ammeennaa, Hennaa Amsiiqaa, Hennaa raawwima darbeennaa, Hennaa tarsiiqaa, Hennaa murannaa, Hennaa murannala |
| 7 | Gaalee | Maalummaa gaalee, akaakuu gaalee, Miseensa gaalee, ulaagaa gaalee, gaalee maqaa, gaalee gochimaa, gaalee maqibsaa, gaalee firoomsee, gaaleewwan dhiyaatan keessaa mataa, miiltoofi murteessituu addaan baasuu. Akkaakuu miiltoowwaniifi murteessitoota addaan baasuu |

| | | |
|---|---|---|
| 8 | Hima | Maalummaafi akaakuu himaa caasaafi tajaajila isaanii bu'uureffachuun qooduu.Hima Caasaadhaan, Hima Leexaa, Hima dachaa, Hima xaxamaa, Hima dachaa xaxamaa, Seera loojikiitiin himoota sirreessuu, Wal-simannaa matima, aantimaafi gochimaa, |
| 9 | Ciroo | Maalummaafi gosoota ciroo, Maalummaafi faayidaa Otoolaafi Otoolta'afi akaakuu Ciroo otoolaa. |
| 10 | Walqabsiistuu | Walqabsiistuufi gosoota isaa: walqabsiisota of danda'oofi hirkatoo Walqabsiitoota armaan gadii bakka duwwaarratti guutuun keeyyata dhiyate irra deebi'ii barreessi. |
| 11 | Sirna tuqaalee | Gosootaafi tajaajila sirna tuqaalee tuqaa, tuq-lamee, qoodduu jabaa, qoodduu, sarara xiqqaa, hammattuufi raajeffannoo<br>Sirna tuqaalee bakka sirrii ta'atti fayyadamuu. |

Haaluma kanaan ragaa hayyootaa bu'uura taasifachuun qabiyyeewwan seerluga gooree jalatti argaman adda baasuunifi xiinxaluun fedhii maalummaa seerlugaa gadifageenyaan akka beeknu nutaasisa. Akkasumas, gaaffiilee ijoo ittiaananii dhufan deebii sirrii ta'an akka argatan gochuu keessatti shoorrii innii qabu olaanaadha.

### 4.1.2. Uwwisa Qabiyyeewwan Seerlugaa Qormaata xiyyeeffatamoo Keessatti.

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa innii 2ffaan "Qormaata xumuraa seem.1ffaafi 2ffaa BAO kutaa 12ffaa bara 2012fi 2013tti barsiisotaan qophaa'aanii kennamaa turan keessatti qabiyyeewwan seerlugaaf uwwisnii kenname qabiyyeewwan dandeettii Afaanii kanneen biroo waliin yammuu wal bira qabnu hammam ta'a?" kan jedhu yammuu ta'u, sakatta'a dookimantiin ragaawwan sassaabaman istaatiksii ibsaatiin xinxalameera.Bu'aan isaas akka armaan gadiitti gabateen dhiheessuuf yaalameera.

**Gabatee 2: Qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa Barsiisotaan Bara 2012fi 2013tti Qopha'anii kennamaa turan Keessatti Dandeettii Afaanii hammatman Lakkoofsaanifi Dhibbeentaadhaan**

| *Lakk.* | *Qabiyyeewwan Gaaffiilee* | *Bara gaaffiileen qormaataa ittidhiyaatan* | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | *2012* | | | | *2013* | | | | *Id.Bara 2012 fi 2013* | | *Sad.* |
| | | *Seem.1* | *Seem.2* | *Sem.1fi 2* | *%* | *Seem.1ffaa* | *Seem.2ffaa* | *Sem.1fi* | *%* | | | |
| | | *Lak* | *Lakk* | *Lakk* | | *Lakk* | *Lakk* | *Lakk* | | *Lakk* | *%* | |
| *1* | *Dandeettii dubbisuu* | | *5* | *5* | *6* | | *6* | *6* | *7* | *11* | *6* | *4* |

| | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| *2* | *Dandeettii barreessuu* | | *3* | *3* | *3.4* | | | | | *3* | *2* | *5* |
| *3* | *Dandeettii dubachuu* | | | | | | | | | | | |
| *4* | *Dandeettii dhaggeefachuu* | | | | | | | | | | | |
| *5* | *Ogbarruu* | *5* | *9* | *14* | *16* | *5* | *9* | *14* | *16* | *28* | *16* | *3* |
| *6* | *Seerlugaa* | *32* | *17* | *49* | *56* | *29* | *24* | *53* | *62* | *102* | *59* | *1* |
| *7* | *Jechootaa* | *10* | *6* | *16* | *18* | *7* | *6* | *13* | *15* | *29* | *17* | *2* |
| *Ida'ama* | | *47* | *40* | *87* | *100* | *41* | *45* | *86* | *100* | *173* | *100* | |

Gabatee armaan olirraa hubachuun akka danda'amutti qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa bara 2012fi 2013 barsiisotaan qophaa'anii kennamaa turan waliigalaan gaaffiiwwan **173** qaba. Kanneen keessaa baay'innii gaaffiilee seerlugaa 102 (dhibba tokkoof lama) dha. Baay'innii gaaffiilee seerlugaa baay'ina gaaffilee qormaataa waliigalaan yammuu ilaalamu, $\frac{\text{Baayyina gaaffilee qabiyeeraa bahan} \times 100}{\text{baayyiina gaaffilee waliigalaati}}$ Kana jechuun, $\frac{102\times100}{173} = \%\mathbf{58.955}$ kan ta'u qabateera.

Haaluma kanaan gaaffileen qormaata bara xiyyeeffatamoo kanaa yammuu ilaallu; Baay'ina gaaffiilee qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa bara 2012 kan seem. 1ffaaf qophaa'e, 47 yammuu ta'u, Seemistara kanatti gaaffilee qormaataa qophaa'e keessaa baay'innii gaaffilee seerlugaa 32 hammatamaniiru. Gaaffileen kunniin, $\frac{32\times100}{47} = \%\mathbf{68.085}$ kan ta'u facaatiin kennameefiira. Baay'ina gaaffiilee qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa bara 2012 seem. 2ffaaf qophaa'e 40 yammuu ta'u, Seemistera kanatti gaaffilee qormaata qophaa'e keessaa baay'innii gaaffilee seerlugaa 17 hammatamaniiru. Gaaffileen kunniin yammuu shallagamanu,$\frac{17\times100}{40} =$ %42.5 kan ta'u uwwisnii kennameefiira.

Walumaagalatti baay'innii gaaffilee qormaata BAO kutaa 12ffaa barsiisotaan bara 2012tti qophaa'e 87 (saddeettamii torba) dha. Kanneen keessaa baay'innii gaaffiilee seerlugaa qormaata kana keessatti hammataman 49 (afurtamii sagal) yammuu ta'an; Gaaffileen kunniin yammuu shallagamanu, $\frac{49\times100}{87} = \%\mathbf{56.321}$ kan ta'u uwwisnii kennameefiira.

Baay'ina gaaffiilee qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa bara 2013 seem.1ffaaf qophaa'e 41 dha. Seemmistera kanatti gaaffilee qormaataaf qophaa'e keessaa baay'innii gaaffilee seerlugaa 29 kan hammataman yammuu ta'u, gaaffileen kunniin yammuu shallagaman, $\frac{29\times100}{41} = \%\mathbf{70.731}$ kan ta'u uwwisnii kennameefiira. Baay'innii gaaffiilee qormaata BAO kutaa 12ffaa bara 2013 seem.2ffaaf qophaa'e 40 yammuu ta'u; gaaffilee qophaa'e keessaa baay'innii gaaffilee seerlugaa 24 hammatamaniiru. Gaaffileen kunniin, yammuu

shallagamanu, $\frac{24\times100}{41} = \%58.536$ kan ta'u uwwisnii kennameefiira. Baay'innii gaaffilee qormaata bara 2013 seem.1ffaa fi 2ffaa tti qophaa'e 86 yammuu ta'u; Kanneen keessaa baay'ina gaaffiilee seerlugaa 53 kan ta'an qormaata kana keessatti hammatamaniiru.Gaaffileen kunniin, yammuu shallagamanu, $\frac{53x100}{86} = \%61.627$ qormaaticha keessatti uwwisa argataniiru.

Walumaagalatti bara 2012fi 2013tti baay'innii gaaffilee qormaata qophaa'anii dhiyaatan 173 yammuu ta'an, kanneen keessaa baay'innii gaaffiilee seerlugaa 102 qormaata xiyyeeffatamoo keessatti hammatamaniiru. Kana jechuun, $\frac{102\times100}{173} = \%\mathbf{58.955}$ kan ta'an bakka buu'iinsa (Representative Sampling) argataniiru.

Armaan oliitti qabiyyeewwan seerlugaa qormaata xiyyeeffatamoo keessatti facaatii kennameef dandeettiiwwan Afaaniitiin walbira qabuun kan ilaalamanidha.

Qabiyyeewwan seerlugaa gooree ilaalchisee akka armaan gadiitti dhiyaateera.Yaada kana ilaalchisee Brown (1996:22) akka ibsuutti, qormaannii tokko qabiyyeewwan, mata dureewwanfi kkf hunda kan hammate yoo ta'efi qoramaanis amala ittiin madaalamuu barbaadu qormaatichaan akka deebisu ta'ee yoo qophaa'e, akkasumas, gochoota adeemsa baruufi barsiisuu daree barnootaa keessatti raawwataman bakka bu'uun kan iddatteeffaman (Representative Sampling) yoo ta'an, qormaatichii ga'umsa qabiyyee qaba jedhamuu nidanda'a. Kanaafuu, yaada kana bu'uura taasifachuun bara 2012fi 2013 qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa f dhiyaate keessatti qabiyyeewwan seerlugaa xixiqqoof haguuggiin kennameef gabatee armaan gadii keessatti dhiyaateera.

**Gabatee 3: Qormaata Xumuraa BAO Kutaa 12ffaa Barsiisotaan Bara 2012fi 2013 Qopha'anii Kennamaa turan Keessatti Uwwisa Qabiyyeewwan Seerlugaa Gooreen Qaban**

| Lakk | Qabiyyeewwan seerlugaa | Baayyina Gaaffilee Seerlugaa | | | | | | | | Id. | % | Sad. |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 2012 Seemsteeraan | | | | 2013 Seemsteeraan | | | | | | |
| | | 1ffaa | 2 ffaa | Id | % | 1ffaa | 2ffaa | Id. | % | | | |
| 1 | Maalummaafi amala Afaanii | 1 | 2 | 3 | 6 | 2 | 2 | 4 | 7.5 | 7 | 7 | 6 |
| 2 | Dhamsaga | 9 | 1 | 10 | 20 | 13 | 3 | 16 | 30 | 26 | 25 | 1 |
| 3 | Dhamjecha | 8 | | 8 | 16 | 2 | 4 | 6 | 11 | 14 | 14 | 3 |
| 4 | Garee jechootaa | 4 | 1 | 5 | 10 | 3 | 6 | 9 | 17 | 14 | 14 | 3 |
| 5 | Hennaa | | 6 | 6 | 12 | 2 | | 2 | 4 | 8 | 8 | 5 |

| | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 6 | Jechoota haaraa uumuu | 3 | 3 | 6 | 12 | 3 | 1 | 4 | 7.5 | 10 | 10 | 4 |
| 7 | Gaalee | 4 | 3 | 7 | 14 | 3 | 5 | 8 | 15 | 15 | 15 | 2 |
| 8 | Ciroo | | | | | | | | | | | |
| 9 | Himoota | 1 | 1 | 2 | 4 | 1 | 3 | 4 | 7.5 | 6 | 6 | 7 |
| 10 | Walqabsiiftoota | | | | | | | | | | | |
| 11 | Sirna tuqaalee | 2 | | 2 | 4 | | | | | 2 | 2 | 8 |
| Ida’ama | | 32 | 17 | 49 | 100 | 29 | 24 | 53 | 100 | 102 | 100 | |

Gabatee armaan oliirraa hubachuun kan danda'amu qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa bara 2012fi 2013 keessatti baay’ina gaaffilee seerlugaa iddatteeffaman 102 (dhibba tokkoof lama) yammuu ta'an, Kunis, gaaffiilee qormaata waliigalaarraa dhibbeentaan yammuu ibsamu, $\frac{\text{gaaffiilee qabiyeecha irraa bahan x 100}}{\text{gaaffilee waliigalaa ta'a}}$ Kunis, $\frac{102\times100}{173} = \%\mathbf{58.955}$ kan ta'an bakka bu'iinsa argtanii turan.

Bu'uuruma kanaan, qabiyyeewwan seerlugaa xixiqqaan qormaaticha keessatti dhiyaatan uwwisnii isaan qaban akka armaan gadiitti xiinxalamuun dhiyaataniiru.Kunis, Maalummaafi amala Afaanii gaaffii 7 (7%), Dhamsagnii gaaffii 26 (25%), Dhamjechii ,Gareen jechootaa gaaffii 14 (14%), Hennaa gaaffii 8 (8%), Jechoota haaraa uumuu gaaffii 10 (10%), Gaaleen gaaffii 15 (15%), Ciroo gaaffii 0 (% 0), Himoota gaaffii 6 (6%), Walqabsiiftoota gaaffii 0 (0%), Sirna tuqaalee gaaffii 2 (2%) kan ta'u bakka bu'iinsa argachuun waliisaanii gidduutti walsimannaa walhinginne qabaachuun argamaniiru.

Akkasumas, qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO keessatti uwwisa osoo qabaatanuu qormaata xiyyeeffatamoo keessatti garuu bakka bu'iinsa tasa kan hinkenamneef jiru. Kanneen keessaa bara 2012 seem.1ffaatti qormaata dhiyaate keessaa Hennaa waytii (2), Ciroo waytii (2) fi Walqabsiiftootaaf waytii (3) kitaaba BAO keessatti uwwisnii kennameefi osoo jiruu qormaata xiyyeeffatamoo keessatti garuu gaaffii 0 (%0), bara 2012 sem.2ffaattis qabiyyeewwan kanneen akka dhamjechootaaf waytii 5, Ciroof waytii (2), Walqabsiiftootaaf waytii (3), Sirna tuqaaleef waytii (2) kitaaba BAO keessatti uwwisnii kennameefi osoo jiruu qormaata xiyyeeffatamoo kana keessatti garuu gaaffii 0 (%0) ykn gaaffiin osoo hingaafatamin dagatamaniiru.

Haaluma walfakkaatuun, bara 2013 seem.1ffaa qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaaf dhiyaate keessatti qabiyyeewwan Ciroof waytii (2), Walqabsiiftootaf waytii (3), Sirna tuqaaleef waytii (2) kitaaba BAO keessatti uwisnii kennameefi osoo jiruu qormaata xiyyeeffatamoo

keessatti garuu gaaffii 0 (%0) osoo hinqophaa'iniif dagatamuusaanii akkasumas, bara 2013 sem.2[ffaa] qormaata dhiyaate keessatti qabiyyeewwan hennaaf waytii (2), ciroof waytii (2), walqabsiiftootaf waytii (3), sirna tuqaaleef waytii (2) kitaaba BAO keessatti uwisnii kennameefi osoo jiruu qormaata xiyyeeffatamoo keessatti garuu gaaffii 0 (%0) ykn gaaffiin osoo hinqophaa'iniif dagatamaniiru.

Walumaagalatti qabiyyeewwan seerlugaa kanneen akka ciroof waytii (2), walqabsiiftoota waytii (3), kitaaba BAO keessatti ramadameefii osoo jiruu qormaata xumuraa bara 2012fi 2013tti barsiisotaan qopha'anii kennamaa turan keessatti gaaffii osoo hingaafatamiin ykn haguuggiin akka hinkennamneef bira gahameera.

Qabiyyeewwan seerlugaa kunniin qormaaticha keessatti osoo hinhammatamiin hafan, Daree barnootaa keessatti waytiin qabiyyeewwan seerlugaa lamman kana barsiisuuf yeroon akka waliigalaatti ramadameef yammuu shalagamu sa'aa **3.333** ykn waytii 5 uwwisa osoo qabanuu qormaatacha keessatti hammatamuu dhabuun isaanii sirrummaa hinqabaatu. Kun immoo ga'umsaafi haalli dhihannaa qormaatichaa gaaffii keessa kan galchu ita'a.

### 4.1.3. Hariiroo Qabiyyeewwan Qormaata Seerlugaafi Kitaaba BAO

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa innii 3[ffaa]n, "Qormaata xumuraa BAO kutaa 12[ffaa] barsiisotaan bara 2012fi 2013tti qopha'anii kennamaa turan keessatti gaaffiileen seerlugaa dhihaatan walsimannaan isaan qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa xiyyeeffatamoo keessatti dhihaatan waliin walitti dhufeenyi isaan qaban maal fakkaata?" kan jedhu yammuu ta'u, Xiyyeefannoo qorannoo kanaa kan ta'e kitaaba BAO kutaa 12[ffaa] keessatti qabiyyeewwan seerlugaa kudha tokko (11)fi gaaffiilee seerlugaa dhibba tokkoof lama (102) qormaata kana keessatti hammatamaniiru. Bu'uuruma kanaan hanga firoominan qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa BAO Kutaa 12[ffaa]fi qormaata xiyyeeffatamoo jidduu jiru beekuuf foormulaa mala koofisheentii sadarkaa walitti dhufeenyaa ispiirismaaniitti gargaaramuun firoomina qabiyyeeewwanii kan xiinxalame yammuu ta'u, akka armaan gadiitti duraaduuba isaaniitiin qaacceeffamuun dhiyaataniiru.

**Gabatee 4.Waytitii Qabiyyeewwan BAO Kutaa 12[ffaa] Barsiisuuf Ramadame Lakkoofsaafi Dhibbentaan**

| *Lakk* | *Qabiyyeewwan* | *Baay'ina Waytitii* | *Waytitii %* | *Sad.* |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Dubbisuu | 47 | 29.5 | 1 |
| 2 | Barreessuu | 20 | 12.57 | 3 |
| 3 | Dubbachuu | 19 | 12 | 4 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 4 | Dhaggeeffachuu | 9 | 5.66 | 7 |
| 5 | Seerluga | 37 | 23 | 2 |
| 6 | Ogbarruu | 10 | 6.2 | 6 |
| 7 | Hiika jechootaa | 17 | 11 | 5 |
| Ida'ama | | **159** | **100** | |

**Madda: Qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 12ffaa bara 2005 ALI maxxanfame**

Gabatee armaan oliirraa akka hubatamutti wayitiin qabiyyeewwan BAO kutaa 12ffaa barsiisuuf ramadame 159 keessaa qabiyyee dubbisuuf wayitii 47 (29.5%) ramadameera.Haaluma kanaan qabiyyee seerlugaaf wayitii 37 (23%) kan ramadameef yammuu ta'u, qabiyyeewwan lamman kana yoo ilaalle xiyyeeffannoo guddaan laatameeraaf. Qabiyyee dandettii barreessuufi dubbachuuf walduraa duubaan wayitii 20 (12.57%)fi 19(12%) kennamuun xiyyeeffannoo walitti dhihaatu argataniiru. Qabiyyeen jechootaa wayitii 17 (11%) yammuu qabaatu, Ogbarruufi dhaggeeffachuuf walduraa duubaan wayitii 10 (6.2%)fi 9 (5.66%) qabaachuun xiyyeeffannoo gadaanaa ta'e argataniiru.

Qabiyyeewwan seerlugaa qajeelcha barsiisaa BAO kutaa 12ffaa keessatti wayitii ramadameen qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa bara 2012fi 2013 barsiisotaan qopha'anii kennamaa turan keessatti xiyyeeffannoo argachuufi dhiisuu isanii ilaaluun barbaachisaadha.Kanatti aansuun qabiyyeewwan qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa bara 2012fi 2013tti barsiisotaan qopha'anii kennamaa turan gabatee itti aanu keessatti dhihaataniiru.

**Gabatee 5: Qormaata xumuraa BAO bara 2012fi 2013 barsiisotaan qopha'ee kennamaa turan keessatti dandeettiiwwan Afaanii hammataman.**

| ***Lakk.*** | ***Qabiyyeewwan Gaaffiilee*** | ***Qabiyyeewwa Kitaaba BAOfi Qormaataa*** | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | ***Kitaaba BAO keessatti*** | | | ***Qormaataa keessatti*** | | |
| | | ***Lakk*** | ***%*** | ***Sad*** | ***Lakk*** | ***%*** | ***Sad*** |
| *1* | *Dandeettii dubbisuu* | 47 | 29.5 | 1 | *11* | *6* | *4* |
| *2* | *Dandeettii barreessuu* | 20 | 12.57 | 3 | *3* | *2* | *5* |
| *3* | *Dandeettii dubachuu* | 19 | 12 | 4 | *0* | *0* | *0* |
| *4* | *Dandeettii dhaggeefachuu* | 9 | 5.66 | 7 | *0* | *0* | *0* |
| *5* | *Seerlugaa* | 37 | 23 | 2 | *102* | *59* | *1* |
| *6* | *Ogbarruu* | 10 | 6.2 | 6 | *28* | *16* | *3* |
| *7* | *Jechootaa* | 17 | 11 | 5 | *29* | *17* | *2* |
| *Ida'ama* | | *159* | *100* | | *173* | *1oo* | |

Gabateen armaan olii akka mul'isutti qabiyyee dandeettiiwwan Afaanii kitaaba BAO kutaa $12^{ffaa}$ keessatti argaman keessaa uwwisa olaanaa kan qabu dandeettii dubbisuuti. Innis 47(%29.5) ta'uun sad.$1^{ffaa}$ yemmuu qabaatu, Seerlugnii 37 (%23) Sad.$2^{ffaa}$, Dandeettiin barreessuu 20 (%12.57) sad.$3^{ffaa}$, Dandeettiin dubachuu 19 (%12) Sadarkaa $4^{ffaa}$, dandeettiin jechootaati 17(%11) sad.$5^{ffaa}$, ogbarruun 10 (%6.2) Sad.$6^{ffaa}$ irratti kan argaman yammuu ta'u, dandeettiin dhaggeefachuu 9 (%5.66) xiyyeeffannoo gadaanaa qabaachuun Sad.$7^{ffaa}$ irratti argama. Kanaafuu, kitaaba BAO kutaa $12^{ffa}$ kana keessatti qabiyyeen xiyyeeffannoo ol aanaa kan argate dandeettii dubbisuuti. Kunis, kitaaba BAO keessatti waytii 159 keessaa 47 (%29.5) qabatee kan argamu ta'ee xiyyeeffannoo olaanaan kennamuufi mul'isa.

Haata'umalee, qabiyyeewwan qormaata keessatti hangi uwwisaa kennameef kan qabiyyeewwan kitaaba BAO irraa garaagarummaa qaba.Haaluma kanaan tartiiba isaaniitiin yeroo taa'anis, seerlugni 102 (%59) qabachuun sadarkaa $1^{ffaa}$; jechootnii 29 (%17) sadarkaa $2^{ffaa}$, og-barruun 28 (%16) qabachuun $3^{ffaa}$ irratti argama. Dandeettiin dubbisuu 11 (%6) sadarkaa $4^{ffaa}$irratti kan argamu yammuu ta'u, dandeettiin barreessuu 3 (%2) qabaachuun sadarkaa $5^{ffaa}$ irratti argama.Dandeettiiwwan dubbachuufi dhageeffachuuf xiyyeeffannoon kennameef tokkollee hinjiru.

Walumaagalatti, walsimannaa qabiyyeewwan qormaataafi kitaaba barnootaa ilaalchisee xiinxala armaan oliirraa wantii hubatamu, rakkoowwan walsimannaa qabiyyeewwan kitaaba BAO kutaa $12^{ffaa}$fi qabiyeewwan qormaata xumuraa BAO kutaa $12^{ffaa}$ bara 2012fi 2013tti barsiisotaan qopha'anii dhiyaataa turan gidduu jiraachuu isaati.Rakkooleen mul'atanis, dandeettiiwwan Afaanii kitaaba BAO keessatti argaman hunda qormaata keessatti hammachiisuu dhabuu, fakkeenyaaf: Dandeettiiwwan dubbachuufi dhaggeeffachuun kitaaba barnootaa keessatti haa'argaman malee, qormaata keessatti hinjiran.Akkasumas, qabiyyeewwan kitaaba barnootaa keessatti uwwisa oolaanaa qabaatanii qormaata keessatti gadaanaarra jiru.Qabiyyeewwan kitaaba BAO keessatti uwwisa gadaanaarra jiran qormaata keessatti immoo uwwisa olaanaa qabu.Kana jechuun faallaa walii ta'uu isaanii agarsiisa.

Kanaafuu, akka yaada qoratichaatti barsiisonnii qormaata qopheessan osoo qopheessuutti hinseeniin dura, qabiyyeewwan kitaaba barnootaa keessatti argaman sakatta'uun erga xiinxalanii booda haala walsimuu danda'uun qopheessuu qabu.Kana ta'uu baannaan gama barattootaatiin xiyyeeffannoon kitaaba barnootaaf kennamu gadaanaa ta'a. Kun immoo, qabxii isaanii irrattillee dhiibbaa kan geessisudha.

**Gabatee 6: Uwwisa Qabiyyeewwan Seerlugaa Gooreen Kitaaba BAO Kutaa 12ffaa Keessatti**

| Lakk. | Qabiyyeewwan seerlugaa | Baay'ina waytii | % | Sad. |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Maalummaafi amala Afaanii | 2 | 5.405 | 5 |
| 2 | Dhamsaga | 4 | 10.81 | 3 |
| 3 | Dhamjecha | 5 | 13.513 | 2 |
| 4 | Garee jechootaa | 6 | 16.216 | 1 |
| 5 | Hennaa | 2 | 5.4o5 | 5 |
| 6 | Jechoota haaraa uumuu | 3 | 8.108 | 4 |
| 7 | Gaalee | 4 | 10.81 | 3 |
| 8 | Ciroo | 2 | 5.405 | 5 |
| 9 | Himoota | 4 | 10.81 | 3 |
| 10 | Walqabsiiftoota | 3 | 8.108 | 4 |
| 11 | Sirna tuqaalee | 2 | 5.405 | 5 |
| Ida'ama | | 37 | 100 | |

Gabatee 6: armaan oliirraa wantii hubachuun danda'amu qajeelcha barsiisaa BAO keessatti xiyyeefannoon olaanaa kan itti kanname qabiyyeewwan seerlugaa keessaa garee jechootaa (%16.216), Dhamjecha (%13.513), Dhamsaga, Gaaleefi Himoonnii (%10.81) facaatii kan qaban yammuu ta'u, qabiyyeeewwan kunniin kitaaba BAO keessatti (%40) ol kan ta'u uwwisa akka qaban niagarsiisa. Akkasumas, qabiyyeewwan kitaaba BAO keessatti xiyyeefannoo giddugaleessaa kan ittikenname jechoota haaraa uumuufi walqabsiiftoota (%8.108) facaatii kan qaban yammuu ta'u, qabiyyeeewwan kunniin kitaaba BAO keessatti (%16) ol kan ta'u bakka bu'iinsa akka qaban niagarsiisa. Qabiyyeewwan kitaaba BAO keessatti xiyyeefannoo gadaanaan kan ittikenname Hennaa, Ciroo,Sirna tuqaaleefi Maalummaafi amala Afaanii haala walfakkaatuun (%5.4o5) facaatii kan qaban yammuu ta'u, qabiyyeewwan kunniin kitaaba BAO keessatti waliigalaan (%20) kan ta'u uwwisa akka qaban hubachuun nidanda'ama.

**Gabatee 7: Walmadaallii Waytii Qabiyyeewwan Seerlugaa Kitaaba BAO Keessatti Ramadmaniifi Gaaffilee Seerlugaa Qormaata Xumuraa Kutaa 12ffaa Bara 2012 Seem.1ffaa Keessatti Hammataman.**

| Lakk. | Qabiyyeewwan seerlugaa | Waytii ramadame | | Sad. | Baayyina Gaaffilee Seerlugaa Qor. BAO kutaa 12ffaa bara 2012 seem.1ffaa | | Sad. |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Baay'ina | % | | Baay'ina | % | |
| 1 | Maalummaafi amala Afaanii | 2 | 5.405 | 5 | 1 | 3.1 | 6 |
| 2 | Dhamsaga | 4 | 10.81 | 3 | 9 | 28.1 | 1 |
| 3 | Dhamjecha | 5 | 13.513 | 2 | 8 | 25 | 2 |
| 4 | Garee jechootaa | 6 | 16.216 | 1 | 4 | 12.5 | 3 |
| 5 | Hennaa | 2 | 5.4o5 | 5 | | | |
| 6 | Jechoota haaraa uumuu | 3 | 8.108 | 4 | 3 | 9.4 | 4 |
| 7 | Gaalee | 4 | 10.81 | 3 | 4 | 12.5 | 3 |
| 8 | Ciroo | 2 | 5.4o5 | 5 | | | |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 9 | Himoota | 4 | 10.81 | 3 | 1 | 3.1 | 6 |
| 10 | Walqabsiiftoota | 3 | 8.108 | 4 | | | |
| 11 | Sirna tuqaalee | 2 | 5.405 | 5 | 2 | 6.25 | 5 |
| Ida'ama | | 37 | 100 | | 32 | 100 | |

Gabatee 7: kanarraa hubachuun akkuma danda'amu qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12[ffaa] keessatti hammatamanii jiran gartokkoon kanneen akka qabiyyeewwan seerlugaa qorumsa AO kutaa 12[ffaa] barsiisotaan qophaa'ee bara 2012 seem.1[ffaa] keessatti hammatamanii hinjiran. Ragaa kanarraa kan hubatamu qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12[ffaa] kan qorumsa AO kutaa 12[ffaa] barsiisotaan qophaa'e bara 2012 seem. 1[ffaa]tti kennamaa turan waliin kan walhinsimne ta'uu isaati. Kun immoo qorumsi xiyyeeffatamoon kennamaa turan kun ga'umsa qabiyyee akka hinqabne agarsiisa.

Kana malees, gabatee kanarraa kan hubatamu baay'inni waytii tokkoon tokkoo qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12[ffaa]f ramdameefi baay'inni gaaffilee qabiyyeewwan seerlugaa kanneen keessaa qophaa'uun qorumsa AO kutaa 12[ffaa] barsiisotaan bara 2012 seem.1[ffaa]tti gaafataman waliin walhinsiman. Fakkeenyaaf: Garee jechootaa waytii 6 (%16.216) ramadameefii gaaffiileen 4 (%12.5), dhamsagaaf waytii 4 (%10.81) kitaaba BAO keessatti osoo qabanuu gaaffilee 9(%28.1) kan gaafataman yammuu ta'u, Hennaaf waytii 2(%5.4o5), ciroon 2 (%5.4o5)fi Walqabsiiftoonnii 3 (%8.108) uwwisa kitaaba BAO keessatti osoo qabaatanuu gaaffii 0 (%0) ykn qormaatacha keessatti osoo hinhammatamiin hafaniiru. Kanaafuu, ragaa argame kanarraa kan hubatamu qabiyyeewwan seerlugaa daree barnootaatti barsiisamuufi gaaffiileen seerlugaa qorumsa BAO kutaa 12[ffaa] barsiisotaan qophaa'ee gaafatamaa turan waliin kan wal hinagarre ta'uu isaati.

**Gabatee 8: Hariiroo Qabiyyeewwan Seerlugaa kitaaba BAOfi Qormaata Xumuraa Bara 2012 Seem.1[ffaa]**

| Lakk. | Qabiyyeewwan seerlugaa | KBAO keessatti sad. qaban | Qormaata keessatti Sad. qaban | Garaagarummaa sad. qabiyyeewwanii (D) | Garaagarummaa sad. qabiyyeewwanii iskuweeriin ($D^2$) |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Maalummaafiamala Afaanii | 5 | 6 | -1 | 1 |
| 2 | Dhamsaga | 3 | 1 | 2 | 4 |
| 3 | Dhamjecha | 2 | 2 | 0 | 0 |
| 4 | Garee jechootaa | 1 | 3 | -2 | 4 |
| 5 | Hennaa | 5 | 0 | 5 | 25 |
| 6 | Jechoota haaraa uumuu | 4 | 4 | 0 | 0 |
| 7 | Gaalee | 3 | 3 | 0 | 0 |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 8 | Ciroo | 5 | 0 | 5 | 25 |
| 9 | Himoota | 3 | 6 | -3 | 9 |
| 10 | Walqabsiiftoota | 4 | 0 | 4 | 16 |
| 11 | Sirna tuqaalee | 5 | 5 | 0 | 0 |
| | Ida'ama | | | | 84 |

$$P= 1-\frac{6x\sum D^2}{N(N^2-1)}$$ $\sum D^2 = 84$

$$P = 1-\frac{6x84}{11(11^2-1)} \qquad P = 1-\frac{504}{1320} \qquad P = 1 - 0.381 \qquad P = 0.619$$

Akkuma gabatee armaan oliirraa hubachuun danda'amu hariiroon baay'ina waytii qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12ffaaf ramadameefi gaaffilee seerlugaa qorumsa BAO bara 2012 seem. 1ffaaf qophaa'e gidduu jiru mala koofsheentii sadarkaa walitti dhufeenyaa ispiirsmaaniidhaan gargaaramuun shallagamee firiin argame P = 0.619 dha. Akkuma armaan olitti ibsametti, lakkofsi kun immoo akka Ispirsman jedhutti hariiroo olaanaa ta'uu isaa agarsiisa. Argannoo firii kanarraa kan hubatamu hariiroon baay'ina waytii qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12ffaaf ramadameefi gaaffilee seerlugaa qorumsa BAO bara 2012 seem.1ffaaf qophaa'e gidduu jiru olaanaa ta'uu isaa agarsiisa.

**Gabatee 9: Walmadaallii Waytii Qabiyyeewwan Seerlugaa kitaaba BAO Kutaa 12ffaaf Ramadamefi Gaaffilee Seerlugaa Qormaata Xumuraa BAO Kutaa 12ffaa Bara 2012 Seem.2ffaa Keessatti Qaban**

| Lakk. | Qabiyyeewwan seerlugaa | Waytii ramadame | | Sad. | Baayyina Gaaffilee Seerlugaa Qor. BAO kutaa 12ffaa bara 2012 seem.2ffaa | | Sad. |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Baay'ina | % | | Baay'ina | % | |
| 1 | Maalummaafi amala Afaanii | 2 | 5.405 | 5 | 2 | 12 | 3 |
| 2 | Dhamsaga | 4 | 10.81 | 3 | 1 | 6 | 4 |
| 3 | Dhamjecha | 5 | 13.513 | 2 | | | |
| 4 | Garee jechootaa | 6 | 16.216 | 1 | 1 | 6 | 4 |
| 5 | Hennaa | 2 | 5.4o5 | 5 | 6 | 35.3 | 1 |
| 6 | Jechoota haaraa uumuu | 3 | 8.108 | 4 | 3 | 17.6 | 2 |
| 7 | Gaalee | 4 | 10.81 | 3 | 3 | 17.6 | 2 |
| 8 | Ciroo | 2 | 5.4o5 | 5 | | | |
| 9 | Himoota | 4 | 10.81 | 3 | 1 | 6 | 4 |
| 10 | Walqabsiiftoota | 3 | 8.108 | 4 | | | |
| 11 | Sirna tuqaalee | 2 | 5.405 | 5 | | | |
| Ida'ama | | 37 | 100 | | 17 | 100 | |

Akkuma gabatee 9: kanarraa hubatamu qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12ffaa keessatti hammatamanii jiran kanneen akka, dhamjecha, ciroo, walqabsiiftootafi sirna

tuqaalee qorumsa BAO kutaa $12^{ffaa}$ barsiisotaan qophaa'ee kan bara 2012 seem.$2^{ffaa}$ keessatti hinhammatamne. Odeeffannoo kanarraa kan hubatamu qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa $12^{ffaa}$ kan gaaffiilee seerlugaa qorumsa BAO kutaa $12^{ffaa}$ barsiisotaan qophaa’ee bara 2012 seem. $2^{ffaa}$itti kenname waliin kan walhinsimne ta’uu isaati. Haalli kun immoo gaaffiilee qabiyyeewwan seerlugaa qorumsa barsiisotaan qophaa’e bara jedhame kana keessatti kenname kun qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa $12^{ffa}$ wajjin kan walhinginne ta’uu isaa agarsiisa.

Dabalataaniis, baay’inni waytii tokkoo tokkoo qabiyyeewwan seerlugaa qajeelcha barsiisaa BAO kutaa $12^{ffaa}$ keessatti ramadameefi baay’inni gaaffilee seerlugaa qabiyyeewwan kanneen keessaa bahuun qorumsa xumuraa BAO kutaa $12^{ffa}$ bara 2012 seem.$2^{ffaa}$f qophaa'e waliin walhingitan. Fakkeenyaaf, Dhamsagafi Himootaf waytii 4 (%10.81) ramadameefii gaaffileen 1 (%6) kan gaafataman yoo ta'u, garee jechootaaf waytii 6 (%16.216) ramadameefii osoo jiruu gaaffileen 1 (%6) qofti gaafatamniiru.Akkasumas, hennaaf waytii 2 (%5.4o5) ramadameefii gaaffileen 6 (%35.3) gaafatamaniiru. Gama biraatiin immoo dhamjechaf waytii 5 (%13.513), ciroof waytii 2 (%5.4o5), Walqabsiiftootaaf waytii 3 (%8.108)fi Sirna tuqaaleef waytii 2 (%5.405) ramadameefii osoo jiruu gaaffileen tokkollee keessaa hingaafatamne.
Kanaafuu, ragaa kanarraa kan hubatamu xiyyeeffannoon qabiyyeewwan kitaaba BAO kutaa $12^{ffaa}$f kennameefi gaaffiilee seerlugaa qorumsa BAO kutaa $12^{ffaa}$ barsiisotaan qophaa'ee bara 2012 seem. $2^{ffaa}$tti kennamaa turan waliin kan walhinsimne ta’uu isaa agarsiisa.

Haata’u malee, qorumsi tokko ga’umsa qabiyyee qabaachuu kan danda’u yoo gaaffileen qophaa’aniifi qabiyyeewwaniif xiyyeeffannoon kenname kan calaqqisiisuu yoo ta'edha Brown (1980). Kuni immoo qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa $12^{ffaa}$ kan gaaffiilee seerlugaa qorumsa BAO kutaa $12^{ffaa}$ bara 2012 seem. $2^{ffaa}$ barsiisotaan qophaa’e faana kan walhinsimne ta’uu isaa nuhubachiisa.

**Gabatee 10: Hariiroo Qabiyyeewwan Seerlugaa kitaaba BAOfi Qormaata Xumuraa BAO Kutaa $12^{ffaa}$ Barsiisotaan Bara 2012 Seem.$2^{ffaa}$ Qopha’anii Kennaman.**

| Lakk. | Qabiyyeewwan seerlugaa | KBAO keessatti sadarkaa qaban | Qormaata keessatti Sadarkaa qaban | Garaagarummaa sadarkaa qabiyyeewwanii (D) | Garaagarummaa sadarkaa qabiyyeewwanii iskuweeriin ($D^2$) |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Maalummaafiamala Afaanii | 5 | 3 | 2 | 4 |
| 2 | Dhamsaga | 3 | 4 | -1 | 1 |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 3 | Dhamjecha | 2 | 0 | 2 | 4 |
| 4 | Garee jechootaa | 1 | 4 | -3 | 9 |
| 5 | Hennaa | 5 | 1 | 4 | 16 |
| 6 | Jechoota haaraa uumuu | 4 | 2 | 2 | 4 |
| 7 | Gaalee | 3 | 2 | 1 | 1 |
| 8 | Ciroo | 5 | 0 | 5 | 25 |
| 9 | Himoota | 3 | 4 | -1 | 1 |
| 10 | Walqabsiiftoota | 4 | 0 | 4 | 16 |
| 11 | Sirna tuqaalee | 5 | 0 | 5 | 25 |
| Ida'ama | | | | | 106 |

$$P = 1 - \frac{6x\sum D^2}{N(N^2-1)} \qquad \sum D^2 = 106$$

$$P = 1 - \frac{6x106}{11(11^2-1)} \qquad P = 1 - \frac{636}{1320} \qquad P = 1-0.481 \qquad P = 0.519$$

Akkuma gabatee armaan oliirraa hubachuun danda'amu hariiroon baay'ina waytii qabiyyeewwan Seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12ffaaf ramadameefi gaaffilee seerlugaa qorumsa AO barsiisotaan bara 2012 seem. 2ffaaf qophaa'e gidduu jiru mala koofisheentii sadarkaa walitti dhufeenyaa ispiirsmaaniidhaan shallagamee firiin argame P = 0.519 yammuu ta'u, lakkofsi kun immoo akka ispirsman jedhutti hariroo giddugaleessaa ta'uu isaati. Kanaafuu, argannoo kanarraa kan hubatamu hariiroon baay'ina waytii qabiyyeewwan Seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12ffaa keessa jiraniifi gaaffilee seerlugaa qorumsa BAO barsiisotaan bara 2012 seem.2ffaaf qophaa'e gidduu jiru giddugaleessa ta'uu isaa agarsiisa.

Ibsi sadarkaan firoominaa giddugaleessaa kan agarsiisu haata'u malee sadarkaan firoomina sirrii ta'een gadi akka ta'e hubachuun barbaachisaadha. Sababiin isaas bu'aan isaa hanga firoominaa sirrii jedhu irraa fagaachaa hamma deemuun sadarkaan gahumsa qabiyyeechaas hanguma sana gadi bu'aa waandeemuufidha.

**Gabatee 11: Walmadaallii Waytii Qabiyyeewwan Seerlugaa kitaaba BAO Kutaa 12ffaaf Ramadameefi Gaaffilee Seerlugaa Qormaata Xumuraa AO Kutaa 12ffaa Bara 2013 Seem.1ffaa**

| Lakk. | Qabiyyeewwan seerlugaa | Waytii ramadame | | Sad. | Baayyina Gaaffilee Seerlugaa Qor. BAO kutaa 12ffaa bara 2013 seem.1ffaa | | Sad. |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Baay'ina | % | | Baay'ina | % | |
| 1 | Maalummaafi amala Afaanii | 2 | 5.405 | 5 | 2 | 7 | 3 |
| 2 | Dhamsaga | 4 | 10.81 | 3 | 13 | 45 | 1 |
| 3 | Dhamjecha | 5 | 13.513 | 2 | 2 | 7 | 3 |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 4 | Garee jechootaa | 6 | 16.216 | 1 | 3 | 10.3 | 2 |
| 5 | Hennaa | 2 | 5.4o5 | 5 | 2 | 7 | 3 |
| 6 | Jechoota haaraa uumuu | 3 | 8.108 | 4 | 3 | 10.3 | 2 |
| 7 | Gaalee | 4 | 10.81 | 3 | 3 | 10.3 | 2 |
| 8 | Ciroo | 2 | 5.4o5 | 5 | | | |
| 9 | Himoota | 4 | 10.81 | 3 | 1 | 3.4 | 4 |
| 10 | Walqabsiiftoota | 3 | 8.108 | 4 | | | |
| 11 | Sirna tuqaalee | 2 | 5.405 | 5 | | | |
| Ida’ama | | 37 | 100 | | 29 | 100 | |

Gabatee 11: kanarraa hubachuun akkuma danda’amu qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12ffaa keessatti hammatamanii jiran gartokkeen isaanii kanneen akka: Ciroo, Walqabsiiftootafi Sirna tuqaalee qorumsa AO kutaa 12ffaa barsiisotaan qophaa’ee bara 2013 seem.1ffaa keessatti hinhammatamane. Ragaa kanarraa kan hubatamu qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12ffaa kan gaaffiileen seerlugaa qorumsa BAO kutaa 12ffaa barsiisotaan qophaa’ee bara 2013 seem.1ffaa keessa jiraniin kan walhinsimne ta’uu isaati. Kun immoo gaaffiileen seerlugaa qorumsa BAO kutaa 12ffaa bara 2013 seem.1ffaatti kennamaa turan kun ga’umsa qabiyyee akka hinqabne agarsiisa.

Kana malees, gabatee kanarraa kan hubatamu baay’inni wayitii tokkoo tokkoo qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12ffaaf ramadameefi baay’inni gaaffilee seerlugaa qabiyyeewwan kanneen keessaa qophaa’uun qorumsa AO kutaa 12ffaa barsiisotaan qophaa’ee bara 2013 seem.1ffaatti gaafataman waliin walhinsiman. Fakkeenyaaf: Garee jechootaa wayitiin 6 (%16.216) ramadameefii gaaffiileen 3 (%10.3), Dhamjecha wayitiin 5 (%13.513) ramadameefii gaaffileen 2 (%7), Himoonnii wayitiin 4 (%10.81) ramadameefii gaaffilee 1 (%3.4) yammuu gaafataman, ciroon wayitiin 2 (%5.4o5), Walqabsiiftootaa wayitiin 3 (%8.108)fi Sirna tuqaalee wayitiin 2 (%5.4o5) kan ramdamaniif yemmuu ta'u, gaaffiin tokkollee qorumsa kanarratti hingaafatamne.Ittidabalees, dhamsagaaf wayitiin 4 (%10.81) qofti ramadameefii gaaffileen 13 (%45) gaafatamaniiru.

Ragaa argame kanarraa kan hubatamu qabiyyeewwan seerlugaa daree barnootaatti barsiisamuufi kan qorumsa BAO kutaa 12ffaa barsiisotaan qophaa'ee gaafatamaa turan waliin guutummaan guutuutti kan wal hinsimne ta’uu isaati.

**Gabatee 12: Hariiroo Qabiyyeewwan Seerlugaa kitaaba BAOfi Gaaffiilee Seerlugaa Qormaata Xumuraa Bara 2013 Seem.1ffaa.**

| Lak. | Qabiyyeewwan Seerlugaa | KBAO keessatti sadarkaa qaban | Qormaata keessatti Sadarkaa qaban | Garaagarummaa sadarkaa qabiyyeewwanii | Garaagarummaa sadarkaa qabiyyeewwanii iskuweeriin |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Maalummaafi amala Afaanii | 5 | 3 | 2 | 4 |
| 2 | Dhamsaga | 3 | 1 | 2 | 4 |
| 3 | Dhamjecha | 2 | 3 | -1 | 1 |
| 4 | Garee jechootaa | 1 | 2 | -1 | 1 |
| 5 | Hennaa | 5 | 3 | 2 | 4 |
| 6 | Jechoota haaraa uumuu | 4 | 2 | 2 | 4 |
| 7 | Gaalee | 3 | 2 | 1 | 1 |
| 8 | Ciroo | 5 | 0 | 5 | 25 |
| 9 | Himoota | 3 | 4 | -1 | 1 |
| 10 | Walqabsiiftoota | 4 | 0 | 4 | 16 |
| 11 | Sirna tuqaalee | 5 | 0 | 5 | 25 |
| | Ida’ama | | | | 86 |

$$P = 1 - \frac{6x\sum D^2}{N(N^2-1)} \qquad \sum D^2 = 86$$

$$P = 1 - \frac{6x86}{11(11^2-1)} \qquad P = 1 - \frac{516}{1320} \qquad P = 1 - 0.39 \qquad P = 0.61$$

Akkuma gabatee armaan oliirraa hubachuun danda’amu hariiroon baay’ina waytii qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12ffaaf ramadameefi gaaffilee seerlugaa qorumsa AO barsisotaan bara 2013 seem.1ffaaf qophaa’e gidduu jiru mala koofsheentii sadarkaa walitti dhufeenyaa ispiirsmaaniidhaan gargaaramuun shallagamee firiin argame P = 0.61 yammuu ta’u, lakkofsi kun immoo akka Ispirsman jedhutti hariroo olaanaa ta’uu isaati. Argannoo kanarraa kan hubatamu hariiroon baay’ina waytii qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12ffaaf ramadameefi gaaffilee seerlugaa qorumsa AO barsisotaan bara 2013 seem.1ffaaf qophaa’e gidduu jiru olaanaa ta’uu isaa agarsiisa.

**Gabatee 13: Walmadaallii Waytii Qabiyyeewwan Seerlugaa kitaaba BAO Kutaa 12ffaaf Ramadamefi Gaaffilee Seerlugaa Qormaata Xumuraa Kutaa 12ffaabara 2013 Seem.2ffaa Keessatti Qaban**

| Lakk. | Qabiyyeewwan seerlugaa | Waytii ramadame | | Sad. | Baayyina Gaaffilee Seerlugaa Qor. BAO kutaa 12 ffaabara 2013 seem.2ffaa | | Sad. |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Baay'ina | % | | Baay'ina | % | |
| 1 | Maalummaafi amala Afaanii | 2 | 5.405 | 5 | 2 | 8 | 5 |
| 2 | Dhamsaga | 4 | 10.81 | 3 | 3 | 12.5 | 4 |
| 3 | Dhamjecha | 5 | 13.513 | 2 | 4 | 16.6 | 3 |
| 4 | Garee jechootaa | 6 | 16.216 | 1 | 6 | 25 | 1 |
| 5 | Hennaa | 2 | 5.4o5 | 5 | 0 | 0 | 0 |
| 6 | Jechoota haaraa uumuu | 3 | 8.108 | 4 | 1 | 4 | 6 |
| 7 | Gaalee | 4 | 10.81 | 3 | 5 | 21 | 2 |
| 8 | Ciroo | 2 | 5.4o5 | 5 | 0 | 0 | 0 |
| 9 | Himoota | 4 | 10.81 | 3 | 3 | 12.5 | 4 |
| 10 | Walqabsiiftoota | 3 | 8.108 | 4 | 0 | 0 | 0 |
| 11 | Sirna tuqaalee | 2 | 5.405 | 5 | 0 | 0 | 0 |
| Ida'ama | | 37 | 100 | | 24 | 100 | |

Akkuma gabatee 13: Kanarraa hubatamu qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12ffaa keessatti hammatamanii jiran kanneen akka Ciroo, Walqabsiiftootafi Sirna tuqaalee qorumsa AO kutaa 12ffaa barsisotaan qophaa'ee bara 2013 seem.2ffaa keessatti hinhammatamne. Akkasumas, qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12ffaa kan gaaffiilee seerlugaa qorumsa AO kutaa 12ffaa barsisotaan qophaa'ee bara 2013 seem.2ffaaitti kennamaa turan waliin kan walhinsimne ta'uu isaa agarsiisa. Haalli kun immoo gaaffiileen seerlugaa qorumsa barsisotaan qophaa'ee bara jedhame kana keessatti kennamaa turan kun qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12ffa wajjin kan walhinginne ta'uu isaa agarsiisa.

Dabalataaniis, akkuma gabatee kanarraa hubachuun danda'amu baay'inni waytii tokkoon tokkoo qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12ffaaf ramadamaniifi baay'inni gaaffilee seerlugaa qabiyyeewwan kanneen keessaa bahuun qorumsa AO kutaa 12ffa barsisotaan bara 2013 seem.2ffaaf qophaa'e waliin walhinmadaalan. Fakkeenyaaf: Jechoota haaraa uumuuf waytii 3 (%8.108) kennameefii gaaffileen 1(%4) gaafatamniiru.Akkasumas, gaaleef waytii 4 (%10.81) ramadameefii gaaffileen 5 (%21) gaafatamaniiru.Gama biraan immoo, hennaa,

ciroofi sirna tuqaaleef waytii 2 (%5.4o5), walqabsiiftootaaf waytii 3 (%8.108) ramadameefii osoo jiruu gaaffileen tokkollee keessaa hingaafatamne.

Walumaagalatti ragaa kanarraa kan hubatamu xiyyeeffannoon qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12ffaaf kennameefi kan qabiyyeewwan gaaffiilee seerlugaa qorumsa BAO kutaa 12ffaa barsisotaan qophaa'ee bara 2013 seem.2ffaatti kennamaa turan waliin kan walhingitne ta'uusaa agrsiisa. Haata'umalee, qorumsi tokko ga'umsa qabiyyee qabaachuu kan danda'u yoo gaaffileen qophaa'aniifi qabiyyeewwaniif xiyyeeffannoon kenname kan calaqqisiisuu yoo ta'edha Brown (1980). Kun immoo qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12ffaa kan gaaffiilee seerlugaa qorumsa BAO kutaa 12ffaa bara 2013 seem.2ffaa barsiisotaan qophaa'ee dhiyaataa turan faana kan walhinsimne ta'uusaa nuhubachiisa.

**Gabatee 14: Hariiroo Qabiyyeewwan kitaaba BAOfi Qormaata Xumuraa Bara 2013 Seem.2ffaa Qophaa'ee Kennaman Jidduu Jiru.**

| Lakk. | Qabiyyeewwan seerlugaa | KBAO keessatti sadarkaa qaban | Qormaata keessatti Sadarkaa qaban | Garaagarummaa sadarkaa qabiyyeewwanii (D) | Garaagarummaa sadarkaa qabiyyeewwanii iskuweeriin ($D^2$) |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Maalummaafiamala Afaanii | 5 | 5 | 0 | 0 |
| 2 | Dhamsaga | 3 | 4 | -1 | 1 |
| 3 | Dhamjecha | 2 | 3 | -1 | 1 |
| 4 | Garee jechootaa | 1 | 1 | 0 | 0 |
| 5 | Hennaa | 5 | 0 | 5 | 25 |
| 6 | Jechoota haaraa uumuu | 4 | 6 | -2 | 4 |
| 7 | Gaalee | 3 | 2 | 1 | 1 |
| 8 | Ciroo | 5 | 0 | 5 | 25 |
| 9 | Himoota | 3 | 4 | -1 | 1 |
| 10 | Walqabsiiftoota | 4 | 0 | 4 | 16 |
| 11 | Sirna tuqaalee | 5 | 0 | 5 | 25 |
| Ida'ama | | | | | 99 |

$$P = 1 - \frac{6x\sum D^2}{N(N^2-1)}$$ $\sum D^2 = 99$

$$P = 1 - \frac{6x99}{11(11^2-1)} \qquad P = 1 - \frac{594}{1320} \qquad P = 1 - 0.45 \qquad P = 0.55$$

Akkuma gabatee armaan oliirraa hubachuun danda’amu hariiroon baay’ina waytii qabiyyee seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12ffaaf ramadmeefi gaaffilee seerlugaa qorumsa AO barsiisotan bara 2013 seem.2ffaaf qophaa’e gidduu jiru mala koofsheentii sadarkaa walitti dhufeenyaa ispiirsmaaniidhaan gargaaramuun shallagamee firiin argame P = 0.55 dha. Lakkofsi kun immoo akka Ispirsman jedhutti giddugaleessaa (Moderate) agarsiisa. Argannoo firii kanarraa kan hubatamu hariiroon baay’ina waytii qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12ffaaf ramadameefi gaaffilee seerlugaa qorumsa BAO barsiisotan bara 2013 seem.2ffaaf qophaa’e kennamaa turan gidduu jiru giddugaleessaa (Moderate) ta’uu isaa agarsiisa. Ibsi sadarkaan firoominaa giddugaleessaa kan agarsiisu haata’u malee sadarkaan firoomina sirrii ta’een gadi akka ta’e hubachuun barbaachisaadha. Sababiin isaas bu’aan isaa hanga firoominaa sirrii jedhu irraa fagaachaa hamma deemuun sadarkaan gahumsa qabiyyeechaas hanguma sana gadi bu’aa waan deemuufidha.

**Gabatee 15: Walmadaallii Waytii Qabiyyeewwan Seerlugaa kitaaba BAO Kutaa 12ffaaf Ramadameefi Gaaffilee Seerlugaa Qormaata Xumuraa Bara 2012fi 2013 Barsiisotaan Qopha’an.**

| Lakk | Qabiyyeewwan Seerlugaa | Waytii ramadame | | Sad. | Gaaffilee Seerlugaa Qormaata bara 2012fi 2013 seem1ffaafi 2ffaa tti gaafataman | | Sad. |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Baay’ina | % | | Baay’ina | % | |
| 1 | Maalummaafi amala Afaanii | 2 | 5.405 | 5 | 7 | 7 | 6 |
| 2 | Dhamsaga | 4 | 10.81 | 3 | 26 | 25 | 1 |
| 3 | Dhamjecha | 5 | 13.513 | 2 | 14 | 14 | 3 |
| 4 | Garee jechootaa | 6 | 16.216 | 1 | 14 | 14 | 3 |
| 5 | Hennaa | 2 | 5.4o5 | 5 | 8 | 8 | 5 |
| 6 | Jechoota haaraa uumuu | 3 | 8.108 | 4 | 10 | 10 | 4 |
| 7 | Gaalee | 4 | 10.81 | 3 | 15 | 15 | 2 |
| 8 | Ciroo | 2 | 5.4o5 | 5 | 0 | 0 | 0 |
| 9 | Himoota | 4 | 10.81 | 3 | 6 | 6 | 7 |
| 10 | Walqabsiiftoota | 3 | 8.108 | 4 | 0 | 0 | 0 |
| 11 | Sirna tuqaalee | 2 | 5.405 | 5 | 2 | 2 | 8 |
| | Ida’ama | 37 | 100 | | 1O2 | 100 | |

Gabatee armaan oliirraa wantii hubachuun danda'amu kitaaba BAO keessatti xiyyeefannoon olaanaa kan ittikanname qabiyyeewwan seerlugaa keessaa garee jechootaa (%16.216), Dhamjecha (%13.513), Dhamsaga, gaaleefi himootnii haala walfakkaatuun (%10.81) bakka bu’iinsa kan qaban yammuu ta’u, qabiyyeeewwan kunniin kitaaba BAO keessatti (%40) ol

kan ta'u bakka bu'iinsa akka ittikenname niagarsiisa. Akkasumas, qabiyyeewwan kitaaba BAO keessatti xiyyeefannoo giddugaleessaa kan ittikenname jechoota haaraa uumuufi walqabsiiftoota (%8.108) facaatii kan qaban yammuu ta'u, qabiyyeeewwan kunniin kitaaba BAO keessatti %16 ol kan ta'u bakka bu'iinsa akka qaban niagarsiisa. Qabiyyeewwan kitaaba BAO keessatti xiyyeefannoo gadi aanaan kan ittikenname hennaa, ciroo, sirna tuqaaleefi Maalummaafi amala Afaaniitiif haala walfakkaatuun (%5.4o5) uffisa kan qaban yammuu ta'u, qabiyyeewwan kunniin kitaaba BAO keessatti waliigalaan (%20) kan ta'u uffisa akka qaban hubachuun nidanda'ama.

Gama biraatiin immoo gabatee kanarraa wantii hubachuun danda'amu qormaata xiyyeeffatamoo keessatti gaaffiilee seerlugaa 102 hammatamanii jiran keessaa xiyyeeffannoon olaanaan kan ittikenname, Dhamsaga (%25), Gaalee (%15), Dhamjechafi Garee jechootaa (%14) yammuu ta'an, qabiyyeewwan kunniin waliigalaan (%68) qormaata keessatti bakka buu'iinsa qabu. Haaluma walfakkaatuun xiyyeeffannoo gadi aanaa kan qaban Himoota (%6), Hennaa (%8)fi Sirna tuqaalee (%2) waliigalaan (%16) bakka bu'iinsa qabu. Akksumas, qormaata xiyyeefatamoo kana keessatti qabiyyeewwan xiyyeeffannoon tokko illee kan ittihinkennamne Ciroofi Walqabsiiftootaf gaffii 0 (%0) dhan qormaata xumuraa BAO kutaa 12$^{ffaa}$ barsiisaan qophaa'anii kennamaa turan keessatti kan hinhaammatamne ta'uusaanii agarsiisa.

Dabalataaniis, qabiyyeewwan qorumsa BAO kutaa 12$^{ffaa}$ bara 2012fi 2013tti kennamaa turan kan qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO keessatti hammatman kan hincalaqqisiisne ta'uusaa agarsiisa. Sababnisaas, qorumsi tokko ga'umsa qabiyyee qabaachuu kan danda'u yoo qabiyyeewwan qorumsa sanaa qabiyyeewwan barumsichaa bakka bu'uu yoo danda'aniidha Brown (1980).Kanaafuu, qorumsi xumuraa BAO kutaa 12$^{ffaa}$ bara xiyyeeffatamoo kana keessatti kennamaa turan ga'umsa qabiyyee hinqabu jechuun nidanda'ama.

**Gabatee 16: Hariiroo Qabiyyeewwan Seerlugaa kitaaba BAO Kutaa 12$^{ffaa}$fi Qormaata Xumuraa BAO Barsiisotaan Qopha'anii Bara 2012fi 2013 Kennamaa Turan Gidduu Jiru**

| Lakk. | Qabiyyeewwan seerlugaa | KBAO keessatti sadarkaa qaban | Qormaata keessatti Sadarkaa qaban | Garaagarummaa sadarkaa qabiyyeewwanii | Garaagarummaa sadarkaa qabiyyeewwanii iskuweeriin |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Maalummaafiamala Afaanii | 5 | 7 | -2 | 4 |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 2 | Dhamsaga | 3 | 1 | 2 | 4 |
| 3 | Dhamjecha | 2 | 2 | 0 | 0 |
| 4 | Garee jechootaa | 1 | 4 | -3 | 9 |
| 5 | Hennaa | 5 | 6 | -1 | 1 |
| 6 | Jechoota haaraa uumuu | 4 | 5 | -1 | 1 |
| 7 | Gaalee | 3 | 3 | 0 | 0 |
| 8 | Ciroo | 5 | 0 | 5 | 25 |
| 9 | Himoota | 3 | 8 | -5 | 25 |
| 10 | Walqabsiiftoota | 4 | 0 | 4 | 16 |
| 11 | Sirna tuqaalee | 5 | 9 | -4 | 16 |
| Ida'ama | | | | | 101 |

$$P = 1 - \frac{6x\sum D^2}{N(N^2-1)} \qquad \sum D^2 = 101$$

$$P = 1 - \frac{6x101}{11(11^2-1)} \qquad P = 1 - \frac{606}{1320} \qquad P = 1 - 0.459 \qquad P = 0.541$$

Akkuma gabatee gubbaarraa hubachuun danda'amu hariiroon baay'ina waytii qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12$^{ffaa}$f ramadameefi gaaffilee seerlugaa qorumsa AO barsiisotaan bara 2012fi 2013 seem.1$^{ffaa}$fi 2$^{ffaa}$f qophaa'e gidduu jiru mala koofsheentii sadarkaa walitti dhufeenyaa ispiirsmaaniidhaan gargaaramuun shallagamee firiin argame P = 0.541 yammuu ta'u, lakkofsi kun immoo akka Ispirsman jedhutti hariroo giddugaleessaa (Moderate) ta'uusaa agarsiisa. Kanaafuu, argannoo kanarraa kan hubatamu hariiroon baay'ina waytii qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12$^{ffaa}$f ramadmeefi gaaffilee seerlugaa qorumsa BAO barsiisotaan bara 2012fi 2013tti seem.1$^{ffaa}$fi 2$^{ffaa}$f qophaa'e gidduu jiru giddugaleessaa (Moderate) ta'uu isaa agarsiisa.

Akkuma booqannaa sadi keessatti ibsameen hariiroon jijjiiramtoota garaagaraa lama jidduu jiru 1 yoo ta'e,firoominnii sirrii ta'e jidduu isaanii akka jiru kan agarsiisu yammuu ta'u, hariiroon jijjiiramtoota garaagaraa lama jidduu jiru -1 yoo ta'e immoo firoominnii alkallattii jidduusaanii akka jiru agrsiisa. Akkasumas, Hariiroo jijjiiramtoota garaagaraa lama jidduu jiru 0 (zeeroo) yoo ta'e immoo firoominnii jidduu isaanii akka hinjirre kan agarsiisu ta'uu isaa ibsamee jira.

Bu'uuruma kanaan bu'aan argame akka agarsiisutti hariiroon qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba barnootaafi gaaffiilee seerlugaa qormaata xiyyeeffatamoo gidduu jiru hariiroo

baay'ee cimaas ykn baay'ee kan walirraa fagaatanis osoo hintaane hariiroo giddugaleessaa (Moderate) akka qaban kan agarsiisudha.

Kanaafuu, Hariiroon qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa12^ffaa fi gaaffiilee seerlugaa qormaata xiyyeeffatamoo jidduu jiru sadarkaa giddugaleessaa (moderet) kan agarsiisuudha. Ibsi sadarkaan firoominaa giddugaleessaa kan agarsiisu haata'u malee sadarkaan firoomina sirrii ta'een gadi akka ta'e hubachuun barbaachisaadha. Sababiin isaas bu'aan isaa hanga firoominaa sirrii jedhu irraa fagaachaa hamma deemuun sadarkaan ga'umsa qabiyyeechaas hanguma sana gadi bu'aa waandeemuufidha.

## 4.1.4. Qajeeltoowwan Dhihannaa Qormaataatiin Hanqinaafi Cimina Gaaffilee Seerlugaa

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa inni dhumaa "Qormaannii xumuraa **seem.1^ffaa fi 2^ffaa** BAO kutaa 12^ffaa bara 2012fi 2013tti barsiisotaan qopha'aanii kennamaa turan qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataatiin hanqinaafi cimina maal fa'atu irraa mul'ata ykn qabu?" kan jedhudha. Gaaffiin bu'uuraa kun akka deebii argatuuf qabiyyeewwan seerlugaa haala dhihannaa gaaffilee filannootiiniifi qajeeltoowwan qophii qormaata dandeettii safaruutiin gaaffiileen seerlugaa qormaata keessatti hammataman nisakatta'amu. Tooftaaleen gaaffileen ittidhiyaatan keessaa isaan gurguddoo kan ta'an filannoofi seenessaa jedhamuun bakka lamatti kan qoodaman ta'uu isaanii booqannaa lama keessatti ibsameera.Haata'umalee, qormaata seerlugaa qoruuf irra jireessaan tooftaan hordafamuudhaa qabu haala dhihannaa gaaffilee filannootiin akka ta'e Heaton (1975:13) niibsa.

Beektoonnii baayyeen haalli dhihannaa gaaffilee qormaataa tooftaa filannootiin dhiyaatan dhugaa/soba, filannoo, walitti firoomsuufi bakka duwwaa guutuudhaan kan deebifaman jechuudhaan bakka afuritti qoodu. Qorannoo kana keessattis kan irratti xiyyeefatamu tooftaa haala dhihannaa filannootiindha. Sababiin isaas xiyyeeffannoon qorannaa kanaa kan ta'e haala dhihannaa filannootiin waan ta'eefidha.Bu'uuruma kanaan qormaata xiyyeeffatamoo kana keessatti gaaffiileen seerlugaa dhiyaatan qajeeltoowwan haala dhihannaa gaaffiilee filannootiin ciminaafi hanqina irraa mul'atan nijiru.Ciminafi hanqina isaanii haala waliigalaa ta'een akka armaan gadiitti dhiyaateera.

### 4.1.4.1. Qajeeltoowwan Haala Dhihannaa Qormaataatiin Cimina Gaaffilee Seerlugaa

Qormaata Xumuraa sem.1^ffaa fi 2^ffaa BAO kutaa 12^ffaa barsiisootaan bara 2012fi 2013tti qophaa'anii kennamaa turan keessatti gaaffileen seerlugaa qormaaticha keessatti

hammataman qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataatiin cimina isaan irraa mul'atan akka armaan gadiitti madaalamaniiru.

Qormaata seem.1$^{ffaa}$fi 2$^{ffaa}$ BAO kutaa 12$^{ffaa}$ bara 2012fi 2013tti barsiisootaan qophaa'ee kenname keessatti gaaffileen seerlugaa qormaaticha keessatti hammatamanii jiran akka waliigalaatti 102 yammuu ta'an gaaffiilee 32 seem.1$^{ffaa}$ bara 2012, gaaffiilee 17 seem.2$^{ffaa}$ bara 2012 walitti 49 yammuu ta'an, bara 2013 seem.1$^{ffaa}$tti gaaffiilee 29 seem.2$^{ffaa}$tti gaaffiilee 24 waliigala gaaffiilee 53dha. Gaaffileen seerlugaa qormaaticha keessatti hammataman qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataatiin cimina kan qabanis akka jiran xiinxala gaggeeffameen bira gahameera. Bu'uruma kanaan gaaffileen seerlugaa bara xiyyeefatamoo keessatti dhiyaatan qajeeltoowan haala dhihannaa gaaffiilee qormaataa irratti hundaa'uun cimina isaan qaban fakkeenyaan agarsiiftuu isaanii waliin akka armaan gadiitti ibsuuf yaalameera.

Gaaffiileen seerlugaa qormaata bara xiyyeeffatamoo kana keessatti dhiyaatan baay'inni isaanii 102 yammuu ta'u, gaaffiileen kunniin qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataan gaaffileen dhihaatan qabiyyeewwan kitaaba barnootaan ala kan dhihaatan miti. Kana jechuun gaaffileen qormaaticha keessatti hammataman kitaaba BAO irratti hunda'anii akka qopha'an, gaaffiilee sadarkaa barnoota barattootaa kan hinmadaalle, gaaffiilee maloota dhihannaa gara birootiin dhiyaachuu malan, gaaffiilee deebii hinqabneettiifi qabiyyeewwan walfalmisiisaa ta'an qormaata xiyyeeffatamoo kana keessatti akka hinhammatamne (qajeeltoowwan jedhan haala faalleessuun gaaffiileen dhiyaatan akka hinjirre) sakatta'a gaggeefameen mirkanaa'eera.

**Fakkeenyaf:** Gaaffiilee seerlugaa qormaata BAO kutaa 12$^{ffaa}$ bara 2012 seem.1$^{ffaa}$

12. Amaloota afaanotaa miti.Kami?

A. walqixxummaa B. yoomessaala C. ergifannaa D. walcaaluu E.baratamummaa

## 4.1.4.2. Qajeeltoowwan Haala Dhihannaa Qormaataatiin Hanqinaa Gaaffilee Seerlugaa

Bara 2012fi 2013tti qormaata xumura seem. 1$^{ffaa}$fi 2$^{ffaa}$ BAO kutaa 12$^{ffaa}$ barsiisotaan qophaa'ee kennamaa turan keessatti gaaffileen seerlugaa hammatamanii jiran qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataatiin hanqina isaan irraa mul'atan akka armaan gadiitti madaalamanii dhiyaataniiru.

**1. Gaaffiileen seerlugaa qormaata keessatti hammataman gaaffii dursee ykn booda dhufe waliin walqabatiinsa qabaachuu isaanii wajjin walqabatee**

Qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataatiin gaaffiileen qormaata keessatti hammataman gaaffii dursee ykn booda dhufe waliin walqabatiinsa qabaachuu akka hinqabne yaada hayyootaatiin deeggaruun booqannaa lama keessatti ibsameera.Haata'umalee qormaata xumuraa BAO kutaa 12^ffaa^ bara 2012tti barsiisotaan qophaa'ee kennamaa turan keessaa gaaffiilee seerlugaa 49 keessaa gaaffiilee dursee ykn booda dhufe waliin walqabatiinsa kan qaban seem.1^ffaa^ 2012 keessaa gaaffilee 9 yammuu ta'an, toora lakkoofsa qormaataa (15,16,17,18,19, 21,23,33,34) irratti argamu. Gaaffiilee kanas yammuu shallagamanu, $\frac{9x100}{32}$ = %28.12 kan ta'u qormaaticha keessatti iddoo qabataniiru.

Haaluma walfakkaatuun qormaata seem.2^ffaa^ bara 2012 keessaaattis, gaaffilee 9 yammuu ta'an kuns, toora lakkoofsa qormaataa (12,14,15,2,9,13,19,6,18) irratti kan argaman ta'ee, Kunis, yammuu shallagamanu $\frac{9x100}{17} = \%53$ kan ta'an qormaaticha keessatti iddoo qabatanii argamu. Akkasumas, bara 2013 seem.1^ffaa^tti gaaffilee seerlugaa 29 keessaa rakkoo akkasii kan qaban gaaffiilee 10 yammuu ta'an kunis, toora lakkoofsa qormaataa (11,13,9,10,16,17,18,19,20,21) irratti argamu. $\frac{10x100}{29} = \%34.482$ kan ta'u qormaaticha keessatti iddoo qabatanii argamu.

Walumaagalatti gaaffileen seerlugaa qormaata xiyyeeffatamoo kana keesatti hammataman 78 keessaa gaaffileen haala dhihannaa gaffiilee dursee ykn booda dhufe waliin walqabatiinsa qaban gaaffiilee 28 yammuu ta'an, kunis, $\frac{28x100}{78}$ = %35.897 kan ta'an qormaaticha keessatti bakka qabatanii argamu. Kun immoo qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataatiin fudhatama kan hinqabne ta'uu isaa nuhubachiisa.

Gaaffilee haala kanaan dhiyaatan keessaa akka agarsiistuutti kanneen armaan gadii akka fakkeenyaatti kaasuun nidanda'ama.

**Fakkeenya:** Gaaffiilee seerlugaa qormaata BAO kutaa 12^ffaa^ bara 2012 seem.1^ffaa^

17. Dhaamsagni dubbachiiftuu duraa, gidduu, mit-amartii ______ta'a.

A. */i/* *B. /e/* *C. /aa/* *D. /uu/*

18. Sochii hidhiitiin dubbachiiftuun amartii, duuba, gidduu ______ ta'a.

A, / *o, oo/* *B. /u, uu/* *C, /a,aa/* *D. /e, ee/*

**Fakkeenya:** Gaaffiilee seerlugaa qormaata BAO kutaa 12ffaa bara 2012 seem.2ffaa

12. Jechi jechoota lamarraa ijaaramee hiikaa tokkoof dhaabbatu------ jedhama.

A. Jecha tiishoo B. gabaajee C. dham-jecha D. hima

14, Jecha tiishoo kan hin taane kami? A. Af-walaloo B, caas-luga C. kut-hima D. danbalii

15. Kanneen keessaa jechi ***tishoo*** maqaa fi maqibsa irraa ijaarame kami?

A, kubbaa miillaa B, qotee bulaa C, mana barumsaa D, sanbata guddaa

**Fakkeenya:** Gaaffiilee seerlugaa qormaata BAO kutaa 12ffaa bara 2013 seem. 1ffaa

16. Jechi diigala ta'uu hindandeenye kami?

A. birqaba B. ijoollummaa C. dhamjecha D. mata duree

17. Jecha tiishoo *maqaa + maqibsa* irraa ijaarame kami?

A. mata duree B. ija jabeessa C. dura bu'aa D. miil-jalee

Akkuma gubbaarratti ibsuuf yaalameetti qormaata xumuraa BAO bara 2012 seem. 1ffatti gaaffileen toora lakkoofsa 17, 18 irratti dhiyaatan duraa duuba isaaniitiin bakkaafi haala uumama dhamsagoota dubbachiiftuu sochii hidhiifi arrabaatiin adda baasuurratti kan xiyyeeffataniidha. Kanaafuu barataan tokko bakkaafi haala uumama dubbachiiftuu sochi arrabaatirratti hundaa'uun adda baasuu dandeenyaan karaa biraatiin sochii hidhiitirratti hundaa'uun haala uumama dubbachiiftuu adda baasuu danda'a jechuudha.

Haalawalfakkaatuun qormaata xumuraa BAO bara 2012 seem. 2ffaatti gaaffileen toora lakkoofsa 12, 14, 15 irratti dhiyaatan duraa duuba isaaniitiin akka dhiyaatanitti maalummaafi haala uumamaa jechoota tiishoo irratti kan xiyyeeffataniidha. Kanaafuu, barataan maalummaafi haala uumama jechoota tiishoo adda baasuu dandeenyaan ykn beeke jechuun karaa biraatiin jechoota dhiyaateef keessaa jecha tiishoo kan hintaane beeke jechuudha.

Kanaafuu,gaaffileen kunniin walqabatiinsa yaadaa akka qaban hubachuun nidanda'ama.Haata'umalee, qormaata tokko keessatti gaaffiileen walqabatiinsa yaadaa qaban walitti fuufanii dhiyaachuu akka hinqabne beektoonnii damee barnootichaa niibsu.Kanaafuu,

bu'uura ulaagaa kanaatiin haallii dhihannaa gaaffilee kanneenii rakkoo akka qaban hubachuun nidanda'ama.

## 2. Gaaffileen Dhiyaatan Iftoominaafi Hawwataa Haala Ta'een Kallattii Dhiheessuutiin

Gaaffiileen qormaataaf dhiyaatan gaaffii gaafatamuu barbaadame sana haala iftoomina qabuuniifi walfalmisiisuu hindandeenyeen dhiyaachuu akka qabu hayyoonnii damee barnootichaa nihubachiisu (Brown, 1996).

Yaada armaan oliirratti ibsame bu'uura taasifachuun dhihannaa gaaffiilee qormaata xiyyeefatamoo keessatti yammuu sakattaanu gaaffiilee seerlugaa qormaata xumuraa BAO kutaa 12$^{ffaa}$ seem.1$^{ffaa}$ bara 2012 barsiisotaan qophaa'e waliigalaan gaaffilee 32 dhiyaatan keessaa gaaffileen 3 iftoominaafi hawwataa haala hintaaneen kan dhiyaatan yammuu ta'u, isaaniis, toora lakkoofsa qormaataa (22, 23, 30) irratti argamu.Kunis, yammuu shallagamu $\frac{3\times100}{32}=\%9.37$ ta'u. Akkasumas, gaaffilee seerlugaa bara 2013 seem.1$^{ffaa}$ keessatti dhiyaatan rakkoowwan walfakkaataa ta'e kan qaban gaaffiilee seerlugaa waliigalaan dhiyaatan 29 keessaa gaaffileen lama 2 yammuu ta'an kunis toora lakkoofsa qormaataa (6, 29) irratti kan argaman ta'ee, $\frac{2\times100}{29}=\%6.89$ ta'a. Haaluma walfakkaatun bara 2013 seem.2$^{ffaa}$ gaaffilee seerlugaa qormaata seem.kanatti dhiyaatan (24) keessaa gaaffiileen lama (2) toora lakkoofsa 18, 25 irratti argaman rakkoowwan walfakkaataa ta'e akka qaban sakatta'a gaggeefameen mirkanaa'eera. Kunis, yammuu shallagamu $\frac{2\times100}{24}=\%\,8.33$ qormaaticha keessatti bakka qabatee argama.

Walumaagalatti gaaffiileen seerlugaa qormaata xumuraa BAO kutaa 12$^{ffaa}$ bara 2012 seem.1$^{ffaa}$fi bara 2013 seem.1$^{ffaa}$fi seem.2$^{ffaa}$ barsiisotaan qophaa'ee kenname waliigalaan gaaffilee 85 dhiyaatan keessaa gaaffileen 7 (torba) iftoominaafi hawwataa haala hintaaneen kan dhiyaatan akka ta'an xinxala gaggeeffameen mirkanaa'eera. Kunis, yammuu shallagamu $\frac{7\times100}{85}=\%\,8.235$ kan ta'u qormaaticha keessatti bakka qabatanii argmu.

**Fakkeenya:** Qormaata bara 2012 seem. 1$^{ffaa}$

22. Firoommii sagalee kamtu mul'isa?

A. [durba – dubra]  B. [siiske – siikse]  C. [dubra – durba]

D, [gatne – ganne]  E. [mana+-een = manneen]

23. Sagaaleen osoo hiika jechootaa hinjijjiirin iddoo isaanii qofa yoo waljijjiiran ------ jedhama. A. Walbaqannaa B. Waljafuu C. Haquu D. Firoommii

30. [si'a lama fardarraa kufe.] GG kanaaf kan jala murame maal ta'aaf?

A, miiltoo B, mataa C. Gdd murteessituu

**Fakkeenya:** Qormaata bara2013 seem.1ffaa

6. Jecha "amanamummaa" jedhu keessatti dhamsagni /a/ si'a sadi irra deddeebite galte.Kun amaloota Afaanii keessaa isa kami bakka bu'a?

A. dachummaa B. gargarbahummaa C. tasummaa D. ergifannaa

29. Magartuun hoolota diddiimtuu shan bitatte.Kan jala murame /di-/ maal ibsa?

A. Koorniyaa B. hennaa C. matima D. heddummina/ lakkoofsa

**Fakkeenya:** Qormaata bara 2013 seem.2ffaa

18. Hima sirritti barreeffame filadhu.

A. Caaltuun dhufe B. Toloosaafi Tolaan deeme

C. Caaltuufi dureettiin dhufan D. Tolaan dhufte.

25. Haxxeen ofii nyaattee gowwaa afaan dibdi. Kun hima maaliiti?

A. hima himimsaa B. hima dachaa C. dachaa xaxamaa D. hima xaxamaa

Gaaffileen armaan oliirratti caqasaman qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa bara 2013 seem. 2ffaatti barsiisotaan qopha'anii dhiyaataa turan toora lakkoofsa qormaataa 18, 25 irratti kan argaman yammuu ta'u, gaaffiileen dhiyaatan kunniin waangaafatamuudhaa barbaadame sana haala iftoomina qabuun dhiyeessuu irratti rakkoo akka qabu hubachuun nidanda'ama. Kunis, gaaffii lakkoofsa 18 irratti gaaffii "Hima sirritti barreeffame filadhu." jedhu kun gaaffii barattoonnii hima rakkoo dogoggora seerlugaa hinqabne akka filatan (adda baasan) barbaadamee kan dhiyaatedha.

Hata'umalee, haallii gaaffiileen kunniin ittidhiyatan akkaataa ittifayyadama sirna tuqaalee irratti kan bu'uureeffate waanfakkaatuuf gaaffiin kunniin walfalmisiisaadha. Kanaafuu, haallii

gaaffiileen kun ittidhiyaatan osoo akka armaan gadiitiin dhiyaatanii gaarii ta'a ture. "Himoota armaan gadii keesaa dogoggora seerlugaa kan hinqabne filadhu."

**3. Jechoota hunduu deebii dha, deebii hinqabu, AfiBn deebiidhafi kkf filannoowwan jedhan kan hinhammanne.**

Gaaffiileen qormaataa tooftaa filannoo kennuutiin yammuu qophaa'u gaaffileen qormaatichaa yaadoota dhuunfaa bu'uura kan hintaasfne, hunduu deebii dha, deebii hin qabu, AfiBn deebiidhafi kkf filannoowwan jedhan kan hinhammanne, deebii tokko qofa kan qabu ta'uu irraa eegama (Brown, 1996).

Yaada armaan oliirratti ibsame ka'umsa taasifachuun haala dhihannaa gaaffiilee qormaata xiyyeefatamoo keessatti dhiyaatan yammuu sakattaanu gaaffiilee seerlugaa qormaata xumuraa BAO kutaa 12$^{ffaa}$ seem.2$^{ffaa}$ bara 2013 barsiisotaan qophaa'e waliigalaan 24 dhiyaatan keessaa gaaffileen 4 kan ta'an filannoo isaanii keessatti jechoota hunduu deebii dha, deebii hinqabu, Afi Bn deebiidhafi kkf filannoowwan jedhan kan ofkeessatti hammatan yammuu ta'an, Isaanis:- toora lakkoofsa (13, 15, 22, 26) irratti argamu.Kunis, yammuu shallagamu $\frac{4\times100}{24} = \%16.66$ ta'a. Haaluma walfakkaatuun gaaffilee seerlugaa qormaataa seem.1$^{ffaa}$ bara 2012tti waliigalaan 32 keessaa filannoowwan gaaffii tokkoo (1) hunduu deebii dha, deebii hinqabu, AfiBn deebiidhafi kkf filannoowwan jedhan kan qabudha. Kunis,gaaffii toora lakkoofsa (38) irratti argama.

Walumaagalatti qormaata xumuraa baroota eerame keessatti baay'ina gaaffilee seerlugaa 102 dhiyaatan keessaa gaaffiileen qormaatichaa filannoowwan isaanii jechoota hunduu deebii dha, deebii hinqabu, AfiBn deebiidhafi kkf filannoowwan jedhan shan yammuu ta'an, Kunis, $\frac{5\times100}{102} = \%\ 4.9$ akka ta'an bira gahameera.Kun immoo gaaffileen qormaataa dhiyaatan amanamummaafi ga'umsa akka hinqabaanne isataasiseera.

**Fakkeenyaaf,** Gaaffiilee seerlugaa qormaata BAO kutaa 12$^{ffaa}$ bara 2012 seem.1$^{ffaa}$ keessatti hammataman keessaa gaaffileen filannoowan isaanii jechoota hunduu deebii dha, deebii hin qabu, AfiB n deebiidhafi kkf filannoowwan jedhan kan qaban gaaffilee toora lakkoofsa **(38)** akka agarsiistuutti armaan gadiitti ilaaluuf haayaallu.

38. Jechi durduubee jalatti ramadamu fili.

A, keessa B, irra, C, bira D, gubbaa E, hunda

**Fakkeenyaaf:** Gaaffiilee seerlugaa qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa bara 2013 seem.2ffaa

13. Dhlli namaa dandeettii bareeffamaa osoo hin gonfatiin dura maaliin walii gala ture?
A. Afaaniin B. Dubbisuudhaan C. Barreessuudhaan D. Hunduu deebii dha

15. Jechoota armaan gadii keessaa fufii duubee kan qabu isa kami?
A. Mootummaa B. Fardeen C. Mana D. A fi B deebiidha

22. Caaltuun buna bitatte. Hima kana keessatti antimni kam ta'a?

A. Caaltuu B. Bitatte C. Buna D. deebii hin qabu

26. Jechoota gadii keessaa maqaan fufii yaasaatiin uumame kami?
A. Filannoo B. ijoollummaa C. furdina D. hunduu deebiidha.

**4. Qormaata Keessatti Gaaffii Tokko Si'a Lama Dhiheessuu.**

Qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa bara 2012fi 2013 barsiisotaan qophaa'e kennamaa turan keessatti gaaffileen seerlugaa 102 keessaa gaaffiileen 7 irra daddeebi'uun (si'a tokkoo ol kan dhiyaatan) yammuu ta'u kunis, qormaata bara 2012 seem.2ffaatti gaaffiileen seerlugaa dhiyaatan 17 keessaa gaaffileen shan toora lakkoofsa (2, 6, 18, 9, 19) irratti kan argaman yammuu ta'u kunis, $\frac{5\times100}{17} = \%29.41$ ta'a. Akkasumas, bara 2013 seem.1ffaatti gaaffilee seerlugaa dhiyaatan keessa rakkoowwan walfakkaataa ta'an tokko toora lakkoofsa (5) irratti kan argamu yammuu ta'u, haaluma walfakkaatuun seem.2ffaa bara 2013 gaaffiilee seerlugaa dhiyaatan (24) keessaa gaaffiin tokko toora lakkoofsa (15) irratti kan argamu rakkoowwan akkasii akka qabu bira gahameera.

Walumaagalatti gaaffiiwwan qormaataa bara eerame keessatti baayyinnii gaaffilee seerlugaa dhiyaatan 102 keessaa gaaffiileen qormaaticha keessatti si'a tokkoo ol irradeebi'amuun kan dhiyaatan torba (7) yammuu ta'an, Kunis, $\frac{7\times100}{102} = \%6.86$ akka ta'an bira gahameera.Kun immoo qormaannii dhiyaate amanamummaafi gahumsa akka hinqabaanne isataasisa.

**Fakkeenyaaf**: Gaaffiilee seerlugaa qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa bara 2012 seem.2ffaa keessatti akka agarsiistuutti armaan gadiitti ilaaluuf haayaallu.

2. Hennaan ammennaa gocha yeroo mara dhugaa ta'e irraa ni ijaarama.

19. Himni henna **ammennaa** ta'u kami?

A. Ani kitaaba koo dubbiseera. C. Tolosaan Jimmaan deemee ture.

B. Isheen ganama ganama buna danfisti. D. Harmeen huccuu miiccaa jirti.

18. Himni **henna amsiqaa** ta’u kami? A. Bokkaan lafa jiisa. B. Bokkaan roobaa jira.

C. Bokkaan roobee caame. D. Bokkaan roobuufi.

## 5. Dogoggorsitoota Dandeettii Dogoggorsiisuu Hinqabneen Fayyadamuu

Gaaffiilee qormaataa tokko jalatti dogoggorsitoota filannoowwan keessatti dhiyaatan deebii gaaffiichaaf filannoo dhiyaate waliin bocafi sadarkaa ulfaatina isaatiin haala walfakkaatuun ykn deebii sirrii ta'e haala salphaa ta'een filachuun akka hindanda'amneen dhiyaachuu qabu. Kun immoo barattoonnii gadifageenyaan akka yaadaniifi xiinxalan nitaasisa waanta'eefidha.

Haata’umalee, gaaffiilee seerlugaa soddomii lama (32) qormaata xumuraa BAO kutaa $12^{\text{ffaa}}$ bara 2012 seem.$1^{\text{ffaa}}$tti barsiisotaan qophaa’ee kennamaa turan keessaa gaaffiileen filannoo isaanii dogoggorsitoota dandeettii dogoggorsiisuu hinqabnee lama yammuu ta’an, kuns, toora lakkoofsa qormaataa (31, 36) %6.25 kan qaban yammuu ta’u, Bara 2012 seem.$2^{\text{ffaa}}$ tti gaaffilee seerlugaa 17 dhiyaatan keessaa rakkoo akkasii kan qaban gaaffiilee afur toora lakkoofsa qormaataa (14,17,4,12) kan argamanu ta’ee %23.52 qabatanii argamu.

Akkasumas, bara 2013 seem.$1^{\text{ffaa}}$tti gaaffilee seerlugaa 29 dhiyaatan keessaa rakkoo walfkkaataa ta’an kan qaban gaaffiilee sadii yammuu ta’an, Kuns toora lakkoofsa qormaataa (7,14 ,16) irratti kan argamanu ta’ee %10.34 qabatanii argamu. Haaluma walfakkaatuun bara 2013 seem.$2^{\text{ffaa}}$tti gaaffilee seerlugaa 24 keessaa rakkoo akkasii kan qaban gaaffiilee lama yammuu ta’an, kunis toora lakkoofsa qormaataa (18, 25) irratti kan argamanu ta’ee, dhibbeentaa %8.33 qabatanii kan argaman ta’uu isaanii mirkanaa’eera.

Walumaagalatti gaaffilee seerlugaa qormaata seem. $1^{\text{ffaa}}$fi $2^{\text{ffaa}}$ BAO bara 2012fi 2013tti dhiyaatan 102 keessaa gaaffiileen filannoo isaanii dogoggorsitoota dandeettii dogoggorsiisuu kan hinqabnee 11 yammuu ta’an kuns, toora lakkoofsa qormaataa armaan oliirratti kan ibsaman yammuu ta’an kunis, $\frac{11\times100}{102} = \%10.78$ kan ta’u qormaaticha keessatti iddoo qabatanii argamu. Kanaafuu, gaaffileen qormaata keessatti dogoggorsitoonni filannoowwan keessa jiran dandeettii dogoggorsiisuu kan hinqabne ta’uu isaa xiinxala gaggeeffameen mirkanaa’eera.

**Fakkeenyaaf**: Gaaffiilee seerlugaa qormaata AO kutaa 12 $^{\text{ffaa}}$ bara 2012 seem.$1^{\text{ffaa}}$ keessatti

31. Jecha“nyaachisan”jedhuuf dhamjechi hundee ta’uu danda’u kami?

A. nyaa-  B. nyaach-  C. -sis-  D. nyaat-  E. -an

36. Jechi fufii duraa qabu kami? A. gurraachummaa  B. altokko  C. hiyyeessi  D. faradoo

**Fakkeenyaaf**: Gaaffiilee seerlugaa qormaata AO kutaa 12$^{ffaa}$ bara **2012 seem.2$^{ffaa}$** keessatti

14, Jecha tiishoo kan hin taane kami? A. Af-walaloo  B, caas-luga  C, kut-hima  D, danbalii

**Fakkeenyaaf:** Gaaffiilee seerlugaa qormaata AO kutaa 12$^{ffaa}$ Bara 2013 seem.1 $^{ffaa}$tti

14. Qaamolee dubbii keessatti kan hin ramadamne kami?

A.  Gurra  B. sonba  C. ilkaan lamaan  D. hidhii olii fi gadii

**Fakkeenyaaf**: Gaaffiilee seerlugaa qormaata AO kutaa 12$^{ffaa}$ Bara 2013 seem.2 $^{ffaa}$tti

18. Hima sirritti barreeffame filadhu.

A.Caaltuun dhufe  B.Toloosaafi Tolaan deeme

C. caaltuufi dureettiin dhufan  D. Tolaan dhufte.

25. Haxxeen ofii nyaattee gowwaa afaan dibdi. Kun hima maaliiti?

A. hima himimsaa  B. hima dachaa  C. dachaa xaxamaa  D. hima xaxamaa

**6. Jechoota Hinbarbaachifnefi Irradaddeebiinkallattii Dhiheessuutiin**

Gaaffiileen qormaataa yammuu qopha'an irradaddeebii jechootaa hin barbaachifne irraa kan qulqulla'an ta'uu akka qaban hayyoonnii damee barnootichaa addaaddaa nihubachiisu. Haata'u malee, gaaffiilee seerlugaa soddomii lama (32) qormaata xumuraa BAO kutaa 12$^{ffaa}$ bara 2012 seem.1$^{ffaa}$tti barsiisotaan qophaa'ee kennamaa turan keessaa gaaffiilee irradaddeebii jechootaa hinbarbaachifne kan qaban keessaa gaaffilee tokko yammuu ta'an kunis, toora lakkoofsa qormaataa 34 irratti argama.

Gaaffilee qormaata bara 2012 seem.2$^{ffaa}$ keessattis haaluma walfakkaatuun gaaffi tokko yammuu ta'u kunis, toora lakkoofsa qormaataa (24) irratti argama. Bara 2013 seem.2$^{ffaa}$ tti gaaffilee seerlugaa 24 keessaa rakkoo akkasii kan qaban gaaffiilee sadii yammuu ta'an kuns toora lakkoofsa qormaataa (14, 25, 29) irratti argamu. Kunis yammuu shallagamu $\frac{3x100}{24}=$ % 12.5 kan ta'u iddoo qabataniiru.

Walumaagalatti gaaffiiwwan qormaataa bara eerame keessatti baay'innii gaaffilee seerlugaa dhiyaatan 73 keessaa gaaffiileen qormaatichaa filannoowwan isaanii jechoota hinbarbaachifnefi irradaddeebii qaban shan (5) yammuu ta'an, Kunis, $\frac{5\times100}{73}=\%6.84$ akka ta'an bira gahameera.Kun immoo gaaffileen qormaataa dhiyaatan amanamummaafi ga'umsa

akka hinqabaanne isa taasiseera. Akkasumas, gaaffiileen dhiyaatan nuffisiisaa waantaasisuuf qajeeltoowwan haala dhihannaa gaaffiilee qormaata filannoo kan faalleessu ta'ee argameera.

**Fakkeenyaaf:** Gaaffiilee seerlugaa qormaata BAO kutaa 12$^{ffaa}$ seem.1$^{ffaa}$ 2012

34. Hima gaaffii lakk. (33) keessatti maqibsi "gurguddoo" jedhu akaakuu MI kamiin ta'a?

A. MI akeektuu B. MI.baayyinaa C. MI. amalaa D. MI. maalummaa

**Fakkeenyaaf**: Gaaffiilee seerlugaa qormaata BAO kutaa 12$^{ffaa}$ seem. 2$^{ffaa}$ 2012

24. Keeyyatni sammuu dubbisaa keessatti suuraa waan sanaa bocuu dand'u kami?

A. Keey. Seenessaa B. Keey. Addeessaa C. Keey. mormii D. Keey. ibsaa

**Fakkeenyaaf:** Bara 2013 seem. 2$^{ffaa}$tti

14. Gammadaan <u>**caccabsaa aannaniin unatee nyaate**</u> gaaleen jala sararame gosa gaalee kamiiti? A. Gaalee maqaa B. Gaalee gochimaa C. Gaalee durduubee D. Gaalee maqibsaa

25. Haxxeen ofii nyaattee gowwaa afaan dibdi. Kun hima maaliiti?

A. hima himimsaa B. hima dachaa C. dachaa xaxamaa D. hima xaxamaa

29. "Dabalaan <u>**gara Ameerikaa**</u> imale." Gosti gaalee jala muramee,

A. Gaalee gochimaa B. Gaalee maqibsaa C. Gaalee durduubee D. Gaalee maqaa

Qormaata xumuraa bara 2013 seem. 2$^{ffaa}$tti gaaffilee toora lakkoofsa dhiyaatan keessatti 14, 25, 29 kallattii irradaddeebiitiin yammuu ilaallu, filannoowwan gaaffii kana jalatti dhiyaatan hunda keessatti jechii gaalee jedhu irra daddeebi'uun dhiyaateera. Haata'umalee gaaffii kana keessatti jechii gaalee jedhu waan argamuuf filannoowwan isaanii keessatti irradaddeebiin mul'atan kan hinbarbachifne ta'uu isaaniirra darbee yeroo barattoota qoraman kan fudhatu ta'uun isaa nibeekama.Kanaafuu, gaffiin dhiyaatu haala armaan gadiitiin osoo dhiyate gaarii ita'a.

14. Gammadaan c<u>**accabsaa aannaniin unatee nyaate.**</u> Gaaleen jala sararame gosa gaalee kamiiti?

A. Maqaa B. Gochimaa C. Durduubee D.Maqibsaa

25. Haxxeen ofii nyaattee gowwaa afaan dibdi. Kun hima maaliiti?

A. Himimsaa B. Dachaa C. Dachaa xaxamaa D. xaxamaa

**7. Dogoggorsitoota Walfakkaataa Ta'an Kallattii Dhiheessuutiin**

**Fakkeenya:** Qormaata BAO kutaa 12$^{ffaa}$ bara 2012 seem.1$^{ffaa}$ dhiyaatan

22. Firoommii sagalee kamtu mul'isa?

A. [durba – dubra] B. [siiske – siikse] C. [dubra – durba]

D. [gatne – ganne] E. [mana+-een = manneen]

**Fakkeenya:** Qormaata BAO kutaa $12^{\text{ffaa}}$ bara 2012 seem. $2^{\text{ffaa}}$ dhiyaatan

26. Eeyyama maatii ____ malee manaa bahuun miidhaa cimaa _____ irraan gaha.Bamaqaan iddoo duwwaa guutuu danda’u? A. Inni, isaa B. Ishee, ana C. Kee, si D. Nuti,koo

**Fakkeenya:** Qormaata BAO kutaa $12^{\text{ffaa}}$ bara 2013 seem. $2^{\text{ffaa}}$ dhiyaatan

25. Haxxeen ofii nyaattee gowwaa afaan dibdi. Kun hima maaliiti?

A.hima himimsaa B. hima dachaa C. dachaa xaxamaa D.hima xaxamaa

Qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataa ilaalchisee bu'aan qorannoo kanaa Heaton (1975:13) akka ibsuutti, irra daddeebii dhihannaafi jechoota hinbarbaachifnee kallattii fayyadamuutiin, dogoggorsitoota dandeettii dogoggorsiisuu qaban kallattii dhiheessuutiin, gaaffiileen gaaffii isa dursee dhufu wajjiin kan walqabatan ta'uu dhabuu isaanii, gaaffiileen dhiyaatan hawwataafi iftoomina akka qabaatan gochuutiin, gaaffiilee ilaalcha dhuunfaa calaqisiisan dhiheessuu dhabuutiin, gaaffiilee maloota gara biraatiin dhiyaachuu malan gaafachuu dhabuutiin, gaaffilee deebii hinqabneen kallattii fayyadamuutiin, gaaffiilee seerlugaa sadarkaa barnootaa hinmadaalle kallattii dhiheessuutiin, gaaffiilee qabiyyeewwan walfalmisiisaa ta'an kallattii dhiheessuutiin qormaannii dhiyaatan qophaa'uu qabu jechuun kallattii ibsaniin hanqinoota gaaffilee seerlugaa dhiyaatan kan agarsiise ta'eera.

Bu'uuruma kanaan qorannoo kana keessatti irra daddeebii dhihannaafi jechoota hinbarbaachifne 5, dogoggorsitoota dandeettii dogoggorsiisuu hinqabne kallattii dhiheessuutiin 11, gaaffiileen gaaffii isa dursee dhufu wajjiin kan walqabatiins qaban 28, gaaffiileen dhiyaatan hawwataafi iftoomina akka qabaatan gochuutiin **7,** Dogoggorsitoota walfakkaataa ta'an kalattii dhiheessuutiin 4, gaaffiileen qormaaticha filannoowwan isaanii jechoota hunduu deebii dha, deebii hinqabu, AfiBn deebiidhafi kkf filannoowwan jedhan **5**, Gaaffiileen qormaaticha keessatti si’a tokkoo ol irradeebi’amuun kan dhiyaatan torba 7, kan qaban yammuu ta’u, qormaannii xiyyeeffatamoon kunis, qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataatiin qormaannii xiyyeefatamoon cimina kan qaban yoo taa'an iyyuu hanqinoota baay’ee akka qaban bira gahameera.

Walumaagalatti gaaffileen seerlugaa qormaata dandeettii safaru keessatti yammuu qopha'an, qabiyyeewwan seerlugaa kaayyoolee barnoota duraan dhiyaatan irratti hundaa'uun qormaaticha keessatti hmmachiifamuu qabu.Akkasumas, qabiyyeewwan kitaaba barnootaa keessatti xiyyeeffannoo ittikenname bu'ureefachuun gaaffiileen dhiyaatan bakka buu'insa madaalawaa haala qabaniin dhiyaachuu qabu.Kanaafuu, qormaata gaffiilee filannoo yammuu qopheessinu qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataa booqannaa lama keessatti hayyoonnii

adda addaa ibsan bu'uureeffachuun qophaa'uun isaanii hanqinoota akka hinuumamne gochuu keessatti shoora olaanaa qaba.

## 4.2. Ragaalee Afgaaffiirraa Argaman

Kaayyoon guddaan afgaaffiin kan dhiyaateef akkuma duraan booqannaa 3ffaa keessatti ibsameen barsiisonnii Mana barumsa sokorruu sad. 2ffaa kutaa 12ffaa qormaata xumuraa BAO yammuu qopheessan maal irratti akka bu'uureeffatan, adeemsa itti qopheessan, muuxannoon isaan ittifayyadama gabatee murteesituu qabiyyee qormaatataa (karoora qormaataa) isaan qaban maal akka fakkaatu sakatta'uudha.Haaluma kanaan gaaffiileen dhimma kanarratti hundaa'an dhiyaachuun deebiin ittikennameera. Afgaaffiin kun gaaffiiwwan ijoo ta'an 6 (jaha) kan qabu yammuu ta'u, deebii odeefkennitoonnii laatan cuunfuun akka armaan gadiitti mala ibsaa fayyadamuun dhiyaateera.

Gaaffiin jalqabaarratti barsiisotaaf dhiyaate "Qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa sad.Mana barumsaatti qopha'an irratti nihirmaattuu" kan jedhu yammuu ta'u, deebiin isaan kennan "eeyyee ni hirmaanna" kan jedhudha.

Gaaffiin kanatti aansee gaafatame gaaffii banaa "Qormaatnii kunniin akkamitti qophaa'u?" kan jedhu yammuu ta'u, barsiisonnii deebiin isaan kennan bakka ijoo lamatti qooduun kan ilaalamu ita'a. Deebiin isaan kennan innii jalaqabaa barsiisonni miseesota muummee ta'an martinuu gaaffiilee barattoonnii baratan jadhee yaadu qabiyyeewwan hundarraa akka qopheessanii dhufan nitaasifama. Itti aansuun gaaffilee barsiisonnii qopheessanii dhufan waliin ta'uun qabiyyeewwan barattoonnii baratan jadhamee yaadamuufi barattoota madaalu akka dhiheesan gochuun keessa akka hammatamu ykn akka jijjiramee kan biraa qophaa'u ni taasifama kan jedhan yammuu ta'u, Tooftaan innii lammaffaan immoo miseensota muummee irraa fedhii isaaniitiin ykn haala sagantaa dabaree isaan baafataniin yeroo qormaannii qophaa'u akka qopheessan nitaasifama. Adeemsii akkanaa kun yeroo baayyee qormaata seemisteraa qopheessuuf yammuu ta'u, qormaata xumuraa ykn moodeelaa qopheessuuf garuu namoota lama ykn lamaa ol miseensota muummee keeessaa akka qopheessan marii akka muummeetti gaggeeffaman irratti waliigalama.Kanaafuu, haala kanaan qormaannii qophaa'ee dhiyaata jechuudha.

**Gaaffiin sadarkaa 3ffaa** irratti dhiyaate "Qormaatni xumuraa BAO kutaa 12ffaa yammuu qopheessitan maddoonnii gaaffiilee qormaataa maali? ykn gaaffiileen kunniin eessaa walitti qabamu?" Kan jedhu yammuu ta'u, akka odeef kennitoonnii ibsaniitti gaaffiileen qormaataa

irra jireessaan gilgaalota adda addaa, yaadannoowwan tokko tokkofi kkf irraa, kitaabilee deeggarsaa barreessitoota adda addaatiin barreeffamanii kan mataduree qabiyyeewwan barnootichaatiin walittidhufeenya qaban akka maddaatti nigargaaramna jechuun yaada isaanii niibsu.

"Adeemsa qophii qormaataa irratti waanhirmaataa turtaniif gaaffilee qormaataa yammuu filattan qabiyyeewwan kitaaba BAO keessaa irra jireessaan isa kam irratti xiyyeeffatama" kan jedhu gaaffii ittiaanee dhiyaateef yammuu ta'u, barsiisota baayyee biratti garaagarummaan yaadaa kan uumame ture. Haaluma kanaan odeef kennitoonnii tokko tokko qabiyyeewwan seerlugaafi ogbarruu irratti xiyyeeffannoo guddaa akka ittikennan ibsuun kanaaf immoo akka sababaatti kan isaan kaasan yeroo baayyee gaffiileen qormaata biyyooleessaa irratti mul'atan qabiyyeewwan kanneen irratti baayyiinaan waanxiyyeeffatamuuf akkasumas, qabiyyeewwan kunniin gaaffiilee irraa qopheessuufis waanmijataa ta'aaniif jechuun yaada isaanii niibsu. Gama biraatiin immoo odeefkennitoonnii tokko tokko akka ibsaniitti qormaannii walitti qabama gaaffiilee qabiyyeewwan dandeettii Afaanii hundarraatti hundaa'uun kan qopha'an ta'uu qabu.

Haata'umalee, qabiyyeewwan dandeettii Afaanii tokko tokko gaaffiilee irraa qopheessuuf kan mijataniimiti.Akka fakkeenyaatti qabiyyeewwan dandeettii dhaggeeffachuu qormaata xumuraa irratti hammachiisurra qofaatti laabraatoorii Afaanii keessatti addatti osoo gaggeeffame gaarii ita'a. Haata'umalee, kana gochuuf immoo humnii Mana baarumsichaatiin ol waanta'eef raawwachuuf kan danda'amu miti.Kanaafuu, rakkoowwan akka kanaa qabiyyeewwan barnoota Afaanii tokko tokko irratti xiyyeeffannoon akka ittihinkennamne ta'ee jira jechuun yaada isaanii niibsu.

Yaada armaan oliirratti odeefkennitoonnii ibsan irraa hubachuun kan danda'amu adeemsa qophii qormaata BAO irratti qabiyyeewwan barnoota Afaanii hunda haala walsimannaa qabaniin iddattoowwan walgitiinsa qaban akka hammataman gochuun rakkisaa waanta'eef qabiyyeewwan jiran keessaa qormaata qopheessuuf qabiyyeewwan mijatoo ta'an qofa akka hojirra oolchan hubachuun nidanda'ama. Yaadnii kun immoo sakatta'a dokimantii qabiyyeewwan qormaata armaan oliirraa ragaawwan argaman waliin kan wal simudha jechuun nidanda'ama. Sababiin isaas, akkauma xiinxala qormaataa armaan durarratti ibsameen xiyyeefannoon qormaataa dandeettiiwwan Afaaniirraa dameewwan beekumsaa

kanneen akka seerlugaa, ogbarruufi hiika jechootaa irratti ta'uun isaa yaada kana cimsuurratti akka ragaatti kan dhiyaatudha.

**Gaaffiin sadarkaa 5ffaa** irratti dhiyaate "Adeemsa qophii qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa irratti muuxannoon gabatee qabiyyeewwan qormaataa murteessituutti fayydamuurratti qabdanu maal fakkaata?" kan jedhu yammuu ta'u, gaaffii kanaaf deebiin kenname akka agarsiisuutti odeefkennitoonnii baayyeen isaanii dhimma kana irratti wantii beekan akka hinjirre kan nama agarsiisudha.Odeefkennitoonnii baay'een akka ibsaniitti adeemsa qophii qormaataa irratti gabatee qabiyyeewwan qormaataa murteessituutti fayyadamuun barsiisoota kaan biratti illee jiraachuun isaa shakkisiisaa akka ta'e ibsaniiru.Gabateen qabiyyeewwan qormaataa murteessu (Table of specification) kaayyoofi qabiyyeewwan kitaaba barnoota Afaanii irratti hanga isaan qaban irratti hundaa'uun baay'inaafi bal'ina qabiyyeewwan qormaataa tooftaa ittimurteeffamu ta'uu isaa nibeekama.

Haata'umalee, akka odeefkennitoonnii ibsaniitti gaaffiileen qormaataa kan filataman tokkoon tokkoo barsiisaa gaaffiilee qabiyyeewwan ibsaman barsiisuufi barsiisuu dhabuu isaafi gahumsa gaaffiilee deebisuu barattootaa hubachuu qofa ta'uu isaati.Ragaa kennitoota keessaa tokko dhimmacha (Gabatee qabiyyeewwan qormaataa murteessu) akka beekuufi haata'u malee dhibbaa baay'ina hojiifi barsiisota baay'ee biratti waanbeekamaa hintaaneef hojiirra oolchuu akka hindandeenye niibsa.

Walumaagalatti adeemsa qophii qormata xumuraa BAO kutaa 12ffaa keessatti gabateen qabiyyeewwan qormaataa murteessuutti akka hojiirra hinoolle ibsoota odeef kennitoonni kennan irraa hubachuun nidanda'ama.

**Xumura irratti gaaffiin** (6)n odeefkennitootaaf dhiyaate "Ga'umsa gaaffiilee seerlugaa qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa ykn qabiyyeewwan qormaataa walsimannaan isaan qabiyyeewwan kitaaba BAO waliin qaban ilaalchisee wanti natti himtan jiraa?" kan jedhu yammuu ta'u odeefkennitoonnii deebiiwwan adda addaa kennanii jiru. odeefkennitoota keessa inni tokko akka ibseetti qormaannii xumuraa BAO kutaa 12ffaa irra caalaan isaanii xiyyeefannoo kan taasisan qabiyyeewwan seerlugaa, ogbarruu, hiika jechootaa adda addaa irratti waantaasisaniif qabiyyeewwan kitaaba barnootaa keessa jiran hunda bakka bu'iinsa walgitiinsa qabu qormaata keessatti niqabaatu jadhanii dubbachuun rakkisaadha.

Odeefkennitoonni kan biroon immoo akka ibsaniitti qormaanni xumuraa BAO kutaa $12^{ffaa}$ sad. Mana barumsaatti barsiisotaan qopha’an qabiyyeewwan kitaaba BAO keessa jiraniin yammuu ilaalamu bakka bu’iinsa walmadaalu niqabaatu jadhanii dubbachuuf akka ittiulfaatuufi kan gochuuf baayyee rakkisaa akka ta’e ibsaniiru.

Walumaagalatti afgaaffii barsiisota qormaata BAO kutaa $12^{ffaa}$ qopheessan yaada isaan kennanrraa wantii hubachuun danda’amu qormaannii tokko kan qopha’u miseensota muummee keessaa nama tokko ykn tokkoo ol fedhii isaaniitiin ykn sagntaa dabreesaaniitiin kan qopha’u yammuu ta’u, gaaffiilee qabiyyeewwan booqannaa miseensoonnii muummee hunduu irra gahan kan keessaa filataman ta’uu isaanii ilaalamaa qabiyyeewwan qormaataa akka ta’an murteessuudhani. Qormaaticha keessatti xiyyeeffannoon olaanaan kan ittikennamu qabiyyeewwan seerlugaa, ogbarruufi hiika jechootaa akka ta’e, qabiyyeewwan kitaaba barnootaa keessa jiran bakka bu’iinsa walgitan qabiyyeewwan qormaata keessa akka jiraatu (walsimannaa) akka qabaatan gochuuf jecha karoora qormaataa ykn gabatee qabiyyeewwan qormaataa murteessituutti akka hinfayyadamne deebii kennamerraa hubachuun danda’ameera.

Qorataan ragaawwan sakatta’a dookimantiirraa xiinxala gaggeesseen akka argeetti afgaaffii barsiisota qormaata xumuraa qopheessan irraa yaada kennan waliin kan walsimu ta’ee argateera. Xiinxala ragaawwan gabatee 2 irratti ibsaman akka agarsiisuutti qormaannii xumura AO kutaa $12^{ffaa}$ bara xiyyeeffatamoon irra jireessaan qabiyyeewwan barnootaa irratti xiyyeeffatan dandeettiiwwan Afanii keessaa qabiyyeewwan seerlugaa, ogbarruufi hiika jechootaaf akka ta’e hubachuun nidanda’ama. Akkasumas, uwwisnii dandeettiiwwan Afaaniif kenname kitaaba barnootaa keessatti hamma kennameen kan walhinsimne qofa osoo hinta’iin uwwisa dandeettiiwwan Afaanii kan biroof kenameerraa baay’ee xiqqaadha. Keessattuu, qabiyyee dandeettiiwwan Afaanii keessaa dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuuf qabiyyeewwan qormaataa keessatti gaaffiilee bakka bu’an gonkumaa akka hinqophaaneef ilaaluun danda’ameera. Yaannii ykn deebiin barsiisota qormaata qopheessan kennaniis kanuma kan cimsudha.

## 4.3. Ibsa Bu'aawwanii

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa qaacceessa dhihannaafi ga'umsa gaaffilee seerlugaa qabiyyee qormaata seem. $1^{ffaa}$fi $2^{ffaa}$ BAO kutaa $12^{ffaa}$ barsiisota Mana barumsa Sokorruu sad.$2^{ffaa}$n qophaa’anii bara 2012fi 2013tti kennamaa turan haala saayinsaawaa ta’een

madaaluurratti xiyyeeffata. Kaayyoo gooroo qorannoo kanaarraa kaayyooleen goree maddan keessaa inni jalqabaa qormaata seem 1ffaafi 2ffaa BAO kutaa 12ffaa bara 2012fi 2013tti barsiisotan qophaa'ee kennamaa turan keessatti qabiyyeewwan seerlugaa maal fa'a akka hammataman adda baasuu kan jedhu ture. Yaada kana ilaalchisee akkuma bu'aawwan xiinxala gaggeeffamanirraa hubachuun danda'amu bara 2012fi 2013tti qabiyyeewwan barnoota seerlugaa ofjalatti qabiyyeewwan seerlugaa gooree 11 (kudha tokkootti) qoodamuun dhihaachuu isaanii ilaalameera. Haallii kun immoo qormaata ilaalchisee Brown (1996:22) akka ibsuutti, "qormaanni tokko qabiyyeewwan mara, matadureewwanfi kkf kan ofkeessatti hammate yoo ta'eefi qoramaannis waan barbaadu qormaatichaan amaloota ittiinsafaramu kan deebisu ta'ee yoo qophaa'e akkasumas, gochoota baruu barsiisuu daree barnootaa keessatti raawwatamu iddattaa'uun bakka bu'u yoo ta'e qormaatichii sirrummaa qabiyyee qaba jechuudha" kan jedhu yaada hayyuuchaa haala calaqisiisuu danda'uun dhiyaateera.

Akkasumas, maalummaa seerlugaa ilalchisee Addunyaan (2010:24) hayyuu O’Grady (1996) wabeeffachuun yammuu ibsu, “Caaslugni seera caasaa afaan tokkoo (Caasaa dhamsagaa, birsagaa, jechaa, gaalee, himaafi wkf) too’atuudha” jedha.Baayyee (1987) Seerlugnii saayinsii sirna Afaan tokkoo sadarkaa sagaleetii kaasee hanga ijaarsa gaaleetti jiran kan agarsiisuudha. Kanaafuu yaadrimeen seerluga jedhu kan ibsu, Afaan tokko keessatti qindaa'ina sagaleelee, jechootaafi gaaleewwanii kan ilaallatudha. Sirni kun immoo dubbatoonnii afaan sanaa kan beekaniifi wayta adeemsa ittifayyadama keessatti sirrii ykn dogoggora jechuuf kan isaan dandeessisudha.

Dabalataaniis, Ur (1996:176-177) akka ibsuutti, seerlugnii sirna waliigagalaa Afaan tokkoo kunis qindaa'ina sagaleelee, latiilee, jechaa, gaaleewwanii akkasumas, qinddaa'inafi ijaarsa himootaa yaadrimee jadhan kan ofkeessatti qabatudha. Kanaafuu, akkaataan taa'umsa ijaarsa caasaa sagaleelees ta'ee jechootaa sirna seerluga afaan sanaa kan hordofaniidha yaada hayyoonni jedhan qormaaticha keessatti ilaalamuu danda'ameera.

Haata'umalee, qormaata xiyyeeffatamoo kana keessatti qabiyyeewwan seerlugaa xixiqqaa muraasa ta'an kan hinhammatamne akka jiran xiinxala adeemsifamerraa hubachuun danda'ameera. Argannoon qorannoo kanaa qabiyyeewwan seerlugaa xixiqqaa ta'an ilaalchisee argannoowwan qorannoo qorattoota (Muluu: 2009, Siyyum: 2012) wajjiin walfaalleesseera. Kana jechuun qorannoo kana keessatti qabiyyeewwan seerlugaa gooree ta'an ilaachisee yaada hayyootaa ka'umsa taasifachuun qabiyyeewwan seerlugaa 11 (kudha tokko) ta'an kan

ilaalaman yammuu ta'u, Muluu (2009) kallattii afuriin (kallattii xiinsagaatiin, xiinllatii, xiinhiikaafi haala galumsaatiin) akkasumas, Siyyum, (2012) haaluma walfakkaatuun kallatti afuriin kunis (kallattii xiinsagaatiin, xiinllatii, xiinhiikaafi haala galumsaatiin) jechuun qabiyyeewwan seerlugaa xixiqqaa ta'an walitti baqsuun dhiheessuun isaanii qorannoon kun qorannoo isaaniitiin adda ta'uu danda'eera.

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa innii $2^{ffaa}$n Dandeettiiwwan Afaanii kan biroo waliin yammuu walbira qabnu qormaata xiyyeeffatamoo keessatti qabiyyeewwan seerlugaatiif uwwisnii kenname hangam akka ta’e madaaluu kan jedhudha. Bu'uuruma kanaan qormaata xiyyeeffatamoo kana keessatti qabiyyeewwan seerlugaatiif haguuggiin kenname dandeettiiwwan Afaanii kaan waliin yammuu walbira qabnu qorannoowwan kanaan dura dalagaman keessaa Muluu (2009) Qormaata Afaan Amaaraa kutaa $10^{ffaa}$ irratti dalagdeen gaaffiilee qormaaticha keessatti hammataman 275 yammuu ta'an, kanneen keessaa dandeettii dubbisuu 75, barreessuun 65, dubbachuu 35,dhaggeeffachuu 22, qabiyyeewwan seerlugaatiif immoo 55 akka ta'an qorannoo ishee keessatti ibsitee jirti.

Qorannoo kana keessatti immoo akkuma armaan duratti qaaccessa ragaa keesstti ibsameen bara 2012fi 2013 Mana barumsa Sokorruu sad.$2^{ffaa}$tti qormaata xumuraa seem.$1^{ffaa}$fi $2^{ffaa}$ BAO kutaa $12^{ffaa}$ barsiisotaan qopha'anii kennamaa turan waliigalaan gaaffiilee 173 kan qaban yammuu ta'an, kanneen keessaa baay’innii gaaffiilee dandeettii dubbisuu (11), dandeettiin barreessuu (3), Ogbarruun (28), seerlugnii 102, jechoonnii (29) akkasumas, dandeettiiwwan dubachuufi dhaggeefachuun haaluma walfakkaatuun (0)dhaan gaaffileen qormaaticha keessatti osoo hinqophahiniif dagatamuu isaanii xiinxala gaggeeffameen mirkanaa'eera.

Baay’innii gaaffiilee seerlugaa baay’ina gaaffilee qormaataa waliigalaan yammuu ilaalamu, $\frac{\text{Baayyina gaaffilee qabiyeeraa bahan} \times 100}{\text{baayyiina gaaffilee waliigalaati}}$. Kana jechuun $\frac{102\times100}{173} = \%\mathbf{58.955}$ yammuu qabaatu, Dandeettii dubbisuu (%6), dandeettii barreessuu (%2), Ogbarruu (%16), jechootaa (%17) haguuggiin kan kennameef yammuu ta'u, dandeettiiwwan dubachuufi dhaggeefachuun kitaaba BAO kutaa xiyyeeffatamoo keessatti uwwisa kennameefi osoo jiruu qormaata xiyyeeffatamoo keessatti bakka bu'iinsa (%0) gaaffileen qormaaticha keessatti osoo hinqophahiniif dagatamuu isaanii xiinxala gaggeeffameen mirkanaa'eera.

Bu’uuruma kanaan, akka hayyoonnii Madson (1983), Bachman (1990), Hughes (1986) ibsaniitti, Kaayyoowwan qormaata Afaanii jechuun akka armaan gadiitti ibsaniiru.Dandeettiiwwan afaanii kam irratti hanqinni akka mul'atu agarsiisuu, dameewwan barnoota kam irratti sirreeffama akka barbaadu eeruu, barattoonni daran akka hojjatan kakaasuu, agarsiisuu kaayyoowwan jedhan akka qaban ibsaniiru.

Haata'umalee, qorannoo kana keessatti qormaatnii xiyyeeffatamoon kun dandeettiiwwan Afaaniitiif xiyyeeffannoon kenname baay’ee gadaanaa akka ta'e xiinxala adeemsifameen hubachuun danda'ameera. Kaayyoon barnoota Afaanii dandeettiiwwan Afaaniitiif xiyyeeffannoo olaanaa ta'e kan kenneef yoo ta'e iyyuu, qormaannii xiyyeefatamoon kun xiyyeefannoon dandeettiiwwan Afaaniitirraa dameewwan beekumsaatiif (seerlugaa, ogbarruutiifi jechootaaf) gahee walhinginne kennuufiisaa xinxala gaggeeffameen mirkanaa’eera.

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa innii 3^ffaa^n "Qormaata xumuraa seem.1^ffaa^fi 2^ffaa^ BAO kutaa 12^ffaa^ barsiisotaan bara 2012fi 2013tti qopha’anii kennamaa turan keessatti gaaffiileen seerlugaa dhihaatan walsimannaan qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO keessatti dhihaatan waliin walitti dhufeenya isaan qaban maal fakkaata?" Kunis, qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO keessatti hammataman walitti dhufeenya isaan gaaffiilee seerlugaa qormaata xumuraa waliin qaban sakatta'uu jechuun kan dhiyaatedha.Akka hayyuun Madson (1983) booqannaa lama keessatti ibseen, qormaannii dandeettii madaalu kitaaba barnootaa bu'uura taasifachuun yammuu qophaa'an bakka bu'ummaan isaanii nigoobana.Kana dhugoomsuuf kitaaba barnootaa keessatti qabiyyeewwan bakka buu'iinsa kennameef madaaluun barbaachisaadha. Qormaannii dandeettii safaru adeemsa baruu barsiisuu daree barnootaa keessatti yeroo dheeraaf gochoota raawwataman kan ibsaman waan ta'aniif meeshaalee barnootaa kan calaqisiisan ta'uu qabu.

Akkasumas, (Bachman, 1990) firoomina qormaataafi kitaaba barnootaa ilaalchisee barattoonnii qabiyyeewwan barnoota duraan baratan irratti hundaa'uun gaffiileen yammuu qopha'an qabiyyeewwan xiyyeeffatamoon walitti dhufeenya cimaa ta'e qabiyyeewwan meeshaalee barnootaa keessa jiran waliin qabaachuu akka qabu niibsu.
Haalumakanaan Yaalaw (1998) sadarkaa hanga firoominaa jechuun kan ibse irratti hundaa'uun ilaalameera. Kunis hangii firoominaa jijjiiramtoota lma jidduu jiru, 0.00 - 0.19 yoo ta'e firoomina kan hinqabne , 0.20 - 0.39 firoomina gadi aanaa, 0.40 - 0.59 yoo ta'e

firoomina giddugleessa, 0.60- 0.79 yoo ta'e immoo firoomina olaanaa, 0.80 -1.00 firoomina baay'ee olaanaa nita'a kan jedhu yaada hayyuu kana irraa ka'uun argannoon qorannoo kanaa kan agarsiisu jijjiiramtoota lama jidduu walitti dhufeenya jiru ykn sadarkaan hanga firoomina isaanii xiinxala istaatiksiitiin P = 0.541 yammuu ta'u, kana jechuun hariiroon qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAOfi gaaffiilee seerlugaa qormaata xiyyeeffatamoo gidduu jiru giddugaleessaa (Moderate) akka ta'e niagarsiisa.

Ibsi sadarkaan firoominaa giddugaleessaa kan agarsiisu haata'u malee sadarkaan firoomina sirrii ta'een gadi akka ta'e hubachuun barbaachisaadha. Sababiin isaas bu'aan isaa hanga firoominaa sirrii jedhu irraa fagaachaa hamma deemuun sadarkaan gahumsa qabiyyeechaas hanguma sana gadi bu'aa waandeemuufidha.

Argannoon qorannoo kanaa Brown (1996:23) baay'ina gaaffiilee qabiyyeewwan filatamaniif murteessuuf dhimmoota ijoo sadi ta'an xiyyeeffannoo ittikennamuu qaba. Isaaniis: baayyina waytii qabiyyecha barsiisuuf fudhate, baayyina gaaffilee qormaaticha keessatti akka hammataman murteeffame, uwwisa qabiyyeewwan filataman haguuguuf baay'ina waytii ramadame irratti xiyyeeffachuu qabna. Yaada kana irratti hundaa'uun yammuu ilaalamu, argannoo qorannoo qorataa Sisaay (2007) waliin walfakkaatee argameera. Kana jechuun, qabiyyeewwan qormaataa keessaa qabiyyeewwaniifi kaayyoolee gooree kitaaba BAO waliin walitti dhufeenya kan hinqabne jiraachuun isaanii, qormaata xiyyeeffatamoo kana yammuu kitaaba barnootaa waliin walbira qabnee ilaallu bakka bu'iinsa wal hinmadaalle qabaachuun isaanii qorannoo kanaan walisaan fakkeessa.

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa inni dhumaa (4ffaa)n dhihannaafi ga'umsa qabiyyeewwa seerlugaa gadifageenyaan agarsiisuun ciminaafi hanqinoota haala dhiheenya gaaffiilee qormaataa qaban ibsuu kan jedhudha. Kaayyoon qorannoo kanaa xiinxala ragalee keessatti haala bal'inaafi gadi fageenya qabuun ilaalameera. Haaladhiheenya gaaffiilee qormaataa ilaalchisee akka hayyuun Brown (1996) ibsuutti, qajeeltoowwan haala dhiheenya gaaffiilee qormaataa akka armaan gadiitti ibsaman akka ta'an booqannaa lama keessatti dhihaateera.

Kunis, Gaaffichii kaayyoo tokko qofa madaaluu danda'uu isaa, gaaffiileen qopha'aan iftoomina haala ittifayyadama afaanii qabaachuu isaanii, filannoowwan gaaffiileef dhihaatan irra daddeebii'amuu dhabuu, Gaaffiilee qormataa keessatti jechoota xiyyeeffannoo barbaadan jala sararuu ykn gurguddisanii barreessuu, Filannoowwan dhiyaatan keessaa deebiin gaaffichaaf ta'u jiraachuu isaa mirkaneessuu, Gaaffileenifi filannoowwan dhiyaatan gaaffii ittiaanuufi ofii isaatiif kan eeruu kennu ta'uu dhabuu isaanii mirkaneessuu, Hunduu

deebiidha, AfiB deebiidha, deebii hinqabu filannoowwan jedhan fayyadamuu dhiisuu, gaaffiileen dhiyaatan salphaa irraa gara cimaatti akka deeman gochuu, gaaffiileefi filannoowwan dhiyaatan hawwataa gochuu qajeeltoowwan jedhan turan.

Bu'uuruma kanaan argannoo qorannoo kanaa qabiyyeewwan seerlugaa qormaata xumuraa BAO kutaa 12^ffaa barsiisotaan bara 2012fi 2013tti qopha'anii dhiyaataa turan keessatti gaaffiileen seerlugaa 102 hammataman bu'uura yaada hayyootaatiin gatiin ittikenname yammuu xiinxalaman qabiyyeewwan muraasa irratti kan walmadaaludha. Kana jechuun, gaaffiilee dhiyaatan xumuruuf yeroon gahaan ramadamuufii danda'ameera. Kaayyooleen qormaata dandeettii safaruu barattoonnii qabiyyeewwan barnootaa hangam akka beekan madaaluu waan ta'eef yeroon gahaa ta'e kennamuufi qaba. Qormaata xiyyeeffatamoo kanaaf yeroo ramadamef yammuu ilaallu qormaata dhiyaatan hundaaf daqiiqaa shantama yammuu ta'u, tokkoon tokkoo qormaata kana keessatti gaaffiilee seerlugaa dhiyaataniif yeroon ramadame gahaafi madaalawaadha jechuun nidanda'ama.

Gama biraatiin immoo qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataa ilaalchisee bu'aan qorannoo kanaa Brown (1996) irra daddeebii dhihannaafi jechoota hinbarbaachifnee kallattii fayyadamuutiin, dogoggorsitoota dandeettii dogoggorsiisuu qaban kallattii dhiheessuutiin, gaaffiileen gaaffii isa dursee dhufu wajjiin kan walqabatan ta'uu dhabuu isaanii, gaaffiileen dhiyaatan hawwataafi iftoomina akka qabaatan gochuutiin, gaaffiilee ilaalcha dhuunfaa calaqisiisan dhiheessuu dhabuutiin, gaaffiilee maloota gara biraatiin dhiyaachuu malan gaafachuu dhabuutiin, gaaffilee deebii hinqabneen kallattii fayyadamuutiin, gaaffiilee seerlugaa sadarkaa barnootaa hinmadaalle kallattii dhiheessuutiin, gaaffiilee qabiyyeewwan walfalmisiisaa ta'an kallattii dhiheessuutiin qormaannii dhiyaatan qophaa'uu qabu jechuun kallattii ibsaniin hanqinoota gaaffilee seerlugaa dhiyaatan kan agarsiise ta'eera.

Akkasumas, hayyuun Brown (1996:55-56) kun yaada isaa itti fufuun akka ibseetti, qormaata seerlugaa keessatti gaaffiileen hammatamanii jiran kaayyoo barnootaa madaalamuu barbaadame ykn jijjiirama amalaa bu'uura taasifachuu, barattoonnii tilmaamaan akka deebii hinkennine dandeettii madaaluu, xiinxaluu isaanii akka hinhir'isne jechoota ykn yaadoota hinbarbaachifne kan eeruu kennan maqsuu, qormaata gaaffiilee filannootiin dhiyaatan keessatti irra daddeebii jechoota hinbarbachifne dhabamsiisuu danda'uun, deebiwwan sirrii ta'an adeemsa walfakkaataa ta'an yoo hordofan gaaffiileen biroon adeemsa duraaduuba sanaan haala salphaa ta'een tilmaamuun akka deebisaniif carraa waan kennuuf dandeettii

xiinxaluufi yaaduu isaanii nihir'isa jechuun kallattii yaada hayyootaa ibsan irratti hundaa'uun qorannoo kana keessatti haala dhihannaa qormaataatiin qaawwii bal'inaan mul'teera.

Bu'uuruma kanaan qorannoo kana keessatti irra daddeebii dhihannaafi jechoota hinbarbaachifne 5, dogoggorsitoota dandeettii dogoggorsiisuu hinqabne kallattii dhiheessuutiin 11, gaaffiileen gaaffii isa dursee dhufu wajjiin kan walqabatiins qaban 28, gaaffiileen dhiyaatan hawwataafi iftoomina akka qabaatan gochuutiin **7,** Dogoggorsitoota walfakkaataa ta'an kalattii dhiheessuutiin 4, gaaffiileen qormaaticha filannoowwan isaanii jechoota hunduu deebii dha, deebii hinqabu, AfiBn deebiidhafi kkf filannoowwan jedhan **5**, Gaaffiileen qormaaticha keessatti si'a tokkoo ol irradeebi'amuun kan dhiyaatan torba 7, kan qaban yammuu ta'u, qormaannii xiyyeeffatamoon kunis, qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataatiin qormaannii xiyyeefatamoon ciminna kan qaban yoo taa'an iyyuu hanqinoota baay'ee akka qaban bira gahameera.

# BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

Ragaawwan qormaata xumura seem.1ffaafi 2ffaa Afaan Oromoo kutaa 12ffaa bara 2012fi 2013, qajeelcha barsiisaa, kitaaba BAOfi afgaaffii barsiisotarraa funaannaman boqonnaa afur keessatti qaacceeffamaniiru. Boqonnaan kun immoo guduunfaa, argannoofi bu'aa argannoo qorannichaa irraatti hundaa'uun qaama dhimmi ilaaluuf, yaada furmaataa waliin dhihaateera.

## 5.1. Gudunfaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa boqonnaa tokkoo keessatti akkuma caaqafame dhihannaafi ga'umsa gaaffiilee seerlugaa qabiyyeewwan qormaata seem.1ffaafi 2ffaa BAO kutaa 12ffaa barsiisota Mana barnoota sad.2ffaa Sokorruutti bara 2012fi 2013tti qophahanii dhiyaatan haala saayinsaawaa ta'een sakatta'uufi madaaluurratti kan xiyyeeffatedha.Bu'uuruma kanaan gaaffiilee bu'uuraa ka'umsa qorannochaatiif deebi'an bara 2012fi 2013tti qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa barsiisotaan qophaa'anii kennamaa turan keessatti qabiyyeewwan seerlugaa maal maal fa'atu hammatamanii jiru? Qormaata xiyyeefatamoo kana keessatti qabiyyeewwan seerlugaaf uwwisnii kenname dandeettiiwwan Afaanii warra kaan waliin yammuu walbira qabnu hammam ta'a? Gaaffileen seerlugaa qormaata xiyyeefatamoo keessa jiran hariiroon isaan qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO kutaa 12ffaa keessatti hammataman waliin qaban maal fakkaata? Akkasumas, Qormaanni kun qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataatiin ciminaafi hanqina akkamiitu irraa mula'ata? kan jedhu turani.

Kaayyoolee gooree qorannoo kanaa deebisuufi bu'aa barbaadamu bira gahuuf meeshaalee sakatta'a dokimantiifi afgaaffii fayyadamuun ragaawwan walitti qabaman gosa qorannoo makaa saxaxa ibsaa waliin walitti firoomsuun kan hojiirra oole yammuu ta'u, qormaata xumuraa BAO bara 2012fi 2013tti barsiisotaan qopha'anii dhiyaataa turan filatamanii ga'umsafi haala dhihannaa qormaataa qabiyyeewwan seerlugaa yaada hayyootaa irraatti bu'uureeffachuun gadifageenyaan xiinxalamee jira.Xiinxala gaggeeffameen booda bu'aawwan armaan gadiirratti ibsaman bira gahamuun danda'ameera.

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo Kutaa 12ffaa keessatti qabiyyeewwan seerlugaaf uwwisnii kennamef olaanaa yammuu ta'u, dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi ogbaruuf immoo uwwisa muraasa ta'eetu kennameef.Haalumawalfakkaatuun qormaata xiyyeeffatamoo keessattiis qabiyyeewwan seerlugaaf haguuggiin kenname olaanaadha.Haata'umalee, qormaata kana keessatti qabiyyeewwan seerlugaa gooree ta'aniif uwwisnii kenname kan walsimatu miti.

Gama biraatiin immoo dhimmoonnii xiyyeefannoo guddaan ilaalaman gaaffileen seerlugaa qormaata xumuraa bara xiyyeefatamoo keessatti irraa deebiin kan dhiyaatan akkuma jiran qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba barnootaa keessatti facaatii osoo qabaatanuu qormaata xiyyeefatamoo keessatti gaaffiileen bakka bu'an akka hinhammatamnedha. Qormaata kana keessatti qabiyyeewwan seerlugaa bakka bu'iinsa tasumaa kan hinkenamneef keessaa walqabsiiftootaafi ciroon kanneen eeramaniidha.

Qabiyyeewwan kunis, ciroon waytii 2 (%5.4o5)fi walqabsiiftootnii waytii 3 (% 8.108) uwwisa kitaaba BAO kutaa xiyyeeffatamoo keessatti osoo qabaatanuu gaaffiilee 0 (%0) osoo hinqophaahiniif dagatamaniiru.Kun immoo qormaatichi rakkoo ga’umsaa akka qabu niagarsiisa.Qabiyyeewwan seerlugaa kanneen qormaaticha keessatti osoo hinhammatamiin maaliif hafan? Qabiyyeewwan seerlugaa lamman kana daree barnootaa keessatti barsiisuuf yeroon fudhate sa'aan yammuu shalagamu sa'aa **3.333** daqiiqaa **320** ykn waytii **5** osoo qabanuu qormaata xiyyeefatamoo keessatti hammatamuu dhabuun gahumsa qormaatichaa gaaffii keessa kan galchu ta'ee argameera.

Gaaffileen seerlugaa qormaata xumuraa BAO kutaa 12[ffaa] barsiisootaan bara 2012fi 2013tti qopha'anii kennamaa turan hariiroon isaan qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO keessatti hammataman gidduu jiru mala koofsheentii sadarkaa walitti dhufeenyaa ispiirsmaaniidhaan gargaaramuun shallagamee firiin argame P = 0.541 yammuu ta'u, Kun immoo sadarkaa firoominaa isaan gidduu jiru giddugaleessaa (Moderate) ta'uu bu'aan isaa niagarsiisa. Ibsi sadarkaan firoominaa giddugaleessaa kan agarsiisu haata’u malee sadarkaan firoomina sirrii ta’een gadi akka ta’e hubachuun barbaachisaadha. Sababiin isaas bu’aan isaa hanga firoominaa sirrii jedhu irraa fagaachaa hamma deemuun sadarkaan gahumsa qabiyyeechaas hanguma sana gadi bu’aa waandeemuufidha.

Kaayyoon gooree sadarkaa dhumarratti kan ilaalame qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataatiin qajeelfamoota (ajajaawwan) akkaataan itti dhiyaatan iftoomina qabaachuu qaba kan jedhudha. Barattoonni rakkoo iftoomina dhabuu qajeelfamaatiin gaaffii dhiyaate dhabuu hinqabanu. Haaluma kanaan qormaata xiyyeeffatamoo kana keessatti qajeelfamootaafi ajajootni dhiyaatan rakkoon iftoominaa kan irraa mul’atuu miti.Kanaafuu, barattoonnii qajeelfamoota haala salphaa ta'een hubachuu danda'uun isaanii akka ciminaatti ilaalameera.

Qormaannii tokko kaayyoo isaa galma yaadame akka gahuuf qajeeltoowwan haala dhihannaa qormaataa bu'uureefachuun qophaa'uu qabu.Dhimmoota kana irratti yaada hayyoonnii adda

addaa ibsan ka'umsa godhachuun qormaata xiyyeeffatamoo kana yammuu madaalamu qabiyyeewwan irra jireessi isaanii qaawwa akka qaban hubatameera.Kunis ta'uu kan danda'eef, haallii dhihannaa gaaffileefi dogoggorsitootaa sirrii ta'uu dhabuu jechoota waliif faallaafi walfakkaataa ta'an gaaffii tokko keessatti karaa walfakkaatuun dhiyaatanii argamuun isaanii akka rakkoo guddaatti ilalameera.

## 5.2. Argannoo

Kaayyoon qorannoo kanaa qormaata seem.1$^{ffaa}$fi 2$^{ffaa}$ Afaan Oromoo kutaa 12$^{ffaa}$ bara 2012fi 2013tti barsiisotaan qopha'anii kennamaa turan keessatti qabiyyeewwan seerlugaa hammataman maal maal fa'a akka ta'an adda baasuu, qabiyyeewwan seerlugaaf uwwisnii kenname dandeettiiwwan Afaanii warra kaan waliin yammuu walbira qabnu facaatiin isaaniif kenname hammam akka ta'e adda baasuu, qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba BAO keessatti dhiyaatan hariiroo isaan gaaffiilee seerlugaa qormaata xumuraa waliin qaban sakatta'uu.Akkasumas, haala dhihannaa gaaffiilee seerlugaa qormaata xumuraa keessatti hammataman gadifageenyaan madaaluun ciminaafi hanqina isaan irraa mul'atan adda baasuun ibsuu qabxiiwwan jedhan ture.

Bu'uuruma kanaan qorataan kaayyoofi gaaffiilee bu'uuraa lafa kaawwaate ka'umsa godhachuun rakkoolee armaan gadiirratti tarreeffaman bira ga'eera.

- Qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 12$^{ffaa}$ keessatti hammataman kan gaaffiilee seerlugaa qormaata seem.1$^{ffaa}$fi 2$^{ffaa}$ Afaan Oromoo kuta 12$^{ffaa}$ bara 2012fi 2013tti barsiisotaan qopha'anii dhiyataa turan waliin kan walhinsimne ta'uu isaanii mirkanaa'eera.
- Qabiyyeewwan seerlugaa kanneen akka ciroofi walqabsiiftoonni kitaaba BAO keessatti uwwisa kan qaban yammuu ta'u, qormaata xiyyeeffatamoo keessatti garuu gaaffiilee bakka bu'an gonkumaa osoo hinqophaahiniif hafuu isaanii mirkanaa'eera.
- Qormaata seem.1$^{ffaa}$fi 2$^{ffaa}$ Afaan Oromoo kutaa 12$^{ffaa}$ bara 2012fi 2013tti barsiisotaan qopha'anii dhiyataa turan keessatti qabiyyeewwan xiyyeefannoo olaanaan kennameef: seerlugaa yoo ta'an iyyuu, haallii dhihannaa isaanii qajeeltoowwan qormaataa kan hordofan akka hintaane qorannochaan mirkanaa'eera.
- Maddi rakkoo qormaata seem.1$^{ffaa}$fi 2$^{ffaa}$ BAO kutaa 12$^{ffaa}$ bara 2012fi 2013tti barsiisotaan qopha'anii dhiyataa turan hanqina haala dhihannaafi ga'umsa qabiyyee dhabuu,

barsiisonni qorumsa qopheessan gabatee murteessituu qorumsaa qopheessuun ittifayyadamuu dhabuu isaaniirraa kan madde akka ta’e qorannochaan mirkanaa'eera.

- Walumaagalatti gaaffileen seerlugaa qormaata xiyyeefatamoon irra jireessi isaanii haala dhihannaafi gahumsa qormaataa kan hordofan akka hintaane mirkanaa'eera.

## 5.3. Yaada Furmaataa

Argannoowwan qorannoo armaan oliirratti dhiyaatan bu'uura godhachuun qormaata gara fulduraatti qophaniif ka'umsa akka ta'uuf qorataan yaadota armaan gadii dhiheesseera.

1. Barsiisonnii yeroo qormaata qopheesasn meeshaalee barnootaa bu'ureefachuun haala saayinsaawaa ta'een yaada hayyootaarratti hundaa'uun dandeettiiwwan Afaanii gurguddoofi xixiqqoo qabiyyeewwan gooree isaanii waliin dursa adeemsa ittiin ragaawwan adda ittibaasan adda baasuun osoo qopheessanii gaariidha.
2. Qaamoonnii qormaata qopheessan yeroo qormaata qopheesasn qabiyyeewwan kitaaba barnootaa keessatti hangam akka irradaddeebi'amanii dhiyaatan adda baasuun akkaataa faca'iinsa isaaniitiin sirrummaa qabiyyechaa eeguun osoo qopheessani.
3. Qaamoonnii qormaata qopheessan osoo qormaata hinqopheefatiin dura karoora qormaataa ykn gabatee qabiyyeewwan qormaataa murteessituutti gargaaramuun osoo qopheeffatani rakkoowwan uumaman furuun nidanda'ama. Kanaafuu, qabiyyeewwan hunduu qajeeltoowwan haala dhihannaa gaaffilee qormaataa sirrii ta'an akka hordofaniifi qabiyyeewwan kitaaba BAO kutaa xiyyeeffatamoo irratti hundaa'uun akkaataa sadarkaa xiyyeeffannoo isaaniitiin bakka bu'iinsii akka kennamaniif osoo taasifame.
4. Qormaannii tokko kaayyoo yaadame sana guutummaan guutuutti akka milkeessaniifi rakkoowwan hundee isaanitirraa maqsuu akka danda'amuuf dhimma qormaataa irratti qaamnii dhimmi ilaalu keessattuu, barsiisotaafi ogeessota qorormaataaf leenjii hojiirraa osoo kennameefii ta'ee.
5. Qormaannii qophaahaan ga’umsii isaanii akka guddatuufi kaayyoo yaadame sana akka milkeessuuf yeroo adda addaa qormaata kennaman adeemsa qophiisaniirratti madaallii adeemsaa taasisuun tooftaa qormaatichii ittiin madaallu yeroo yeroon fooyyeessaa akka deemnu waan taasisuuf qormaata yeroo adda addaa qopha'anii kennaman irratti madaallii gaggeessuun bu'aan isaa olaanaa waan ta'eef qaamoonni dhimmi kun ilaalu martuu yeroo garaagaraatti qormaata qopha'an irratti madaalliin osoo gaggeefame gaariidha.

# WABIILEE


Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Printing Press

Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Qorannoo Hujoo*.Finfinnee Mega Printing Press.

Alderson, J Wall, D. (1995). *Language Test Construction And Evaluation*. Cambridge: Cambridge University press.

Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far East trading PLC.

Bachman, L. D. (1990). *Fundamental Consideration In Language Testing*. Oxford: OxfordUniversity Press.

Bachman, L. F. and Palmer, A. S. (1996). *Language Testing In Practice*. Oxford: OxfordUniversity Press.

Baker, D. (1989). *Language Testing*.Ariticla Survey and Practical Guide London: Divison of Hodder and Stoughton.

Brinton, L.J. (2000). *The Structure of Modern English*. Amsterdam: John Benjamins Publishing Company.

Brown, H.D. (1980). *Principles of Learning and Teahcing*. New Jeresey: Prentice Hall Ince.

Brown, J.D. (1996). *Testing In Language Programs*. New Jersey: Prentice Hall Regents

Brown, H.D. (2004). *Language Assessment Principles And Classroom Practices*. New York: Pearson Education. Ince.

Bygate, et. al.(1994).*Grammar and the Language Teacher*. Hemel Hempstead.UK: Prentice Hall International.

Callhan, J. F. & Clark, L.H. (1988).*Teaching in the middle and secondary Schools, Planning for competence*. 3rded New York: Macmillan Publishing Company.

Crystal, D. (1987). *The Cambridge Encyclopedia of Language*. Cambridge: Cambridge University Press.

Creswell, J. W. (2009). *Research Design: Qualitative & mixed research methods approach* (3rded). Thous & oaks, calif: sage publications.

Dastaa Dassaaleny. (2002). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansa Boolee.

Dirribaa Oliiqaa. (2011). Sakatta'a Firoommii Qabiyyee Qormaata Moodeelaafi Biyyolesaa Kutaa Kudhaniifi Kitaaba Barataa xiyyeeffannoo bara 2010 irratti Magaalaa Gimbii, Mana Barumsaa Gimbii Sadarkaa 2$^{ffaa}$, Godina Wallaggaa Lixaa Waraqaa Eebbaa MA kan hin maxxaanfamiin Yuunvarsiitii Addis Ababaa.

Dubin, F. and E, Olshtain. (1986). *Course Design Language Curriculum*. Cambridge: Cambridge University Press.

FRDI-tti Ministeera Barnootaa.(2005).*Kitaaba Barataa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 12$^{ffaa}$*. Kampaalaa: MK Publishers LTD.

FRDI-tti Ministeera Barnootaa.(2005).*Qajeelcha Barsiisaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 12$^{ffaa}$*. Kampaalaa: MK Publishers LTD.

Gammachuu Hinsarmuu. (2011). Xiinxala Qulqullina Qormaata Xumuraa AO Kutaa 9$^{ffaa}$ Manneen Barnootaa Sadarkaa 2$^{ffaa}$, Aanaa Gommaa Waraqaa Eebbaa MA kan hin maxxanfamiin Yuunivarsiitii Jimmaa.

Gerot & Wignell.(1994). *Making Sense of Functional Grammar*. Sydney: Stabler.Onlineathttp://pdfs.semanticscholar.org/f165/7188srX1X1UTWnfm EA1FbysV3tWC59wpC56d.pdf

Girmaa Ittaanaa. (2007). Gahumsa Qabiyyee Qorumsa Afaan Oromoo Kutaa 10 $^{ffaa}$ Barsiisaa Dareen Qophaa'e: Manneen Barumsa Sad.2$^{ffaa}$ Godina Wallaggaa

Lixaa Keessaa Filataman Waabeffachuun. (Kan hinmaxxanfamne MA guuttachuuf Kan qophaa'e) Addis Ababaa Yuunivarsitii.

Greenbaum, S.(1986). *Good English and the Grammarian*. Hong Kong: Longman Group Ltd.

Harmer, J. (1991). *Teaching and Learning Grammar*. London: Longman.

Harrison, A. (1983). *A Language Testing*. Hand Book. London: Macmillan Pulishers.

Harrison, A. (1989). *ALanguage Testing*. Hand Book. London: Macmillan Publishing.

Heaton, J.B. (1975).*Writing English Language Tests*.London: Longman.

Heaton, J.B. (1988). *Writing English Language Test*: A Practical Guide to Teacher of English as A second or Foreign Language. Landon: Longman Group Ltd.

Henning, G. (1987). *A Guide to Language Testing*.Cambridge, Mass: Newbury House.

Hopkins, C. D and Antes R. L. (1989).*Class room Testing Construction*. 2$^{nd}$ed. Indian: F.E. peacock Publishers.

Hughes, A. (1989). *Testing for Language Teachers*. Cambridge: Cambridge University Press.

Kitao, S.K and' kitao, K. (1996).*"Testing Grammar."*Interent Tesol Jounral, 2, 6.

Larsen Freeman, D. (1997).*Grammar Dimension*. (2$^{nd}$ Ed) Henile: Henile Publisher.

Littlewood, W.(1981).*Communicative Language Teaching*. Cambridge: Cambridge University Press.

Madson, H. (1983). *Techniques in Testing*.New York: Oxford University Press.

Meharens, W. A. and Lehman, I .J. (1974).*Standardized Test in Education*. 2$^{nd}$ ed. Michigan State University.

Nunan, D. (1991). *Designing Task for the Communicative Classroom*. Cambridge: Cambridge University Press.

Oller, J. (1979). *Language tests in schools*: A pragmatic approach. London, UK: Longman.

Parmer, F. (1984). *Grammar*. London: Penguin Book.

Spolksy, B (1978), *Advances in language Testing*.The Center for Applied Linguistics, USA.

Ur, p. (1988). *Grimmer Practice Activities*. Cambridge: Cambridge University Press.

Ur, P. (1996). *A Course in Language Teaching: Practice And Theory*. Cambridge: Cambridge University press.

Weir, C. J (1989). *Understanding And Developing Language Tests*. London: Prentice Hall.

Weir, C. J.(2001). *Language Testing And Validation*. London: Pelgrave Cambridge: Cambridge University press.

Xibabuu Roorroo. (2008). Qaaccessa Ga'umsa Qabiyyee Qormaata Moodeelaa Afaan Oromoo kutaa 10[ffaa] Waraqaa Eebbaa MA kan hinmaxxaanfamiin. Yuunvarsiitii Addis Ababaa.

ሙሉ ደመላሽ፡፡ (2009)፡፡ "የከ2005-2008 ዓ.ም የተሰጡየሰዋስውፈተናዎች ይዘት አቀራረብ ግምገማበደብረታቦር ወረዳ በሚገኙ ሁለተኛ ደረጃ ትምህርትቤቶች የዘጠነኛና የአስረኛ ክፍል በጉድኝት ደረጃ፡፡"ለአርትስ ማስተር ዲግሪ በከፊል ማሟያ የቀረበ ጥናት፣ አዲስአበባ ዩኒቨርሲቲ (ያልታተመ)

ባየ ይማም፡፡ (1987)፡፡ *የአማርኛ ሰዋስው* ፡ አዲስ አበባ፣ ት.መ.ማ.ማ.ድ፡፡

ያለውእንዳወቀ፡፡ (1998)፡፡ *የምርምር ማሰረታዊ መርሆዎች እና አተገባበር* ፡፡ አዲስ አበባ፣ ንግድ ማተሚያ ድርጅት፡፡

ሲሳይ ቴሌ፡፡ (2007)፡፡ "ከ2001-2006ዓ.ም በሃገር አቀፍ ደረጃ ለአጠቃላይ 2ኛ ደረጃ ማጠናቀቂያ ፈተና በተዘጋጁ የአማርኛ ቋንቋ ፈተናዎች ውስጥ የተካተቱ የሰዋስው ጥያቄዎች የይዘት እና አቀራረብ ትንተና፡፡" ለኤምኤዲ ዲግሪ ማሟያ የቀረበ ጥናት፣ አዲስ አበባ ዩኒቨርስቲ (ያልታተመ)፡፡

ስዩም ይሁኔ፡፡ (2012)፡፡ በደቡብ ብሄር ብሄረሰቦችና ህዝቦች ክሌሌ ትምህርት ቢሮ ተዘጋጅተው በቀረቡት የ8ኛ ክፍሌ የአማርኛ ቋንቋ ክሌሊዊ ፈተናዎች ወስጥ የተካተቱት የሰዋስው ጥያቄዎች አቀራረብ እና የይዘት ተገቢነት ግምገማ፡፡ ለኤምኤ ዲግሪ ማሟያነት የቀረበ ጥናት፤ አዲስ አበባ ዩኒቨርስቲ (ያልታተመ)፡፡

ጌታሁን አማረ፡፡ (1990)፡፡ *ዘመናዊ የአማርኛ ሰዋ ስውበቀላል አቀራረብ*፡፡ አዲስ አበባ፣ ንግድ ማተሚያ ቤት፡፡

አበበች ገብሩ ፡፡ (2004) ፡፡ ከ1998 – 2003 ዓ.ም በኦሮሚያ ክልል አማርኛን እንደ ሁለተኛ ቋንቋ ለሚማሩ 8ኛ ክፍል ተማሪዎች ተዘጋጅተው የቀረቡ የአማርኛ ቋንቋ ክልላዊ ፈተናዎች ወስጥ የሰዋስው ጥያቄዎች ግምገማ፡" ለማስተርስ ዲግሪ ማሟያ የቀረበ ጥናታዊ ጽሐፍ፡፡ አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ (ያልታተመ)፡፡

## DABALEE -A

**Qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa bara 2012fi 2013 barsiisotaan qophaa'ee kenname keessatti gaaffileen qabiyyeewwan seerlugaa toora lakkoofsa irratti argaman.**

| Lakk. | Qabiyyeewwan barnoota seerlugaa | Qormaata keessatti toora lakkoofsa gaaffiileen irratti argamanii | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | 2012 | | 2013 | |
| | | Seem1ffaa | Seem2ffaa | Seem1ffaa | Seem2ffaa |
| 1 | Maalummaafi amala Afaanii | 12, | 1,17 | 3,6,7, | 28 |
| 2 | Dhamsaga | 1,15,16,17,18,19,22,23,VI | 16, | 1,2,5,8,9,10,11,12,13,14,15,24,V | 2,23,24,25,27,33, |
| 3 | Dhamjecha | 2,3,5,13,21,31,32,36 | | 29, | 5,15 |
| 4 | Garee jechootaa | 25,28,33,34,38 | 26 | 18,19,20, | 4,20,21,32,34, |
| 5 | Hennaa | | 2,6,9,13,18,19, | 22,23 | |
| 6 | Jechoota haaraa uumuu | 20,24,26, | 12,14,15 | 16,17,21, | 19,26 |
| 7 | Gaalee | 27,29,30, | 5,8,25, | 4,25,26, | 1,3,11,14,29, |
| 8 | Ciroo | | | | |
| 9 | Himoota | | 4, | 28, | 18,22, |
| 10 | Walqabsiiftoota | | | | |
| 11 | Sirna tuqaalee | | | | |
| Ida'ama | | 32 | 17 | 29 | 24 |

## DABALEE-B

**M/B SOKORRUU SAD. 2FFAA QOR. XUMUURAA A/O KUTAA 12FFAA SEM.**

**1FFAA BARA 2012** **yeroo ramadame 50'**

**Maqaa ________________________________daree _____________________ lakk._______________**

**I, yaada sirrii ta'een "dhugaa" kan dogongora ta'een immoo "soba" jedhii deebisi**

______1.Akkaataa uumama isaatiin sagaleen{h, f, v, s, sh} lootuu jedhamu.

______2. Fufiileen hunduu dhamjedha/latiidha; latiin hundu garuu fufii miti.

______3. Fufiileen duraa fi hundeen jechootaa dhamjecha hirkataa jalatti ramadmu.

______4. **Hawwaadiin** gosa fuudhaafi heerumaa qooda maatii malee gurbaan ofumaa nama intalattiErgatee haasa'atuudha.

______ 5. Jedchi "**jabbilee**" jedhu birsagaan sadi; dham-jechaan immoo lama ta'a.

**II, Gaafilee armaan gaditti dhiyaatan hiika sirriin walitti firoomsi.**

| A, | B, |
|---|---|
| ______ 6. Milkii | A. dhaloota egeree |
| ______ 7. Haboo | B. daboo |
| ______ 8. Meembaatoo | C. obboleessa abbaa |
| ______ 9. Labata | D. kaayoo |
| ______ 10. Guuza | E. obboleettii haadhaa |
| ______ 11. Abbeera | F. obboleettii ishii haadha manaa ofii duunaan fuuchuu |
| | G. sayyuu |

**III, Gaafilee armaan gaditti dhiyaataniif deebii sirrii ta'e filadhu.**

______ 12. Amaloota afaanotaa miti. Kami?

A. walqixxummaa B. yoomessaala C. ergifannaa D. walcaaluu E. baratamummaa

______ 13. Qaama xiqqoo afaanii (jecha) ta'ee hiika ykn qabiyyee hiikaa of keessaa qabu _______ jedhama.

A. Dhaam-saga B. birsaga C. xiinjeha D. dhamjecha

______ 14. Kan armaan gadii keessaa **yaada haqaa kan hintaane** fili

A. Afaan hunduu seera qaba; akka feeteedhas. B. afaan yoo ergisaa dhabe ni du'a.

C, dhamjechi walabaa jecha ta'uu danda'a. D. fufiileen hundi isaanii latii hirkataadha.

______ 15. Sagaleen bakka uumamaatiin adda ta'e kami? A. */b/* *B. /ph/* *C. /f/* *D. /m/*

______ 16. Sagalee irgee, maddee, Q+ ta'e ______ dha. A. */t/* *B. /n/* *C. / l /* D. /y/

______ 17. Dhaamsagni dubbachiiftuu duraa, gidduu , mit-amartii ______ ta'a.

A. */i/* *B. /e/* *C. /aa/* *D. /uu/*

______ 18. Sochii hidhiitiin dubbachiiftuun amartii, duuba, gidduu ______ ta'a.

A, / *o, oo/* *B. /u, uu/* *C, /a, aa/* *D. /e, ee/*

______ 19.***Dhamsagoota*** ilaalchisee kan **kijiba** ta'e fili.

A. ***/b,p,ph,w,m/*** hidh-ilkeedha B***. /j, y, ny, sh/*** sagalee laageeti

C. ***/i/*** fi ***/e***/ dubbachiiftuu duraati. D. ***/o/*** *fi* ***/u/*** dubbachiiftuu amartiiti

______ 20. kanneen keessaa jechi tishoo **maqaa fi maqibsa** irraa ijaarame kami?

A, qote bulaa B, sanbata guddaa C, mana barumsaa D, kubbaa miillaa

______ 21. Jechi **waljafuu** agarsiisu kami?

A. [galne – galle] B. [bitne – binne] C. [tanboo – tamboo] D.[qamalee – qalamee]

______ 22. Firoommii sagalee kamtu mul'isa?

A. [durba – dubra] B. [siiske – siikse] C. [dubra – durba]

D. [gatne – ganne] E.[mana+-een = manneen]

______23. Sagaaleen osoo hiika jechootaa hinjijjiirin iddoo isaanii qofa yoo waljijjiiran ------ jedhama. A, walbaqannaa B. waljafuu C, haquu D, firoommii

______24. Kan armaan gadii keessaa gareen jechootaa ***maqaa*** ***uumamtee*** jelatti ramadamu kami? A. {godoo, mataa, laga, lafa} B. {gale, nyaate, deeme, argate}

C. {firooma, salphina, addeenya} D.{diimaa, furdaa, qal'oo, daalattii}

______ 25. Jechoota gadii tarreeffaman keessaa ***maqaa gamtaa*** jalatti ramadamu kami?

A. Hawwii, jaalala B. Jabanaa, eelee C. Mukkeen, re'oota

D. Afiriikaa, Adaamaa E, Bineensota

______26. Jechi diigala jalatti hinramadamne kami?

A. Amala-qabeessa B, firooma C, durduubee D. birsaga

______27, [***sangaa*** *foonii guddaa sana*]-gaalee maqaa kanaaf kan jala murame maal ta'a?

A, Mataa B, miiltoo 1ffaa C. murteessituu D. miiltoo 2ffaa

_____28. "*Mana kitaabaa deeme*." Kan jedhu gaalee __ti.

A, gochimaa B. Maqaa C. Ibsa Maqaa D. Gdd

_____29. Tolasaan **muka jala** taa'a. Hima kana keessaa kan jala murame maali?

A. Gdd B. ciroo C. GM D. GIM

______ 30. [si'a lama fardarraa kufe.] GG kanaaf kan jala murame maal ta'aaf?

A, miiltoo B, mataa C. Gdd murteessituu

______ 31, jecha “ nyaachisan” jedhuuf dhamjechi hiundee ta’uu danda’u kami?

A, nyaa- B, nyaach- C, -sis- D, nyaat- E, -an

______ 32, “***Isheen re’oota bitatte***.” Hima kana keessatti dhamjechi ***heddumminaa*** kam ta’a? A. -e B. -n C. -t- D.-oota

______ 33.Biyyi keenya laggeen gurguddoo hedduu qabdi. Hima kana keessaa maqibsi abbummee -----dha.

A, Laggeen B. keenya C, hedduu D, gurguddoo

______ 34, Hima gaaffii lakk. (33) keessatti maqibsi “gurguddoo” jedhu akaakuu MI kamiin ta’a? A.MI akeektuu B. MI.baayyinaa C. MI. amalaa D. MI. maalummaa

______35.Sirna tuqaalee gadii keessaa **hima ergaa**fi **hima gaaffiif** itti tajaajilamnu walduraa duubaan kami?

A. **( ? )** fi **( … )** B. **( , )** fi **(!)** C. **(.)**fi **(?)** D. **(‘ ’)** fi **( - )** E. **( : )** fi **( ; )**

______ 36. Jechi fufii duraa qabu kami? A. gurraachummaa B, altokko C.hiyyeessi D. faradoo

______ 37. Himni sirna tuqaaleetti seeraan hinfayyadamne kami?

A, Huggum! Yaa barasaa!! B, “Mana barumsaa maaliif oolte?” jedhan barsiisaan.

C, Tolaan dubara sadi qaba caaltuu hawwii fi boontuu dha.

D, Abdiin ni dubbisa; Biiftuun ni qo’atti.

______ 38. Jechi durduubee jalatti ramadamu fili

A, keessa B, irra, C, bira D, gubbaa E, hunda

IV.**Afoola Oromoo irratti bu’uurefachuun gaaffilee itti aanan deebisaa.**

______ 39. Reeffa firaa torba garagalchu” mammaaksi kun maal ibsa?

A. tokkummaa B. aantummaa C. jibbaa D. sodaa

______ 40. Mammaaksi gowwummaa mul’isu kami?

A. Malaan durba dubartii taasisu. B. Foontu fooniif rifata.

C. Haadha gowwaa hidhiin jalli madaadha. D. Adurreef harki lachuu mirga

______ 41, Barana qarshiin **ciimmaa qeerensaa** ta’e, hiikni gaalee jala muramee maal ta’a?

A. Ni qaala’e B. ni fokkese C. ni rakase. D. ni dhabame.

______ 42. Hibboo “***hudduu hinqabuu hintaa’u, fannoo hinqabuu hin fannifamu,***” Kan jedhuuf deebii kan ta’u

A. Xiyyaara B. du’aa C. killee D. tulluu

***V, Jechoota Armaan Gadiif Hiika Faallaa Fili***

______ 43. Qaxalee A, qaruuxee B, gamna C. abshaala D. doofaa

______ 44. Taliila A. qarruu B. booruu C. lolaa D. haroo

______ 45. haphii A. doomaa B, qarqara C. yabbuu D. qal'oo


______ 46. irra A. keessa B. jala C. gubbaa D. cinaa

***VI, Gabatee Uumama Dubbachiiftuu Armaan Gadii Sochii Hidhii fi Sochii Arrabaa Irratti Hundaa'uun Guuti. (4%)***

**i. -------- ii. -------- iii. ---------**

a----------

b, -----------



**Maqaa__________________kutaa fi daree_________lakk:________**

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| **1.**__________ | **11.**_________ | **21.**________ | **31.**___________ | **41.** _________ |
| **2.**__________ | **12.**_________ | **22.**________ | **32.**____________ | **42.** _________ |
| **3.**__________ | **13.**_________ | **23.**________ | **33.**____________ | **43.** _________ |
| **4.**__________ | **14.**_________ | 24.________ | 34._____________ | 44. _________ |
| **5.**__________ | 15._________ | 25.________ | 35._____________ | 45. _________ |
| **6.**__________ | **16.**_________ | 26.________ | 36._____________ | 46. _________ |
| **7.**__________ | 17._________ | 27.________ | 37. _____________ | ***VI***.a. _________ |
| **8.**__________ | **18.**__________ | **28.**_________ | **38.** _____________ | b. ____________ |
| **9.**___________ | **19.**_________ | **29.**_________ | **39.** _____________ | c. ___________ |
| **10.**__________ | **20.**_________ | 30._________ | 40. _____________ | |

Qoph. B/Saa S. Sh/K. (Amajjii, 2014)

**DABALEE-C**

**M/ B/S ok. Sad. 2ffaatti Qormaata Xumuraa A/Oromoo kutaa 12ffaa sem. 2ffaa bara 2012 s*a'aa kenname = 50'***

Maqaa ________________________________kutaa/daree __________ lakk. ________

**I, yaada sirrii ta'een "Dhugaa" kan dogongora ta'een immoo "Soba" jedhii Deebisi**

--------1. Afaan kamiyyuu saba isaaf guutuudha.

--------2. Hennaan ammennaa gocha yeroo mara dhugaa ta'e irraa ni ijaarama.

_____3. Himni ijoo keeyyata tokko keessatti yaada dimsahaashaa hammata.

_____4. Himni **"Oromoo aadaa gaarii qaba."** Himni kun hima dachaa ta'a

**II, Gaafilee armaan gaditti dhiyaatan haala gaafatamteen walitti firoomsi.**

| A, | B, |
|---|---|
| --------5. Gaalee maqaa | A. faallaadhaan waan tokko ibsuu. |
| --------6. Hennaa Amsiqaa` | B. amala namaa gonfachiisuu |
| --------7. Habalaka | C. garmalee guddisuu ykn kineessuu |
| -------8. Gaalee firoomseeti. | D. Fardi garbuu nyaachaa jira. |
| -------9. Hennaa Ammennaati. | E. mana mukaa |
| -------10. Nameessa | F. mana keessa |
| -------11. Arbeessuu | G. Abiddi ni guba. |

**III, Gaaffilee armaan gadii haala gaaffichaatiin deebii sirrii filachuun deebisi.**

-------12. Jechi jechoota lamarraa ijaaramee hiikaa tokkoof dhaabbatu------ jedhama.

A, jecha tiishoo B. gabaajee C, dham-jecha D, hima

-------13, Ayyaanni irreechaa waggaa waggaan fulbaana keessa kabajama. Kun?

A, H. Ammennaa B, H. Amsiqaa C, H.Raawwima Ammennaa D. H. Tarsiqaa

-------14, Jecha tiishoo kan hin taane kami? A. Af-walaloo B, caas-luga C, kut-hima D, danbalii

-------15, kanneen keessaa jechi ***tishoo*** maqaa fi maqibsa irraa ijaarame kami?

A, kubbaa miillaa B, qotee bulaa C, mana barumsaa D, sanbata guddaa

------16, jechi "***garaagarummaa***" jedhu birsaga meeqa qaba?. A, 5 B, 4 C, 6 D, 3

------17. Amala Afaanii kan hin taane kami? A, hinjijjiimu B, Ni baratama C, akka feeteedha D, walqixa

------18. Himni ***henna amsiqaa*** ta'u kami? A. Bokkaan lafa jiisa. B. Bokkaan roobaa jira. C. Bokkaan roobee caame. D. Bokkaan roobuufi.

------19. . Himni henna ***ammennaa*** ta'u kami?

A. Ani kitaaba koo dubbiseera. C. Tolosaan Jimmaan deemee ture.

B. Isheen ganama ganama buna danfisti. D. Harmeen huccuu miiccaa jirti.

------20. Namichi sun rirma. karaa itti hin yaadneen nama balleessa. Kun malleen dubbii isa kamiin ta'a?

A. Nameessa B. arbeessa C. iddeessaa D. akkasaa

____21. Intaloo ilkaan aannan fakkaata; fuulli ishees akka Faranjii bareeddi. Kun malleen dubbii ----ta'a?

A. Eemitii B. iddeessaa C. akkasaa D. nameessaa

____22. Obboleessi hattuchaa du'aa jiraata. Kun malleen dubbii isa kamiin ta'a?

A. Eemitii B. iddeessaa C. ukukkubee D. nameessaa

____23. Qaamolee keeyyataa keessatti kan hin ramadamne kami?

A. seenessaa B. hima ijoo C. Hima gargaartuu D. hima goolabaa

____24. Keeyyatni sammuu dubbisaa keessatti suuraa waan sanaa bocuu dand'u kami?

A. Keey. Seenessaa B. Keey. Addeessaa C. Keey. mormii D. Keey. ibsaa

_____25. Qaamolee gaalee kan hin taane kami? A. mataa B. Tokkummaa C. miiltoo D. murteessitu

_____26. Eeyyama maatii ____ malee manaa bahuun miidhaa cimaa _____irraan gaha. Bamaqaan iddoo duwwaa guutuu danda'u? A. inni , isaa B, ishee, ana C, kee, si D, nuti,koo

**IV. Gaaffilee (27-29) afoola Oromoo irratti hundaa'uun deebii sirrii ta'u filadhu.**

____27. *"Reeffa firaa torba garagalchu,"* mammaaksi kun maal ibsa?

A. Jibbaa B. gadda C. aantummaa D. haaloo

____28. "harkatu deema." hiikni jechama kanaa

A. Seera dabsa B. waanyoftuudha C. seeraan bula D. hattuudha

____29. "kan shan dhaabe shantamni hin buqqisu". Deebiin hibboo kanaa?

A. Cadaa B. mana C. barreeffama D. awwaalcha

**V. Gaaffilee (30-35) hiika faallaa ta'e fili.**

_____30. solloqa A. badhee B. dirree C. hallayyaa D. A fi B

_____31. orma A. fira B. amajaaja C. nyaapha D. hiriyaa E. diina

_____32. hayyuu A, doofaa B, gamna C. abshaala D. beekaa E. qaruuxee

____ 33. Tamsaasuu A. facaasuu B, walitti qabuu C. hurgufuu D. bittinneessuu

____ 34. Tumsuu A. deeggarsa B. mormuu/danquu C. gargaaruu D. utubuu

____ 35. usuu A. callisuu B. hasaasuu C. lallabuu D. muguu

**VI. DUBBISA : Gaaffilee Armaan gadii akka dubbisaatti deebsi**

Namichi tokko ijoollee lama qaba ture. Ijoollee lama keessaa inni tokko haatisaa waan jalaa duuteef **gayyaasaa** wajjiin jiraataa ture. Inni haadha qabu mana yoo oolu, inni haadha hin qabne loowwan akka tiksu ajajamee loowwan tiksaa oola. mucaan kun yoo bawus yoo galus nyaanni isaa **qorsoo** duwwaadha.

Haat'u malee, yeroo **tikaaf** bawu iddoo tikaatti bineensota alaa keessaa kan gadamsa fakkaatutu jira ture. Mucaan kun gadamsa kanaan "saawwa saawwiyyoo dhaamsa **Aayyoo**" yoo jedhu dhoqqee fi fincaan buusa. Dhoqqeen marqaa fincaan aannaa ta'aaf ture. Kanarraa kan ka'e, mucaan loon tiksu kun qananiin mucaa haadha qabu caale.

*Afoola Oromoo dur durii jildii -1[ffaa] irraa fudhatame*

____36. Jechi **gayyaa** jedhu dubbischa maali ibsa? A. adaadaa B. haadha C. haboo D. haadha buddeena

____ 37.Jecha **tikaaf** jedhu maali? A. taphaaf B. nyaataaf C. lolaaf D. eegumsaaf

____38.Jechi **qorsoo** jedhu dubbischa maali ibsa? A. Akaayii B. maxinnoo C. buddeena D. qoricha

____39.Jechi **Aayyoo** jedhu ? A. abbaa B. gayyaa C. haadha D.wasiila

____40.Barreeffamni kun gosa barreeffama kamiti? A. Geerarsaa B. faaruu C. dur durii D. Mammaaksaa

Maqaa______________________________________kutaa fi daree_________lakk:________

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 1.__________ | 11._________ | 21._______ | 31.___________ | 39._______ |
| 2.__________ | 12._________ | 22._______ | 32.____________ | 40._____ |
| 3.__________ | 13._________ | 23._______ | 33.____________ | |
| 4.__________ | 14._________ | 24._______ | 34._____________ | |
| 5.__________ | 15._________ | 25._______ | 35._____________ | |
| 6.__________ | 16._________ | 26._______ | 36._____________ | |
| 7.__________ | 17._________ | 27._______ | 37. _____________ | |
| 8.__________ | 18.__________ | 28._________ | 38. _____________ | |

**Qoph. Samaruu S/K**
**Bara 2012**

**DABALEE-D**

**Mana barumsa sokorruu Sad.2ffaa qormaata Afaan Oromoo kutaa 12ffaa sem. 1ffaa bara 2013** **Sa'aa Eeyyamame 50'**

Maqaa __________________________kutaa/daree __________ lakk. _______

**I. <u>yaada sirrii ta'een "Dhugaa" kan dogongora ta'een immoo "Soba" jedhii deebisi</u>**

_____1. Dhasaagoonni funyee /m/, /n/, /ny/ hunduu qooqa qabeeyyiidha.

_____2. Dhamsagi /o/, fi /u/ sochii hidhiitiin garaa gara ta'u.

_____3. Akka amaloota afaaniitti afaan Arabaa fi Afaan Oromoo walqixa.

_____ 4. Gaaleen maqaa kan mataan gaalee sanaa gochima ta'eedha.

_____5.Dhamsagni tokko iddoo adda addaa galuun bifa gara garaa qabaachuu firsaga jedhama.

**II. <u>Gaaffilee armaan gadiitiif haala gaafatamteen deebii sirrii ta'e filadhu</u>**

____ 6. jecha "amanamummaa" jedhu keessatti dhamsagni /a/ si'a sadi irra deddeebite galte. Kun amaloota afaanii keessaa isa kami bakka bu'a?

A. dachummaa B. gargarbahummaa C. tasummaa D. ergifannaa

_____7. Amala afaanii kan hin taane filaa.

A. ergifannaa B. amanamummaa C. uumamuu danda'uu D. seera qabaachuu

____ 8. Saayinsiin waa'ee akkaataa uumama sagalee dubbii qo'atu maal jedhama?

A. Firsaga B. dhamsaga C. xiinsaga D. xinjecha

_____9. Sagalee hidh-lamee, cufaa, Q+ ta'e kami? A. *[ph]* B. *[ p]* C. *[ m]* D. *[ b]*

_____ 10. Bakka uumamaatiin sagaleen adda ta'e kami? A. /w/ B. /k/ C. /q/ D. / g /

_____ 11. Dubbachiiftuu duubaa, fi amartee ta'e fili. .

A. */i/,/e/* B. */o/, /u/* C. */a/, /aa/* D. */ii/, /ee/*

_____ 12. Sagaleen /d/ fi /t/n maalirratti adda bahuu danda'u?

A. Bakka uumamaatiinB.sochii hidhiitiin C. haala kokkeetiin D. akkaataa uumamaatiin

_____13. Dubbachiiftuu walakkaa, gadii, mit-amarteen __dha.

A. */e/, /ee/* B. */u/, /uu/* C. */o/, /oo/* D. */a/, /aa/*

____ 14. Qaamolee dubbii keessatti kan hin ramadamne kami?

A. Gurra B. sonba C. ilkaan lamaan D. hidhii olii fi gadii

_____15. Sagaleen/ dhamsani tokko osoo hiika jechichaa hinjijjiirin iddoo isaanii qofa walgeeddaruu _____ jedhama. A. waljafuu B. walbaqa C. saaguu D. haquu E. firoommii

____16. Jechi diigala ta'uu hindandeenye kami?

A. birqaba B. ijoollummaa C. dhamjecha D. mata duree

____ 17. Jecha tiishoo *maqaa + maqibsa* irraa ijaarame kami?

A. mata duree B. ija jabeessa C. dura bu'aa D. miil-jalee

____ 18. Jechoota gadii keessaa *maqaa* kan ta'u fili.

A. gurgure B. diimate C. harka D. furdaa

____ 19. Jechoota gadii tarreeffaman keessaa *maqaa gamtaa* jalatti ramadamu kami?

A. Hawwii B. barcuma C. mukkeen D. Awaash

_____20. Jechoota gadii tarreeffaman keessaa *maqaa dimshaashaa* jalatti ramadamu kami?

A. namoota B. re'oota C. Aggaaroo D. bineensota

____21. Jechoota gadii tarreeffaman keessaa tokko maqaa uumamteedha?

A. biyya    B. barcuma    C. mukkeen    D. ijoollummaa

___22. Himoota gadii keessaa *hennaa amsiqaa* jalatti ramadamu fili.

A. Boontuun gabaa deemaa jirti.    B. Inni laaqana isaa nyaatee jira.

C, Ani eda rafaan ture.    D. qurxummiin bishaan keessa jiraatti.

___23. Henna *ammennaa* kan ta'u kami?

A. Abiddi ni guba. B. Biiftuun rafteetti. C. Kubbaa taphachaa jira. D. Ani dubbisaan ture.

___24. Jechi " barsiiftota' jedhu birsaga meeqa of keessaa qaba? A. 4    B. 5    C. 6    D. 3

___25. Hima "Caaltuun kaleessa gara Jimmaa deemte." Kan jedhu keessaa kan jala murame__ dha.

A. gaalee maqaa   B. gaalee firoomsee    C. gaalee gochimaa    D. gaalee maqibsaa

___ 26. Gaalee maqaa kan ta'u A, mana ijaare. B. siree mukaa sana

C. mana keessa   D. diimtuu qal'oo

____27. Aadaa fuudhaafi heerumaa Orom-durii keessaa osoo maatiin gurbaafi gurbaan quba hin qabaatin intalli gurbaa jaallattee mana gurbaa deemtu maal jedhama?

A. Hawwaadii    B. Addibaana    C. raraa    D. kaadhimachuu

____ 28. Kan seera Afaan Oromoo eegee barreeffamae kami?

A. Irrechi iirree kenya.    B. Irreechii iree keenya.

C. Ireechii irre keenya.    D. Irreechi irree keenya.

___29. Magartuun hoolota diddiimtuu shan bitatte. Kan jala murame /di-/ maal ibsa?

A. Koorniyaa    B. hennaa    C. matima    D. heddummina/ lakkoofsa

___30. Tolosaa teellaa keenya deema. Hiikni jecha jala muramee

A. halaala B. afoo    C. bukkee    D.booddee

____31. Gadoo … kan jedhuuf hiikni isaa A. haaloo    B. sodaa    C. roorroo    D. jaalala

**III. Afoola Oromoo irratti bu'uurefachuun gaaffilee itti aanan deebisaa.**

___32. Reeffa firaa torba garagalchu" mammaaksi kun maal ibsa?

A. tokkummaa    B. aantummaa    C. jibbaa    D. sodaa

___33. Mammaaksi gowwummaa mul'isu kami?

A. Malaan durba dubartii taasisu.    B. Foontu fooniif rifata.

C. Haadha gowwaa hidhiin jalli madaadha.    D. Adurreef harki lachuu mirga

____34. Jechamni " ciimmaa qeerensaa ta'e" jedhu maal agarsiisa?

B. Ni qaala'e    B. ni fokkese    C. ni rakase.    D. ni dhabame.

___35. Hibboo "***Adii qorkeen Waaqaan morke***." Kan jedhuuf deebii kan ta'u

B. Xiyyaara    B. ruumicha    C. farda    D. tulluu

***IV. Jechoota Armaan Gadiif Hiika Faallaa Fili***

___36. Hancufa liqimsuu   A. dulloomuu    B. cirrifkachuu   C. qancaruu    D. bilchaachuu

------37. Abboomamte    A. tole jette    B. sarmamte    C. didde    D. ajajamte

____38. Tamsaasuu    A. facaasuu    B,    bittinneessuu    C. hurgufuu    D. walitti qabuu


____39. Tumsuu    A. deeggarsa    B. utubuu    C. gargaaruu    D. mormuu

____ 40. Qaxalee    A, qaruuxee    B, gamna    C. abshaala    D. doofaa

***V. Gabatee Uumama Dubbachiiftuu Armaan Gadii Sochii Hidhii, Sochii Arrabaa Irratti Hundaa'uun Guuti.***

**ii. ---------- ii. ----------- iii. ------------**

a----------



b, ------------

c, ------------

Maqaa___________________________________kutaafi daree__________ lakk:_____

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 1.__________ | 11._________ | 21.________ | 31.___________ | 41.a. ____ |
| 2.__________ | 12._________ | 22.________ | 32.____________ | b.____ |
| 3.__________ | 13._________ | 23.________ | 33.____________ | c.____ |
| 4.__________ | 14._________ | 24.________ | 34.____________ | |
| 5.__________ | 15._________ | 25.________ | 35._____________ | |
| 6.__________ | 16._________ | 26.________ | 36._____________ | |
| 7.__________ | 17._________ | 27.________ | 37. _____________ | |
| 8.__________ | 18.__________ | 28._________ | 38. _____________ | |
| 9.___________ | 19._________ | 29._________ | 39. _____________ | |
| 10.__________ | 20._________ | 30._________ | 40. _____________ | |

**Qoph. Samaruu S/K**
**Bara 2013**

**DABALEE-E**

**<u>MANA BARUMSA SOKORRUU SAD 2^FFAA^TTI QORMAATA XUMURAA AFAAN OROMOO KUTAA 12^FFAA^ SEM 2^FFAA^ BARA 2013</u>**

**Sa'aa Eeyyamame 50'**

I. **Gaafilee armaan gadii yaada sirrii ''Dhugaa'' kan dogogora ta'een immoo''soba'' jechuun deebiisi.** 1.Gaaleen maqaa kan mataan gaalee sana durduubee ta'ee dha.

2.Birsaga jechuun qaama jechaa ta'eekan dubbachiistuu qofaan uumamuu dha.

3.Jecha akka mataa gaaleetti tajaajilurratti hundaa'uun gaaleen bakka shanitti qoodama.

4.Jechi tokko ramaddii garee maqaa ta'ee osoo jiruu ,akka maqibsaatti tajaajiluu danda'a.

5.Fufiin dhaamjecha ykn qaama jechaa taatee ,kan qofaa dhaabbatee hiika guutuu qabduu dha.

II. **Jechoota Armaan gaditti "A" jala jiraniif hiika isaanii "B" jalaa filuun walitti firoomsi.**

| **<u>"A"</u>** | **<u>"B"</u>** |
|---|---|
| 6. Lallabamu | A. Dubartii reef deesse |
| 7. Baye, baye | B. Rooba hamaa |
| 8. Ulmaa | C. Haadha warra abbaa ofii |
| 9. Yandoo | D. Himuu |
| 10. Gayyaa | E. Dhaadachuu |
| | F. Booyicha dubarri gaafa heerumaa boochu |

III. **Gaaffilee ittiaanuuf haala gaafatametiin deebii sirrii filadhu**

11. Galataan **<u>garbuu gurraacha</u>** gurgure kan jala sararame.
    A. ciroo B. Gaalee C. himaa D. tishoo
12. Afoola oromoo keessaa kan jaarsolii malee daa'imman yeroo baayyee dhimma ittiin hinbaane isa kami ? A. Hibboo B. Sheekkoo C. geerarsa D. mammaaksa
13. Dhlli namaa dandeettii bareeffamaa osoo hin gonfatiin dura maaliin walii gala ture ?
A. Afaaniin B. Dubbisuudhaan C. Barreessuudhaan D. Hunduu deebii dha
14. Gammadaan **c<u>accabsaa aannaniin unatee nyaate</u>** gaaleen jala sararame gosa gaalee kamiiti?

A. gaalee maqaa B. gaalee gochimaa C. gaalee durduubee D. gaalee maqibsaa

15.Jechoota armaan gadii keessaa fufii duubee kan qabu isa kami ?

A. mootummaa B. fardeen C. mana D. Afi B deebii dha

16. Jechoota armaan gadii kan keessaa kan adda ta'e kami ?

A. qajjisa B .bobaa C. rifeensa D. dabbasaa

17. "Ayyaanuma kootu dhaba hin jaallanne "jedhe waraabessi gurra harree ciniinee .Mammaaksi kun maalibsa?

A. gammachuu B. doofummaa C. gootummaa D abdii

18. Hima sirritti barreeffame filadhu. A. Caaltuun dhufe B. Toloosaafi Tolaan deeme C. Caaltuufi dureettiin dhufan D. Tolaan dhufte.

19. Aannaneen farsoo boqqolloo naqxe. Hima kana keessatti maqaan akka ibsa maqaatti tajaajile isa kami? A. farsoo B. naqxe C. boqqolloo D. Laliseen

20. Baaccuun **suuta** nyaatti; inni garuu,**ariitiin** nyaata.Kan jala murame maali?

A. Gochibsa irra deddeebii C. Gochibsa bakkaa

B. Gochibsa akkaataa D. Gochibsa firoomsituu

21. Namichi sun eessa dhaqe? Kan jala murame

A. Maqibsa abbummaa C. Maqibsa iyyaafannoo

B. Maqibsa lakkoofsaa D. Maqibsa akeektuu

22. Caaltuun buna bitatte. Hima kana keessatti antimni kam ta'a?

A. Caaltuu B. bitatte C. Buna D. deebii hin qabu

23. Jechi "Garaagarummaa" jedhu birsagaan yemmuu qoqqoodqmu:-

A. Garaa-ga-ru-mmaa B, Gara-aga-ru-mm-aa

C, Ga-raa-ga-rum-maa D. Ga-ra-ag-ar-ummaa

24. Himni "Maaliif akka ormaatti wal yakkina?" jedhuuf matima kan ta'u ------dha.

A. Isin B. Isaan C. Nuti D. Ani

25. Haxxeen ofii nyaattee gowwaa afaan dibdi. Kun hima maaliiti?

A.hima himimsaa B. hima dachaa C. dachaa xaxamaa D.hima xaxamaa

26. Jechoota gadii keessaa maqaan fufii yaasaatiin uumame kami?

A. Filannoo B. ijoollummaa C. furdina D. hunduu deebiidha

**27**. Caasaa birsagaa keessatti kan hafuu hin qabne kami?

A. Ka'umsa B. Cuftuu C. Utubduu D. Dubbifamaa

28. Kanneen keessaa amala afaanii kan hin ta'in kami?

A. akka feeteedha B. dagaguu hin danda'u C.wal hara D taseedha

29. "Dabalaan **gara Ameerikaa** imale." Gosti gaalee jala muramee ,

A, Gaalee gochimaa B,Gaalee maqibsaa C,Gaalee durduubee D,Gaalee maqaa

30. "Nuti danuu itti beekna" jette eelee abiddi manatti qabannaan. Himni kun gosa malleen dubbii isakam fayyadame?

A. akkasaa B. habalkaa C. enyaarsee D. nameessuu

31. Karaabaa karaa duraa shantamni hin buqqisu. Deebiin hibboo kanaa:-

A. dhagaa B. utubaa C. awwaala D. gaaddidduu

32. Intalli **arjaan** sun dhufte. Kan jala murame:-

A. Maqibsii bifaa B. Maqibsii amalaa C. maqibsii lakkoofsaa D. maqibsii abbummaa

33. Dargagg**oota** hojii**wwan** **ci**ccimoo keessatti hirmaachisaa. Jedhu keessaa latii/dhamjechi jala sararame *{-oota, -wwan, ci-}* jedhu maaliif gargaara?

A. Hennaaf B. danoominaaf C. koorniyaa agarsiisuuf D. matima mul'isuuf

34.Kanneen keessaa maqaa killayyaa kan hin taane kami?

A.Hiyyummaa B. Gabrummaa C. Jimmaa D. Jaalala

**IV. Gaaffiilee armaan gadiitiif hiikkoo jechama kenname keessaa isa sirrii ta'e filadhu**

35. Nyaara haaddatte**.** A**.** quufte B. bareedde C. Safuu wallaalte D. Ol-utaalte

36. Huuruu dhiibe. A. Jallate B.Dallane C. Rukute D. Furdate

37. Qeeransa madaaye. A. dhukkubsataa B. furdate C. haaloo kuufate D. faana bade

38. Harka nyaate A. Quba ciniine B. ni arrabse C. ni gane D. ni himate

39. Gurra bal'ata A. Odeeffannoo hedduu argata C. Gurri isaa hin dhaga'u

B. Gurri isaa guddaa dha D. Beekaa dha

**V. Barreeffama Armaan Gadii Dubbisuun Gaaffiiwwan Lakk. 29-34'tti Jiraniif Haala Dubbisichaan Deebii Sirrii Ta'e Filadhu.**

Bara durii Leencaafi Re'een waliin duuluuf,waaliin deemuuf mari'atan. Re'eenis waan kana shakkitee, "Ani si hin amanuu, akkamiin si wajjiin duula?" jetteen. Leencis deebisaa, "Si hin nyaadhu" jedhaa kakateef. Kakuun kunis "Yoon si nyaadhe dhala koof haa ta'u" jechuun erga kakatee booda waliin deeman.Ittifufanii osuma deemanii Re'een gammoojjii keessa baala funaannchaa deemti. Leenci garuu waan nyaatu tokkollee hin qabu ture. Osuma deemaa jiranii laga guddaa tokko bira gahan. Laga kanas Re'een salphumatti utaaltee yeroo ceetu Leenci garuu anniisaa ittiin utaalee lagicha ce'u waan dhabeef dadhabe. Lagarra naanna'aa oolee achumaan Re'ee kana nyaachuun qaba jedhee yaade. Kana booda R'ee san yaamee "yoo nan kakuu kana diige maal ta'aa? Jedhee gaafate.

Re'eenis deebistee "lakkii obbo guddaa dhala keef hin toltuu" jetteen. Innis deebisee, dhala koof jedheen ani amma du'uu qabaa? Jedheen. Laga gamatti utaalee ishee nyaachuuf yoo jedhu, bishaan keessatti lafa dhahe. Osuma du'uuf wixxifatuu " raajii na goote dhala keef malee si hin gahu naan hin jennee"? jedheen. Isheenis, "Abbaan kee waan oole maal itti beekta?" jetteen jedhama.

40. Nama fakkiin barreeffama kana keessatti mul'atan eenyu faadha?
A. Nama B. Leenca C. Re'ee D. B fi C deebii sirriidha
41.Eenyutu kakaa cabse? A. Nama B. Re'ee C. Hin beekamu D. Leenca
42. Eenyutu si hin nyaadhu jedhee kakateef? A. Nama B. Leenca C. Re'ee D. Oduu
43. "Mammaaksi dubbii kanaa ta'u A.Faanaa qaban malee Kooraa hin Koran B.Hiriyyaan wal hin beekne malkaa dhuftetti wal kaksiisti.
C. Fardi biraan gaha malee hin waraanu. D. Daaraa fi Daakuu ta'e.
44. Amalli barreeffamni kun itti dhiyaate A. Seenessaa B. Ibsaa
C. Mormisiisaa D. Amansiisaa
45. Malli barreeffamni kun itti dhiyaate A. Eemiti B. Iddeessaa C.Ukukkubee D. Nameessaa

Maqaa --------------------------------------------------Daree------------------ lakk---------

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 1.________ | 11.________ | 21.________ | 31.________ | 41.______ |
| 2.________ | 12.________ | 22.________ | 32.________ | 42.______ |
| 3.________ | 13.________ | 23.________ | 33.________ | 43.______ |
| 4.________ | 14.________ | 24.________ | 34.________ | 44.______ |
| 5.________ | 15.________ | 25.________ | 35.________ | 45.______ |
| 6.________ | 16.________ | 26.________ | 36.________ | |
| 7.________ | 17.________ | 27.________ | 37.________ | |
| 8.________ | 18.________ | 28.________ | 38.________ | |
| 9.________ | 19.________ | 29.________ | 39.________ | |
| 10.________ | 20.________ | 30.________ | 40.________ | |

**Qoph. B/Saa. Samaruu She Kamaal Bara (2013)**

**DABALEE-F**

**Yunivarsiitii Jimmaatti Koollejjii Saayinsii Hawaasaafi Humaanitiitti**

**Muumme Afaan Oromoofi Og-barruu**

**Af-gaaffii Barsiisota Afaan Oromoof**

Af-gaaffi Barsiisota Afaan Oromoo kutaa 12ffaa barsiisaniif dhiyaate

Deeggarsa qorannoo kanaaf taasiftaniif isinin galateeffadha.

Qorannon kun xiinxala dhihannaafi ga'umsa gaaffilee seerlugaa qormaata Xumuraa Barnoota Afaan Oromoo kutaa 12ffaa barsiisotaan mana barnootaa sadarkaa 2ffaa Aanaa Sokorruu digirii 2ffaa guuttachuuf qorannoo gaggeeffamudha. Deebiin isin gaaffiilee dhiyaataniif kennitan galma ga'iinsa qorannoo kanaaf murteessaadha.Akkasumas, qorannoo kanaaf deebiin isin kennitan icciitiin isaa eegamadha.

AjajaI. Odeefannoo Waliigalaa

Maqaa Mana Barumsaa ____________________________________________

Saala____________________________________________________________

Umurii__________________________________________________________

Sadadarkaa Barnootaa____________________________________________________

Barnoota Ittiin Leenji'e/te Ijoo______________________Aantee_________________

Muuxannoo Barsiisummaa Waggaa_________________________________________

Qajeelfama II. Haala Gaafatamteen Deebii Ifaafi Dhugoomina Qabu Afaaniin Dhiheessi.

1. Qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa sadarkaa mana barumsaatti qopha'an irratti ni hirmaattuu?
2. Qormaatnii xumuraa BAO kutaa 12ffaa barsiisotaan qopha'an eenyuufi akkamitti qophaa'u?
3. Qormaata xumuraa BAO kutaa 12ffaa yammuu qopheessitan maddoonnii gaaffiilee qormaataa maali? Ykn gaaffiileen kunniin eessaa walitti qabamu?

4. Adeemsa qophii qormaataa irratti waan hirmaataa turtaniif gaaffilee qormaataa yammuu filatamu qabiyyeewwan MBAO keessaa irra jireessaan isa kam irratti xiyyeeffatama?
5. Adeemsa qophii qormaata xumuraa BAO kutaa $12^{ffaa}$ irratti muuxannoon gabatee qabiyyeewwan qormaataa murteessituutti (Table of specification) fayydamuu irratti qabdanu maal fakkaata?
6. Ga'umsa gaaffiilee seerlugaa qormaata xumuraa BAO kutaa $12^{ffaa}$ ykn qabiyyeewwan qormaataa walsimannaan isaan qabiyyeewwan kitaaba barnootaa waliin qaban ilaalchisee wanti natti himtan jiraa?